

**XIINXALA DHIYAANNA HENNA: XIYYEEFFANNOO  
KITAABOTA BARATTOOTAA AFAAN OROMOO  
KUTAALEE 9<sup>FFAA</sup> fi 10<sup>FFAA</sup> BARA 2005 QOPHAA'AN**

**GUDDINAA ASAFFAA CIMDIITIIN**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN  
OROMOOFI OGBARRUU BARSIIISUU GAMISAAN  
GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN  
OROMOO, OGBARRUUFU FOOKILOORIIF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII  
KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA,  
JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI  
YUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**AMAJJII, 2014/2022**

**ADDIS ABABAA**

XIINXALA DHIYAANNAA HENNAA: XIYYEEFFANNOO KITAABOTA  
BARATTOOTAA AFAAN OROMOO  
KUTAALEE 9<sup>FFAA</sup> FI 10<sup>FFAA</sup> BARA 2005 QOPHAA'AN

GUDDINAA ASAFFAA CIMDIITIIN

GORSAA: AMAANU'EEL ALAMAAYYOO (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI  
OGBARRUU BARSIIISUU GAMISAAN GUUTTACHUUF  
QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII  
FOOKILOORIIF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII FOOKLOORII  
KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA,  
JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI  
YUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

AMAJJII, 2014/2022,

ADDIS ABABAA

**Yunivarsiitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa**

Waraqaan qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa(MA) Afaan Oromoo barsiisuuf gamisaan guuttachuuf mataduree: “Xiinxala dhiyaannaa hennaa: xiyyeeffannoo kitaabota barattootaa kutaalee 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> bara 2005 qophaa’an ” jedhu Guddinaa Asaffaatiin qophaa’e kun sadarkaa qorannoo Yunivarsiitii Addis Ababaa kan guute ta’uu nimirkaneeessina.

**Koree Qormaataa**

Qoraa alaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Qoraa keessaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Gorsaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

---

Itti gaafatamaa muummee yookaan Qindeessaa Sagantaa Barnootaa Digirii Lammaffaa (MA)

## Ibsa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras yunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhihaatiin ta'uusaa; akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbisee haala seera qabeessa ta'een fudhadhee, wabilee keessattis nan mirkaneessa.

Maqaa \_\_\_\_\_

Mallattoo \_\_\_\_\_

Guyyaa \_\_\_\_\_

## **Axereera**

*Kaayyoon qorannoo kanaa dhiyaannaa hennaa kitaabota barattootaa, Afaan Oromoo bara 2005 kutaalee 9fi10 qophaa 'an irratti adeemsifame. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas, ulaagaa qophii meeshaalee barnootaa keessaatti seerlugni dhiyaachuu qabuun kan xiinxalamedha. Malli qorannoo kanaa mala qorannoo akkamtaati. Maddi ragaa qorannichaa immoo, madda ragaa tokkoffaafi lammaffaati. Iddattoon qorannichaa mitcarraa keessaa hammargeetti dhimma ba'ame. Iddattoo filatame irraa ragaa walitti qabuuf ammoo meeshaalee funaansa ragaa sakatta'a kitaabaafi afgaaffiitti dhimma bahaamee jira. Ragaan argame mala qorannoo akkamtaan qaacceffamee ibsame. Ragaa kana irraas wanti hubatame dhihaannaan qabiyyee hennaa kitaabota barattootaa Afaan Oromoo kutaalee 9 fi 10 karaa guutuu ta'een kan hindhiyaanne ta'uu isaati. Dhiyaannaa hennaa qabiyyee dagaagsuu kutaadhaa kutaatti, ajajni gilgaalotaa tokko tokko ergaa ifaa dabarsuu dhabuun adda ba'eera. Akkasumas, tooftaan gilgaala shaakalsiisuu muraasa ta'uu, ajajoonni gilgaalaa barattoonni akka waliin hojjetaniif xiyyeeffannoon kenname xiqqaachuu, qabiyyeen shaakalaaf kenname salphaa irra gara walxaxaatti kan hindeemne ta'un isa biraati. Yaadannoon hennaa ibsuuf kenname bakka tokko tokkoitti ifa kan hintaaneefi bakka hundatti kan walhifakkaanne ta'uun adda ba'ee kaa'ameera. Kana malees, yaadannoofi fakkeenya hennaalee kenname keessa rakkoon jiraachuun adda baafame. Malli hennaan ittiin dhiyaate kutaa kurnaffaa keessatti hanqina qabaachuunis hubatameera. Kanarraa kan ka'e, dhihaannaan qabiyyee hennaa meeshaalee barnootaa kanneen keessatti dhiyaate ykn kitaabilee kanneen keessaa kan barattootaa haala gaariin hirmaachisuun hennaalee dammaqinaan akka baratan taasisu miti. Kanaaf, immoo falli kaa'amee jira. Kunis, dhihaannaan qabiyyee hennaalee kitaabota barattootaa Afaan Oromoo kutaalee 9fi10 boqonnaalee keessatti akkasuma, kutaadhaa kutaatti qabiyyeewwan gilgaala shaakalsiisuu, ibsa gooroofi gooreewwan hennaa, fakkeenya hennaalee, qabiyyee dagaagsuufi itti fufsiisuu qophii kitaaba birootiin xiyyeeffannoo keessa galuu akka qabu karaan agarsiifameera.*

## **Galata**

Hojii koo kana keessatti qaamolee gargaarsa naaf godhan hunda guddaan galateeffadha. Jalqaba irratti Waaqa uumaa, abbaa haqaa dursaa waan hundumaaf galatan dhiyeessa. Itti aansuun gorsaa koo Dr. Amaanu'eel Alamaayyoo, nuffii tokko malee hojii koo kana hamma dhumaatti fiixaan baasuuf garsa naaf kennaniif baay'een galateeffadha. Akkasumas gorsaafi kadhataan na cina dhaabbatee hedduu kan nagargaaraa ture tajajilaa Wangeelaafi Barsiisaa, Laggasaa Dirribaa oolmaa na biraa qaba. Itti dabaluudhaan, hiriyyottan koo Barsiisaa Tashoomaa Araarsaafi Barsiisaa Taarreqeny Gaddafaa Mana Barumsaa Sulultaa Sad. 2<sup>ffaa</sup> tii barsiisan yaadannoo addaa na biraa qabu. Akkasumas, nuffii tokko malee barsiisota Afaan Oromoo Mana Barumsaa Sulultaa Sad. 2<sup>ffaa</sup> gaaffii qorannoo kootiif ogummaa keessaniin ragaa naaf kennitaniif galatoomaan jedha. Dhuma irratti hiriyyaa koo Tirfeessaa, yeroon barnootaa kana barachaa ture deeggarsa kompiyutaraan na cina dhaabbate hedduun galateeffadha.

## **Jibsoo**

**Amsiqā/ Present Continuous Tense:** Gochaa yeroo ammaa kanatti itti fufinsaan raawwatamaa jiruufi raawwatamee kan hinxumuramne ta'uu agarsiisa.

**Gochaa Raawwatame/ Perfective Aspect:** Gochimoota dhamjecha yeroo darbee argisiisan fufatanii jiran.

**Gochaala/mood:** Buusaa gochimootaa haala himni tokko itti jedhamu (ajaja, eeyyammii, gaafii) agarsiisan.

**Gochaa Hinraawwatamne/ imperfective aspect:** Gochimoota dhamjechoota yeroo hinraawwatamne maxxanfatanii jiran.

**Haala Raawwii/ Aspect:** Gochimoota irratti fufamuun dhamjechoota haala raawwii agarsiisan.

**Hennaa Ammennaa/Simple Present Tense:** Gooree hennaa ammaa, gochoota akka dhugaa waliigala; gocha yeroo maraa; haala amma jiruufi kan biroo ibsuuf oolu.

**Hennaa Fuulduraa/Future Tense:** Gochaa gara fuulduraatti raawwatamu kan agarsiisudha.

**Hennaa/Tense:** Yeroo raawwii gochaa ibsuuf hima caaseffamudha.

**Muranaa/ Definite Future:** Gochaa gara fuulduraa raawwatamuunsaa hinoolle garuu yeroon itti raawwatamu kan hinbeekamne.

**Muranaala/ Indefinite Future:** Gochaa gara fuulduraa raawwatamuufi raawwatamuu dhiisuun mamii qabu.

**Raawawwima Ammeennaa/ Present Perfect Tense:** Gochaa yeroo darbe eegalee garuu yeroo ammaa waliin walitti hidhatee jiru ta'uu kan agarsiisudha.

**Raawaawwima Dabrennaa/ Past Perfect Tense:** Gochaa yeroo darbe keessa gocha biraa dursee raawwatamaa ture.

**Seerluga/Grammer:** Jechoonni afaan tokkoo akkataa itti waliin qindaa'uun hiika kennan kan ibsu.

**Tarsiqaa/Past Continuous Tense:** Gochaa yeroo darbe keessa itti fufinsaan raawwachaa ture.

## Baafata

## Qabiyyee

## Fuula

Axereera .....	i
Galata .....	ii
Jibsoo .....	iii
Baafata .....	iv
Baafata Fakkii .....	vii
Baafata Gabateewwanii .....	viii
<b>BOQONNAA TOKKO: SEENSA .....</b>	<b>1</b>
1.1. Ariirrata Qorannichaa .....	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa.....	4
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa .....	6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo .....	6
1.3.2. Kaayyoo Gooree.....	6
1.4. Faayidaa Qorannichaa.....	7
1.5. Daangaa Qorannichaa .....	7
1.6 Hanqina Qorannichaa.....	8
1.7. Qindoomina Qorannichaa .....	8
<b>BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU .....</b>	<b>9</b>
2.1. Xiinhima .....	9
2.2. Maalummaa Henna .....	10
2.2.1.Henna Ammaa/present Tense .....	12
2.2.1.1. Gooree Henna Ammaa/Kinds of Present Tense.....	12
2.2.1.1.1 Haala Caaseffama Ammeenna/ Simple present tense.....	13
2.2.1.1.2. Haala Caaseffama Amsiqaa/ Present Continuous tense .....	14
2.2.1.1.3.Haala Caaseffama Raawwima Ammenna/ Present Perfect Tense .....	17
2.2.2. Dabrennaa/ Past Tense.....	19
2.2.2.1. Haala Caaseffama Henna Tarsiqaa/ Past Continuous .....	20
2.2.2.2. Haala Caaseffama Ennaa Raawwima Darbeenna/ Past Perfect .....	20
2.2.3. Henna Fuulduraa/Future Tense.....	23
2.2.3.1. Haala Caaseffama Henna Muranaa/ Future definite .....	23
2.2.3.2. Haala Caaseffama Henna Muranaalaa/Future Indefinite .....	23
2.3. Caasluga Waliin Dubbii (Communicative Grammer) .....	25



2.4. Yaaxxina Afaan Dhalootaa ( Phonics Approach) .....	26
2.5. Tooftaa Qabiyyee Seerlugaa Dhiyeessuu ( Approach to Teaching Grammer) .....	27
2.5.1. Murtaa'aatii Gara Dimshaashaatti (Inductive Method) Dhiyeessuu .....	28
2.5.2. Dimshaashaa Gara Murtaa'aatti (Deductive Method) Dhiyeessuu .....	28
2.5.3. Haala Dhiheenya Adeemsa /Process Approach .....	29
2.5.4. Haala Dhiheenya Dandeettii/Skill Approach.....	29
2.5.5. Haala Dhiheenya Bu'aa /product Approach.....	29
2.5.6. Mala Seerluga Faayidaa Murtaa'aaf Dhiyeessuu .....	30
2.6. Meeshaalee Barnoota Afaanii.....	30
2.7. Ulaagaafi Seerota Qophii Kitaaba Barnoota Afaanii .....	31
2.7.1. Walitti Fufinsaafi Dagaagina Qabiyyee Seerlugaa Jiraachuu .....	34
2.7.1.1. Haala Walitti Fufinsiifi Dagaagini Qabiyyee Seerlugaa Ittiin Madaalamu .....	34
2.7.1. 2. Fayidaa Walitti Fufinsaafi Dagaagina Qabiyyee .....	35
2.7.2. Haala Qophii Gilgaalota Seerlugaafi Gosoota Gilgaalaa .....	36
2.7.2.1. Gilgaalota Odeeffannoo Hir'ate Guutuuf Dhihaataniifi Sababa Ibsuu Barbaadan.....	38
2.7.2.2. Gilgaalota Yaada Ofii Ibsuu Gaafatan .....	38
2.8. Sakatta'a Barruu Walfakkii.....	40
<b>BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO .....</b>	<b>43</b>
3.1. Saxaxa Qoronnichaa .....	43
3.2. Madda Ragaa.....	44
3.3. Iddattoofi Mala Filannoo Iddattoo.....	44
3.3.1. Kitaaba Barattoota Afaan Oromoo kutaa 9 <sup>ffaa</sup> fi 10 <sup>ffaa</sup> .....	45
3.3.2. Mala Filannoo Qabiyyee Hennaalee.....	46
3.3.3. Barsiisota Mana Barumsaa Sulutaa Sad. 2 <sup>ffaa</sup> .....	46
3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaa.....	46
3.4.1. Sakatta'a Kitaabota Barattootaa Afaan Oromoo .....	47
3.4.2. Afgaaffii Barsiisotaa.....	47
3.5. Adeemsa Ragaa Walitti Qabuu .....	48
3.6. Malleen Qaaccessa Ragaalee .....	48
<b>BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI IBSA RAGAALEE .....</b>	<b>49</b>
4.1. Odeeffannoo Seenduubee Kitaaba Barattootaa.....	49
4.2. Xiinxala Ragaalee Meeshaalee Adda Addaarraa Argamanii .....	49
4.2.1. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Dhiyaannaa Gilgaalaa Hennaalee Kitaaba Barattootaa.....	50
4.2.2. Ibsa Ragaalee Afgaaffii Barsiisotaa Dhiyaannaa Gilgaala Kutaa 9 <sup>ffaa</sup> fi 10 <sup>ffaa</sup> .....	58
4.2.3. Xiinxala Ibsa Ragaalee Dhiyaannaa Gilgaalaa Sakatta'a Kitaabaafi Afgaaffii .....	60

4.2.4.	Ibsa Ragaalee Walitti Fufinsa Qabiyyee Hennaalee Sakatta'a kitaabaa.....	61
4.2.5.	Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Dagaagina Qabiyyee Henna, Kitaaba Barattootaa .....	65
4.2.5.1.	Dagaagina Qabiyyee Hennaalee Kitaaba Kuta Salgaaffaa fi Kurnaffaa .....	65
4.2.5.2.	Dagaagina Qabiyyee Hennaalee Kutaadhaa Gara Kutaatti (Kutaa 9fi 10) .....	69
4.2.5.3.	Xiinxalaafi Ibsa Afgaaffii Dagaaginaafi Walitti Fufinsa Qabiyyee Henna .....	70
4.2.5.4.	Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Maddeen Lamaanii Dagaaginaafi Walitti Fufinsa.....	71
4.2.5.5.	Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Dhiyaannaa Unkaafi Tajaajila Dhamjechoota Hennaalee .....	72
4.2.5.6.	Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Afgaaffii Unkaafi Tajaajila Dhamjechoota Hennaalee.....	74
4.2.6.	Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Dhiyaannaa Caasaafi Unka Hennaalee Kitaaba Barattootaa.....	75
4.2.6.1.	Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Moggaasa Henna Ammeennaa Sakatta'a Kitaabaa .....	75
4.2.6.2.	Xiinxala Ragaalee Tajaajiloota Henna Ammeennaa Sakatta'a Kitaabilee Irraa <i>Argaman</i> .....	76
4.2.6.3.	Xiinxalaafi Ibsa Odeeffannoo Raawwima Ammeennaa Kitaabolee Barattootaa .....	77
4.2.6.4.	Xiinxalaafi Ibsa Odeeffannoo Henna Amsiqaa Kitaabolee Barattootaa .....	79
4.2.6.5.	Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Afgaaffii Dhiyaannaa Henna Ammaa.....	80
4.2.7.	Xiinxalaafi Ibsa Odeeffannoo Henna Darbeennaa Kitaaba Barattootaa.....	82
4.2.7.1	Ibsa Ragaalee Henna Tarsiqaa Kitaaba Barattootaa.....	83
4.2.7.2.	Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Henna Raawwima Darbeennaa Kitaaba Barattootaa .....	85
4.2.7.3.	Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Henna Darbeennaa Ragaa Afgaaffii Irraa Argame .....	87
4.2.8.	Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Henna Gara Fuulduraa Kitaaba Barattootaa .....	88
4.2.8.1.	Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Henna Murnaalaa Kitaaba Barattootaa .....	88
4.2.8.2.	Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Henna Murannaa Kitaaba Barattootaa .....	89
4.2.8.3.	Ragaalee Henna Murnaalaafi Muranaa Afgaaffii Irraa Argaman.....	90
4.2.9.	Mala Didaaktiivii Yookiin Indaaktiiviin Hordofuun Dhiyaachuu Henna .....	91
<b>BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, GOOLABAAFI YABOO .....</b>		<b>94</b>
5.1.	Cuunfaa .....	94
5.2.	Goolaba .....	96
5.3.	Yaaboo .....	97
<b>Wabiilee</b>	.....	<b>101</b>
<b>Dabaleewwan</b> .....		<b>105</b>

Fakkii: 1 Catoo hennaafii gosoota henna sadeen ..... 11

**Baafata Gabateewwanii****Fuula**

Gabatee (2.1) Haala caaseffama himoota ammennaafi unka dhamjechootaa.....	13
Gabatee (2.2) Haala caaseffama himoota hennaa amsiqaafi unka dhamjechootaa .....	16
Gabatee (4.1) Gosoota gilgaalota gos-hennaalee KBAO kutaa 9 <sup>ffaa</sup> .....	51
Gabatee (4.2) Gosoota gilgaalota Hennaalee KBAO kutaa 10 <sup>ffaa</sup> .....	55
Gabatee (4.3) Walitti Fufinsa qabiyyee hennaalee Boqonnaadhaa gara Boqonnaatti kitaaba barattootaa (9).....	62
Gabatee: (4.4) Gooroowwan Hennaalee Kitaaba Barataa Kutaa 9 <sup>ffaa</sup> .....	63
Gabatee (4.5) Sakatta'a Walitti Fufinsa Henna Boqonnaadhaa Gara Boqonnaatti (Kutaa 10) .	64
Gabatee (4.6) Dagaagina qabiyyee hennaalee boqonnaadhaa gara Boqonnaatti (Kutaa 9).....	66
Gabatee (4.7) Dagaagina qabiyyee hennaalee Boqonnaadhaa gara Boqonnaatti (Kutaa 10).....	68

## BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaa kana keessatti mata dureewwan ariirrata qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi qindoomina qorannichaatu tartiiban dhiyaate.

### 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Seerluga barsiisuun erga jalqabamee bubbulee jira. Dhufteen barnoota seerlugaa walitti bu'insa soona qo'annoo isa afaan dhalootaafi afaan lammataa yookiin afaan alaa gidduutti mul'ataa turedha. Seenaan ka'umsa seerluga barsiisuu kanaan walqabatee dhufe har'allee itti fufee jira. (Richards and Rogers, 2001). Akka hayyoonni afaanii ibsanitti, waggoota 500 dura Afaan Laatinii biyyoota dhihaa biratti afaan barnootaa, afaan daldalaa, afaan amantaafi afaan mootummaa ta'ee tajaajilaa ture. Jaarraa 18<sup>ffaa</sup> keessa afaanonni ammayyaa imaammata manneen barnoota Awurooppaa keessa galanii tajaajila kennuu eegalan. Adeemsi afaan barachuu yeroo kanaa barattoonni seera afaanii sammuutti akka qabatan affeera. Si'a kana, seerluga barsiisuun iddoo guddaa argatee ture. Haata'umalee, seerluga afaan dhalootaatti jijjiiranii dubbachuun waan ulfaataa ture.

Jaarraa 19<sup>ffaa</sup> keessa immoo, haalli afaan barsiisuu mala qo'annaa Laatinii bu'uureffachuun afaan alaa qo'achuuf qophaa'e. Kitaabonni yeroo sanaa seerluga bu'uureffatanii qophaa'aa turani. Hayyoonni akka Richardsfi Rogers akka ibsanitti, seera afaanii barsiisuun xiyyeeffannaa argatee barsiifamuu kan inni eegale walakkaa jaarraa kudha salgaffaa akka ta'e ibsu.

*...toward the mid-nineteenth century several factors contributed to a questioning and rejection of the Grammar-Translation Method. increased opportunities for communication among Europeans created a demand for oral proficiency in foreign languages. initially this created a market for conversation books and phrase books intended for private study, but language teaching specialists also turned their attention to the way modern languages were being taught in secondary schools. increasingly the public education system was seen to be failing in its responsibilities. in German, England, France, and other parts of Europe, new approaches to language teaching were developed by individual language teaching specialists, each with a specific method for reforming the teaching of modern language.*

Yeroo afaan mala jijjiirraa seerlugaa barsiifamaa turetti, kan jalqaba dhihaatee gadi fageenyaan xiinxalamuu eegale seerluga afaaniiti. Yeroo kana seerlugini kan barsiifamu dura seera afaanii tarreessanii barreessuun seerichatti dhimma bahuun gilgaalota jijjiiruun akka shaakalan

taasifamaa ture. Sababni isaas, kitaabonni seerlugaa waa'ee caasaafi seera afaanii osoo hintaane afaanichatti fayyadamuu barsiisu.

Itti fufuudhaan xinqooqni akka damee tokkootti jalqaba jaarraa 20<sup>ffaa</sup> keessa barsiifamuu itti fufuu eegale. Yaada kana ilaalchisuudhaan Richards & Rodgers, (2001:1) yoo ibsan "...language teaching came into its own as a profession in the twentieth century..." jedhu. Jaaraan ibsame kun yeroo barnoonni afaanii ogummaa mataa isaa danda'ee itti beekameedha. Yeroo kanatti seerluga barsiisuun karaa afaan barsiisuu isa guddaafi angafaa ta'ee fudhatamaa ture. Haata'u malee, caasaafi qaama afaanii birooof sadarkaa gadi aanutu kennameefii ture. Kun kan ta'eef beektonni akka dhiyeessanitti, seerluga afaan tokkoo beeknaan walii galteef oolchuun ni danda'ama yaanni jedhu bakka qabatee kan ture ta'uu isaa ibsu.

Yaanni kun bakka qabachuun isaa bara 1970 oota keessa mormii cimaa kaasuu eegale. Sababni falmii yeroo kanaa, dubbataan afaan tokkoo cimaa ta'uuf seera afaanichaa beekuu qofa osoo hintaane, haala seerichi waliigaltee dhugaa keessatti dhimma itti ba'amu beekuudha kan jedhu yaada hayyoota biroo tureera. Akka seera kanaatti seerluga waliigaltee keessa barachuutu barbaachisa. Yeroo walfalmisiisaa kana keessa, fuulleffannoon seerluga barsiisuu qofa irratti kennamee ture hir'achaa dhufe. Yeroo kanaa kaasee seerluga tooftaalee adda addaatiin barsiifamuu kan eegalame, hanga har'aatti itti fufee jira (Richard and Renandya, 2002).

Caasaaleen afaan tokkoo seera ittiin to'ataman qabu. Seerri kun immoo caasluga jedhama. Seerlugni caasaalee afaan tokkoo dhamsaga irraa kaasee hanga hika himaatti jiran kan to'atudha. Yaada kana itti dabaluudhaan Addunyaa (2012) yoo ibsu,

*...afaan tokko sadarkaa dubbii irra jiraannaan sagalee (phone), dhamsagaafi (phoneme) firsaga ni qaba. Kanaafuu, sirnaalee ximsagaafi xiinsagaatiin ni ilaalama jechuudha. Jechoonniifi himoonni seerota caasaa sadarkaa xiinsagaafi xiimsagaa bu'uureffatan jiraachuun immoo sirna xiinjechaafi xiinhimaatiif bu'uura ta'ee jira....sirnaaleefi seeronni kun hundi caasluga ilaallatu. Gara barreeffamaatti afaan guddates ta'ee, sadarkaa dubbii qofaarra kan jiru sirnoota kana waan qabuuf caasluga qaba jechuudha.*

Beektonni seerluga barsiisuun barbaachisaa akka ta'e itti waliigalu. Barattoonni beekumsa seerlugaa gaarii hinqaban taanaan dandeettii afaanii dagaagfachuuf hir'ina cimaa akka qaban eeru(Richards & Renandya,2002). Haaluma kanaan, yeroo ammaa kana seerluga barsiisuun xiyyeeffannaa akka qabu sirna barnoota afaanii keessatti ni mul'ata. Seerluga Afaan Oromoo barsiisuun Afaanichi afaan barnootaa erga ta'een as, kitaabolee barnootaa keessatti

hammachiifamuudhaan barsiifamaa jira. Akka barreessitoonni seerluga Oromoo ibsanitti, Afaan Oromoon caasaa ykn seera of danda'e qaba. Guddina afaanichaaf caasaa kana qorachuu, gabbisuufi beeksisuun barbaachisaa ta'a. Kana malees sirna barnootaa cimsuuf qorannoo irratti adeemsisuun gaariidha. Waltina afaanitiif ni gumaacha. Kanaaf, caasicha qorachuun hir'ina isaa guutaa deemuun barbaachisaadha yaada jedhu qabu (Abarraa, 1998).

Kitaabolee barnootaa keessatti, qabiyyeen seerlugaa barsiifamu hedduudha. Qabiyyeen seerlugaa dhiyaatu kamuu haala barataa ga'oomsuun dhiyaachuu qaba. Qabiyyeewwan seerlugaa barattootaaf dhiyaatan, ibsoonni, fakkeenyonni, ajajni gilgaalaafi gilgaalonni ifaafi kanneen hinmamsiisne ta'uu qabu. Iftoominni akka jiraatuuf ammoo haala dhiheenya duraa duuba eeggate, fakkeeniyota kan dabalate, qabxiilee gurguddoof xiyyeeffannoo kan kennuufi dhimmoonni mamsiisaa ta'uurraa walaba ta'an jiraachuu qabu (Harmer, 1987). Kanaan alas, gilgaalonni daree keessattis ta'ee akka hojii manaatti kennaman ajaja ifaa ta'e qabaachuu qabu. Gaaffileen gilgaalonni sun jalatti dhihaatan hunduu akkaataa ittiin hojjatamuu qaban ilaalchisee fakkeenyi ifa ta'e dhihaachuu qabu.

Kana qofa osoo hintaane, kan madaalamu ta'uun ulaagaa qabiyyeewwan seerlugaa sanaa haala walfakkaatuun dhihaachuu isaanii kan ilaallatuudha. Kunis ibsa ykn hiika itti kennameen, fakkeeniyotaan, baay'inaafi hamma qabiyyee kitaaba sanaa keessatti qabaniin walsimachuu qabu. Hayyoonni qabiyyeen seerlugaa haala kanaan dhiyaatu barattoonni seera afaanichaa karaa hiika qabeessa ta'een sirriitti beekuun sirnaan akka itti fayyadaman kan dandeessisu ta'uufi kaayyoo kana galmaan ga'uufis barnootichi unkaa, hiikaafi akkaataa galumsa afaanichaa kan hammate ta'uu ibsaniiru (Wilkins, 1980).

Haala kanaan qabiyyeen seerlugaa dhiyaatu tokko hennaadha. Hennaan qaama seerluga dhiyaatuu keessaa tokko ta'ee yeroo gochi itti raawwate, raawwatuufi raawwachuuf deemu agarsiisa. Getaachoo (2009) akka ibsetti, akaakuun hennaalee yemmuu dhiyaatan, himoota yeroo raawwii gochaa adda addaa ibsuuf caaseffaman jiraachuu ibseera. Gosa henna dhiyaatu keessattis, himoonni caaseffaman tajaajila henna/ gochoota akkam akkamii akka ibsan agarsiiseera. Kana malees, Abarraafi kaawwan (1998), hennaalee Afaan Oromoo tajaajila/ gocha akkam akkamii ibsuun danda'ama kan jedhu fakkeenya himaa waliin caasessuun agarsiisaniiru. Hennaan yemmuu caaseffamu unka dhamjechootaan deeggaramuun barbaachisaadha. Kun

immoo seera afaan tokkoo keessatti, yeroo gochi tokko itti ta'e, ta'u, ta'uuf jiru qaamni xinqooqaa agarsiisu isa kam akka ta'e, adda baasuun seera afaanichaa illee hubachiisuuf ga'ee guddaa qaba. Barreessitoonni seerluga Oromoo unka dhamjechoota hennaa Afaan Oromoo adda baasuun agarsiisaniiru. Fakkeenyaaf, Getaachoo (2009), unkaafi tajaajila dhamjechoota hennaa adda baasee ibsee jira. Walumaa gala unki dhamjechootaa hennaalee Afaan Oromoo ibsan adda ba'anii jiraachuu isaanii, akkasumas, moggaasni hennaalee ifaan 'hennaa ammaa, hennaa dhufuufi, hennaa darbe' jedhamuun kan qoodamu ta'uu isaa hubachuun nidanda'ama.

Bu'uuruma yaada kanaan kaayyoon qorannoo kanaas, haala dhiyaannaa haenna: xiyyeeffannoo qabiyyee dhiyeessuu kitaabota barattootaa Afaan Oromoo kutaalee 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> bara 2005 maxxanfaman xiinxaluu irratti fuulleffate. Gabaabinaan, qorannoon kun dhiyaannaa qabiyyee hennaa kitaaba barattootaa kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> xiinxaluu irratti xiyyeeffachuun gaggeeffame. Walumaagalatti qorannichi dhiyaannaa gilgaalotaa, dagaaginaafi walitti fufinsa qabiyyee, maleenya qabiyyee dhiyeessuu, akkasumas caasaafi unka hennaa dhiyaatee irratti xiyyeeffate.

## **1.2. Ka'umsa Qorannichaa**

Barumsa afaanii keessatti beekumsaafi itti fayyadama afaanichaa qixaan beekuuf haalli qophii meeshalee barnootaa baay'ee murteessaadha. Adeemsa baruufi barsiisuu bu'a qabeessa taasisuuf immoo, barsiisaan meeshaalee barnootaa adda addaatti dhimma baha. Meeshaalee barnootaa keessaa tokko kitaaba barnootaati. Brown (2000) akka ibsetti, kitaabni barnootaa kitaaba sirna barnootaa keessatti tajaajila kennudha. Kitaabni, barataan karaa garagaraa akka baratu gargaara. Ogummaan afaanii baratamuu qaban unkaa ittiin to'atamuu danda'anitti caccabsuudhaan haala itti baratamuuf qophaa'an; salphaa irraa gara cimaatti, beekamaarraa gara kan hinbeekamneetti tarreessuun dhihaachuu akka qabus ibseera.

Beektonni akka Richardsfi Renandya (2001) akka ibsanitti immoo, kitaabni barnootaa barsiisota muuxannoo barsiisummaa gahaa hinqabne qajeelchuudhaan gahee leenjistummaas nitaphata. Kana jechuun, kaayyoo silabasii barnootaa galmaan ga'uuf haala kitaaba barnootaa keessatti qindaa'een barsiisonni akka barsiisan taasisa. Gama biraatiin hayyoonni eeraman kunneen kitaabni barnootaa fayidaa hedduu qabaachuu eeraniiru. Kitaabni barnootaa caasaa sagantaa sirna barnootaa dhiheessuuf meeshaa isa bu'uuraati. Kanamalees, kitaaba barnootaa malee sagantaan barnootaa wiirtuu qabaachuu hindanda'u. Kitaaba barnootaan ala barattoonni sirna barnootaa haala bu'aqabeessa ta'een qindaa'ee argachuu hindanda'an. Kana jechuun, kaayyoon



afaan baratamuuf duraa duubaan qindaa'ee kitaaba barnootaatiin waan dhihaatuuf; barattootaaf caasaa sirna barnootaa bifa sirna qabuun dhiyeessuuf kitaabni barnootaa gahee bakka bu'insa hinqabne kan qabu ta'uusaati.

Bu'aan isaa inni biroon immoo, barnoota walfakkeessuuf gargaara. Kitaabni barnootaa barattoonni qabiyyee barnootaa walfakkeetaa akka baratan gargaara. Kana jechuun, barattoonni naannoo walirraa fagoo jiraatan illee qabiyyeen barnootaa kutaa sanaaf ta'u kitaaba barnootaatiin waan dhihaatuuf, sadarkaa barnoota isaaniitiin barnoota walfakkaataa akka baratan taasisa jechuudha. Qulqullina barnootaa eeguun kitaabni barnootaa akkaataa gaariidhaan qophaa'e yeroo hojiirra oolu barattoonni meeshaa barnootaa madaalameefi sadarkaasaa eeggateen barachuuf carraa argatu.

Qabiyyeewwan seerlugaa kitaaba barnootaa keessatti dhiyeeffaman keessaa tokko hennaadha. Hennaan qabiyyee beekumsa afaanii barsiifamuuti. Kitaabolee barnootaa keessatti hennaan yoo dhiyaatu hanqina irraa bilisa ta'ee dhiyaachuu qaba. Gosti seerlugaa kun yerootti gochaan tokko raawwatame agarsiisuuf kan gargaarudha. Hennaan Afaan Oromoo kitaabota barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> akka qabiyyee tokkootti haammatamee kan jirudha. Hennaan barachuun faayidaan isaa waa'ee tartiiba gochaaleen yeroo itti raawwatamaniin addaan baasanii kaa'uuf qofa osoo hintaane kallattiidhaan ta'uu baatus, waa'ee gochimootaa gochima muummeefi gochima tumsii akkasumas, waa'ee latiilee keessumaa latiilee hortee hundee gochimoota adda addaarratti fufamanii jiranii yeroo, saala, ramaddii, fi kkf biroo gosoota himaa hima baaqqee, hima dachaa, hima xaxamaa kana malees, karaa birootiin waa'ee ciroo barsiisuufillee gahee guddaa akka qabu, Margaa (2009) qorannoo isaa keessatti ibsee jira. Bu'uura yaada kanaan hennaan barsiisuun dandeettii seerluga biroo barattootni qaban gabbisuu keessatti gahee guddaa kan qabudha.

Qabiyyeewwan seerlugaa kitaabota barattootaa Afaan Oromoo irratti qorannoon kutaalee kanneen keessatti dhiyaatanii jiran keessaa haala qabatamaa jiruun yoo ilaallamu hennaan haalli caaseffama isaa, moggaasni maqaa gooroofi gooreewwaaniif kenname, dhamjechoonni hennaan yeroon walitti dhiyaatan adda baasuun yoo kan kaa'aman ta'an barataan waa'ee waan barsiifame sanaa hubachuu nidanda'a. Hubannoon qabiyyee barsiifamee irra dhaabachuudhaa barattoonni qorumsa deebisu. Akkasumas, gilgaala kenname haalaan hojjetu.

Ka'umsi qorannoo kanaas qorataan qabiyyee hennaalee kitaabolee lamaaniin yeroo barsiisaa turetti, haalli hennaaleen itti caaseffaman fakkeenya isaanii kan biraa waliin walfakkaachuu; ibsi hennaaleef kenname bakka tokko tokkotti ifa ta'uu dhiisuu gaaffii barattoonni kaasan irraa hubachuudhaan qorannoo irratti adeemsisuun rakkoo mul'atu qorannoodhaan ifa gochuuf fidhii guddaa horate. Gabaabinumaan, gaaffileen barattoota irraa maddaniifi rakkoon ofii adda baafate qorannoo gaggeessuuf ka'umsa guddaa ta'eera. Qoratichi dhimma kana akka ka'umsa rakkootti fudhachuudhaan henna qorannoo irratti adeemsisuuf carraa argateen fedhii horate. Akka waliigalaatti qorannoon kun gaaffilee armaan gadii deebisuuf kaayyeffame.

1. Tooftaaleen gilgaalota madaallii kitaabota barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti dhimma itti ba'aman akkamiin ilaalamu?
2. Kitaabota barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti dagaaginniifi walitti fufinsi qabiyyee henna maal fakkaata?
3. Caasaaleefi unka henna dhiyeessuu keessatti dhugummaafi qabatamummaan jiru maal fakkaata?
4. Henna dhiyeessuuf malli kitaabota barattootaa Afaan Oromoo keessatti dhimma itti ba'ame mala didaaktiivii moo indaaktiivii hordofe?

### **1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa**

Kaayyoon qorannoo kanaa, “Xiinxala dhiyaannaa henna: xiyyeeffannoo qabiyyee dhiyeessuu kitaabota barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> bara 2005 qophaa’an” jedhu irratti xiyyeeffate. Bu’uuruma kanaan kaayyoon qorannichaa kan gooroofi gooree jedhamee bakka lamatti qoodamee dhiyaatee jira.

#### **1.3.1. Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa dhiyaannaa henna, xiyyeeffannoo qabiyyee dhiyeessuutiin kitaabota barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> bara 2005 maxxanfame xiinxaluu irratti kan fuulleffatedha.

#### **1.3.2. Kaayyoo Gooree**

Kaayyooleen gooree qorannichaa kan armaan gadiiti.

- ❖ Tooftaaleen gilgaalota madaallii kitaabota barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup>fi 10<sup>ffaa</sup> keessatti dhimma itti ba'aman keessatti maal akka fakkatu adda baasuun ibsuu.
- ❖ Kitaabota barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti dagaaginniifi walitti fufinsi qabiyyee dhiyaate maal akka fakkatu ibsuu.

- ❖ Caasaaleefi unka hennaa dhiyeessuu keessatti dhugummaafi qabatamummaa jiru adda baasuun ibsuu.
- ❖ Hennaa dhiyeessuuf malli kitaabota barattootaa keessatti dhimma itti ba'ame mala didaaktiivii yookaan indaaktiiviin dhiyaachuu adda baasuun ibsuu.

#### **1.4. Faayidaa Qorannichaa**

Qorannoon kun hennaa Afaan Oromoo kitaabota barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> bara 2005 maxxanfaman irratti ragaalee argaman yaada hayyootaan walbira qabee xiinxala waan gaggeesseef qulqullina barnootaa keessumaa gama seerlugaan kitaabolee qophaa'aniif ga'ee guddaa qaba. Haaluma kanaan, bu'aaleen qorannoo kana irraa ni'argamu jedhamee yaadamus:

- ❖ Namoota qorannoo kana dubbisuuf carraa argataniif gargarba'insi dhamjechoota gooreewwan hennaa Afaan Oromoo keessatti isaan kam akka ta'an adda baasuun hubachuu akka danda'an taasisa. Qaamolee meeshaalee barnootaa qopheessaniif keessumaa qopheessitoota kitaabaa hennaa irratti hanqina jiru fooyyessuun, gahumsaan akka qopheessan ni gargaara.
- ❖ Namoota mataduree kanaafi caasaalee afaanii biroorratti qorannoo gadifageenyaan geggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'uun akka madda ragaatti tajaajiluu danda'a. Barsiisota Afaan Oromoofi barattoota qorannoo kana dubbisuuf carraa argatan kamiyyuu bu'aa qorannoo kana irraa argamuun kallattiin fayyadamoo ta'u.
- ❖ Qopheessitoonni kitaabota wabiilee hanqina gama hennaa mul'atan gama kanaan adda baasuun hennaa karaa adda ba'aa ta'een akka ibsan eeruu kenna. Walumaagalatti, qabxiileen asii olitti dhiyaatan kunneen bu'aalee qorannoo kanarraa argaman waan ta'aniif, qaamolee qorannoo kana dubbisaniif faayidaa ol'aanaa qaba.

#### **1.5. Daangaa Qorannichaa**

Qorannoo tokko gaggeessuuf rakkoon qorannoo bifa walfakkaataa ta'een kitaabolee adda addaa keessatti mul'achuu danda'a. Kitaabolee wabiis ta'ee kitaaba barnootaa keessatti bakki rakkoon dhibame hinjiru. Rakkoolee seerlugaan walqabatan kitaabilee Afaan Oromoo hunda keessa jiraachuu danda'u. Gosti seerlugaa kitaaba tokko keessatti mul'atu heddummachuu waan danda'uuf, altokkoon hunda irratti qorannoo adeemsisuun yeroofi baasii guddaa gaafata. Kanaafuu, qorataan qorannoo isaa kana milkeessuuf kitaabota barattootaa Afaan Oromoo jiran keessaa, kan kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> qofa fudhatee qorannoo adeemsiise.

## **1.6 Hanqina Qorannichaa**

Qorannoo kana gaggeessuu keessatti rakkooleen qoraticha quunnaman nijiru. Rakkooleen kunneen rakkoodhuma qorattoonni caasluga Afaan Oromoo biroo kitaaba barnootaa irratti hojjetan eeraa turan waliin walfakkaata. Hanqinni inni duraa kitaabolee wabii, seerluga Afaan Oromoon barreeffame bal'inaan argachuu dhabuudha. Kun immoo amaluma qorannoo seerluga Oromoo gaggeeffamu hundaa ta'ee mul'achaa jira. Sababiin isaas, qorannoo seerluga Oromoo irratti gaggeessuuf akka quubsaatti kitaaba sakatta'uun waan hindanda'amneefi. Haaluma kanaan qorataan yeroo qorannoo kana gaggeessaa turetti rakkoon inni hangafaa rakkoo qorannichaaf maddi kitaabaa barbaachisaa waan ta'eef kitaaboleen bal'inaan hennaa irratti barreeffaman dhibamuun isaanii rakkoo isa angafaa qorannoo qoratichaa ta'ee jira. Rakkooleen kunneen yoo jiraatanis, haala danda'amuun keessa darbee qorannicha gaggeesseera.

## **1.7. Qindoomina Qorannichaa**

Qorannichi boqonnaawwan gurguddoo shanitti qoodamee hojjetame. Boqonnaan tokko seensa qaba; kunis: ariirrata, ka'umsa, kaayyoo qorannichaa, faayidaa qorannoo, daangaa, hanqinaafi qindoomina qorannichaa fa'i. Boqonnaan lama sakatta'a barruu yoo ta'u; kun immoo, barruulee yaaxxinaafi barruulee walfakkii mata duree qorannoo gaggeeffamu kanaaf tumsuu danada'u jedhamee yaadametuu as keessatti haammatame. Boqonnaa sadaffaan mala qorannoo yoo ta'u; qaamolee akka (saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoo, mala filannoo iddattoo, meeshaalee funaansa ragaa, adeemsa ragaa walitti qabuufi mala qaaccessa ragaaleetu as jalatti haammachiifame. Boqonnaan arfaffaan qaaccessaafi ibsa ragaaleeti. Kutaa kana keessatti ragaalee sakatta'a kitaabaafi afgaaffii barsiisotarraa funaanamantu qaaceffame. Boqonnaa shanaffaan cuunfaa, goolabaafi yaada furmaataa/yaboodha. Mata-duree kana jalatti xiinxalaafi qaaccessa ragaaleerraa argannoowwan argaman duraa duubaan erga dhiyaatanii booda, argannoowwan kanneen irratti hundaa'uun qoratichi hanqinoota jiran furuuf wantoota fala ni ta'a jedhee yaade kutaa kana keessatti akka yaada furmaataatti dhiyaate.

## **BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU**

Boqonnaa kana keessatti yaaxxina qorannoo; hiika seerlugaa, fayidaa seerluga barsiisuu; hiika hennaa, gosoota hennaafi faayidaa hennaa; tooftaa dhiyaannaa hennaa kitaabota barattootaa keessatti qabu; haala qophii dhiyaannaa kitaabota barattootaa keessatti qabu; akaakuun hennaa kitaaba barataa keessatti haala akkamiin akka dhiyaatanii jiran sakatta'uun, akkamitti dhiyaachuu akka qaban yaadolee hayyootaa waliin walqabsiisuun duraa duubaan kan keessatti dhiyaatedha.

### **2.1. Xiinhima**

Xiinhimni saayinsii gareewwaan gooree xiinqooqaa keessaa tokko ta'ee isa jechootni walta'anii akkataa seera caasaa afaan sanaa eeguudhaan gaalee, ciroofi hima itti ijaaran kan qoratuudha. Akkasumas xiinhima jechuun gareewwan gooree xiinqooqaa keessaa tokko ta'ee, akkataa itti jechootni walfilatani caasaa isaanirra guddaa kanneen akka, gaalee, ciroofi hima ijaarratan saayinsii qoratuudha (Aronnof, 1976). Gochimoonni Afaan Oromoo tajaajila seerlugaa garagaraatiif ni horu. Hormaanni gochimaa (verb inflection) tajaajila caaslugaa kanneen akka koorniyaa (gender) haala raawwii (aspect) mormii (negation) gochaala (mood) wkkf fufachuuf dhamjechoota hortee barbaada. Fakkeenyaaf, tajaajila seerlugaa dhamjechoonni hortee hundee jechaatti maxxanan agarsiisan keessaa haalli raawwii (aspect) isa tokko. Haalli raawwii, waan raawwate, waan raawwatu ta'uu danda'a.

Addunyaa (2012:124) haala raawwii (aspect) fi yeroo raawwii (tense) Finch (2005) wabeeffachuun yoo ibsu, dhamjechoonni haala raawwii agarsiisan hundee jechaatti fufamuudhaan gochima jala galu jechuun ibse. Fakkeenyaaf, “a. Taasisaan fiige. b. Taasisaan fiigaa oola/ oole” himoota kana fakkaatan keessatti dhamjechoonni hundee {fiig-} jedhu irratti ida'amuun haala raawwii agarsiisan {-e} fi {-aa} yoo ta'an {ool-} hundee jechaa jedhu irratti immoo dhamjechi {-e} haala raawwii agarsiisuuf galtee jirti. Dhamjechoonni kunneen gocha raawwateefi hinraawwanne yeroo adda addaatiin: yeroo darbe, yeroo ammaafi yeroo dhufu walqabsiisuun gochimoota ta'umsaa irra galuun yeroo raawwii (tense) agarsiisu. Bu'uuruma kanaan jechoonni walfilachuun caasaa isaanirra guddaa ijaarrachuu keessatti himoonni yeroo raawwii (tense) adda addaa agarsiisan ni jiru. Haaluma kanaan kitaabota barattootaa kutaalee 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> keessatti mata dureen yeroo raawwii (tense) 'hennaa' jechuudhaan dhiyaatee jira. Kanaafuu mata duree ibsame kana irratti xiyyeeffachuun barreeffamoonni sakatta'amuun dhiyaatan.

## 2.2. Maalummaa Henna

Hiika henna irratti kitaaboleen garagaraa barreeffamaniiru. Kitaaboleen kunniin adda addummaa henna ibsaniin garaa gartummaan moggaasa gooroofi goorewwaan henna ni mul'ata. Kana jechuun, henna ilaalchisee moggaasa maqaa gara garaa kennuurratti adda addummaan kan jiru yoo ta'ellee yaadrimee isarraa eegaluun hayyoota afaanii gara garaan hiikkaan hundagaleessa ta'e itti kennameera. Fakkeenyaaf Rabbirraa, (2009:117) irraatti, hennaan yeroo raawwii gochaa akka agarsiisu ibsa. Hennaan Afaan Oromoo keessatti wayitii gochi tokko yookiin waatokko itti raawwatamu, raawwatamaa jiru, raawwatame, raawwatamee tureefi raawwatamuu qabu nutti hima, jechuun ibsee jira. Haaluma walfakkaatuun Getaachoo,(2005) kitaaba 'Furtuu' jedhu keessaatti akka ibsetti, hennaan gocha kanaan dura raawwatame, amma raawwatamuufi gara fuula duraatti raawwatamuuf adeemu kan ibsu ta'uu isaa addeessa. Yaanni hayyootaa kun hennaan akka walii galaatti yeroo raawwii gocha tokkoo kan seerluga afaan tokkoo yeroo raawwii gochaa agarsiisu ta'uu isaa akeeka.


Haaluma olitti ibsameen hennaan seerluga afaanii keessaa gosa tokko ta'ee kan yeroo gochi tokko itti raawwatame ykn raawwatamu agarsiisudha. Afaan Oromoo keessattis dhamjechoonni haala raawwii (aspect) agarsiisan xumura irratti mul'atu. Dhamjechoonni kunnin tajaajila qabaniin yeroo gochi tokko itti raawwate/henna darbe; yeroo gochi tokko itti raawwatamu jedhummo ennaa yeroo ammaa yookiin ennaa yeroo dhufuu agarsiisuuf kan gargaarudha(Abdulsamad, 1994). Hayyuun kun yeroo raawwii/henna akka ibsetti, "henna qaateefi henna fufaa" jechuun bakka lamatti qoodeera. Hennaan fufaa yeroo ammaa irraa kaasee yeroo raawwii fuulduraa kan ibsuuf ooludha. Akka ibsa kanaatti hennaan ammaa henna fuulduratti raawwatamu keessatti ilaalamee jira. Dhamjechoonni gosoota henna kanneen agarsiisan xumurarratti kan argaman ta'uu barreessitoonni biroon eeraniiru. Beekamaa, (1996:179) akka ibsetti, henna jechuun wayitii gochi tokko yookiin waa tokko itti raawwatamu, raawwatamaa jiru, raawwatame, raawwatamee tureefi raawwatamuu qabu nutti hima jechuun ibsee jira.

Gama biraan immoo, hennaan qaama seerlugaa ykn unka gochimaa bifa dhamjechaan ykn gochima gargaartuun yeroo gochaa agarsiisu akka ta'eefi , innis yeroon gochichaa yeroo darbe; yeroo ammaa ykn yeroo fuulduraa kan eerudha. Haregewain Abate (2008) immoo qorannoo ishee keessatti Maslov (1988) wabeeffachuun akka armaan gadiitti ibsiteetti.

*...both aspect and tense categories are closely related to time concepts. in contrast to tense, aspect is not a deictic category which locates the action/state in time. Aspect can be defined as the internal constituency of a situation without any explicit reference to the moment of speech. This category can generally be divided into perfective and imperfective aspects. While the perfective aspect views the situation as bounded temporally, the imperfective aspect “...views the situation not as a bounded whole, but rather form within, with explicitly reference to its internal structure.*

Gabaabinumaan, hennaa ilaalchisee hiikkaan/ibsi kenname hayyoota garagaraatiin kennameera. Barreessitoonni seerluga Oromoo muraasni lamaan yoo kaa’an, baay’een isaanii bakkee sadiitti qooduun kaa’aniiru. Maalummaa hennaa irratti ibsa jiru, hennaan/ yeroo raawwii, dhamjechoota haala raawwii (aspect) agarsiisaniin hiika argata. Gosoota hennaa Getaachoo, (2009) akka ibsetti, hennaan yeroo raawwii gochaa ta’uu isaa ibsuudhaan moggaasa gooroowwan kanneenii haala guguddoo sadii: hennaa ammaa, henna dhufuufi hennaa darbeen moggaaseera. Itti dabaluun, Filee (2015:180) “Yeroo darbe, yeroo ammaafi yeroo fuulduraa,” jechuun bakka sadiitti qoodeera. Mitikkuufi Tashoomaan (1992), gosoota hennaa kanneen haaluma kanaan qoodaniiru. Rabbirraa, (2009) hennaa yoo ibsu, gocha yeroo darbe ‘dabrennaa’ kan gocha ammaa ibsu immoo ‘ammeenna’ yoo jedhu, gocha gara fuulduraatiif moggaasni addatti kaawwame jiraachuu yoo baates, gooreewwan akka ‘murannaafi muranaala’ jedhuun kaa'e. Moggaasni kun kan kitaaba barattootaa qorannoon kun irratti adeemsifamaa jiru waliin walfakkaata. Waliigalatti himoota yeroo raawwii/hennaa bakka sadiitti qoodaman haala armaan gadiin ibsuun ni danda’ama.

**Fakkii: 1 Cattoo Hennaafi Gosoota Hennaa Sadeen**



Catoon armaan olii hennaan goroowwaan guguddoo sadiin ibsamuu danda'uu isaanii hubachiisa. Goroowwan guguddoo hennaa ilaalchisee hayyoonni haala kanaan kaa'anis, moggaasni maqaa goroowwan kanneeniif kenname tokko miti. Fakkeenyaaf, gosoota hennaa Getaachoo, (2009) akka ibsutti, hennaan yeroo raawwii gochaa ta'uu isaa ibsuudhaan moggaasa goroowwan kanneenii haala guguddoo sadii: hennaa ammaa, henna dhufuufi hennaa darbeen moggaaseera. Itti dabaluu, Filee (2015:180) "Yeroo darbe, yeroo ammaafi yeroo fuulduraa," jechuun bakka sadiitti qoodeera. Mitikkuufi Tashoomaan (1992), gosoota hennaa bakka gurguddoo kanneen haaluma kanaan qoodaniiru.

Karaa biraan immoo Rabbirraa, (2009) moggaasa goroowwan hennaa haala adda ta'een kaa'eera. Barreessichi hennaa yoo ibsu, gocha yeroo darbe 'dabrennaa' kan gocha ammaa ibsu immoo 'ammeenna' yoo jedhu, gocha gara fuulduraatiif moggaasni addatti kaawwame jiraachuu yoo baates, gooreewwan akka 'murannaafi muranaala' jechuun kaa'a. Moggaasni kun kan kitaaba barattootaa qorannoon kun irratti adeemsifamaa jiru waliin walfakkaata.

### **2.2.1.Hennaa Ammaa/present Tense**

Hennaa ammaa barreessitoonni seerluga Oromoo haala adda addaan ilaalu. Mitikkuufi Tashoomaa,(1992) "*Ennaa Ammaa*" jechuun ibsan. Beekamaa, (1996) "*Yeroo Ammee,*" jechuun ibse. Filee, (2015), "*Yeroo Ammaa*" jechuun ibse. Barreessitoonni ammeennaan gocha amma raawwatamaa jiru ykn yeroo mara dhugaa ta'e ykn yeroo maraa raawwatamu, gara fuulduraa raawwatamuuf jedhu kan mul'isu ta'uu ibsaniiru. Hennaan ammaa hala adda addaan gooreewwanitti qoodamuun barreessitootaan kaa'ameera. Fakkeenyaaf, amsiqa/present continuous/ ammee baaqqee/simple present/ raawwima ammenaa/present perfect tense/ jechuun qoodamaniiru. Akkawaliigalaatti, hennaan kun tajaajila inni qaburraatti hundaa'uun gocha yeroo ammaa raawwatamu; raawwachaa jiru; akkasumas, reefuu raawwatamee jiru agarsiisuuf; kan gargaarudha jechuun tajaajila inni kennu lafa kaa'uun ni danda'ama. Akka yaada hayyootaatti hennaa ammaa haala armaan gadiin ibsuun nidanda'ama.

#### **2.2.1.1. Gooree Hennaa Ammaa/Kinds of Present Tense**

Gooreewwan hennaa kanaa barreessitoota seerluga Oromoo biratti bifa adda addaan ibsamaniiru. Moggaasa maqaa gosoota hennaa kanaa ilaalchisee garaagartummaan jiraatus tajaajila inni qabu



karaa adda addaan moggasuun ibsi kennameera. Hayyuuleen seerluga Afaan Oromoo unka hennaa kanaa ibsaniiru. Abarraafi kaawwan, (1995) “*Ammeennaa, Amsiqaaifi Raawwima Ammeennaa,*” jechuun kaa’anii jiru. Beekamaa (1996) ammoo, “*Yeroo Ammee Baaqqee, fuftuufi qaatee dhihoo,*” jechuun qoodeera. Mitikkuufi Tashoomaa (1992), “*Ennaa gocha yeroo ammaa agarsiisu , ennaa gocha reefuu raawwatame agarsiisufi gocha amma raawwatamaa jiru,*” jechuun qoodanii jiru. Walumaagalatti, akka ibsa hayyootaatti himoonni yeroo raawwii gochaa ammaa ibsuuf oolan haala adda addaan caasessuun agarsiisaniiru.

### 2.2.1.1.1 Haala Caaseffama Ammeennaa/ Simple present tense

Hennaan kana moggaasa ‘ammee baaqqee’ jedhuun kan moggasan jiru. Hennaan kun gocha yeroo ammaa raawwatamu agarsiisuuf kan gargaaru gama tajaajila ykn faayidaa inni ooluufiin yoo xiinxalame malee, caasaan qofa yoo ilaalame hennaa dhufu waliin walfakkata jechuun ibsaniiru (Getaachoo , 2009). Haaluma walfakkaatuun, Mitikkuufi Tashoomaa, (1992), Filee, (2015) akka ibsanitti, haala caaseffama isaatiin yoo ilaalamu, hennaan gocha yeroo ammaa agarsiisuufi ennaan gocha yeroo dhufu agarsiisu walfakkata jechuun ibsaniiru. Fakkeenyaaf, hima ‘Inni nifiiga’ jedhu yoo fudhanne, gocha yeroo ammaa dhiyootti raawwatu ta’uu danda’a. Kana malees, gochaa fuulduratti raawwatu agarsiisuu nidanda’a jechuun ibsaniiru. Dabalataan, dhamjechootni hennaa ammennaa ta’uu agarsiisan immoo, {ni...a}, {ni...i}, {ni...u /ni...ø} ta’uu ibsu (Mitikkuufi Tashoomaa,1992:55, Geetaachoo, 2009). Tajaajila dhamjechootaas fakkeenya waliin yoo ibsan walumaagala caaseffama hima ammee baaqqee gabatee armaan gadii keessatti gabaabinaan dhiyeessuun ni danda’ama.

Gabatee (2.1) Haala caaseffama himoota ammennaafi unka dhamjechootaa

Lakk	Caasaa hima ammennaa	Unka dhamjechoota hennaa ammennaa		
		Saala	Ramaddii	Hennaa
1	Inni amma ni dhufa	{∅}	{∅}	{-a}
2	Ani amman dhufa	{∅}	{-n }	{-a}
3	Lubbu qabeeyyii bishaan ni barbaachisa	{∅}	{ ∅}	{-a}
4	Ati amma deemta	{∅}	{-t}	{-a}
5	Tolashiin ganama ganama ni fiigdi	{∅}	{-t}	{-u}
6	Isaan bor ni dhufu	{∅}	{∅}	{-u}
7	Isheen gammaddeetti	{-t}	{-t }	{-i}

Gabatee armaan olii kanarraa wanti hubannu himootni adda addaa bifa kanaan kan dhiyaatan yoo ta'e gochibsoota gara garaa dabalachuudhaan ammee dhiyoo akka agarsiisanu hubatama. Agarsiistonni gochibsii yeroo waliin deeman yoo dhiy aatan gosa hennaa kanaa addaan baasuun nama hinrakkisu. Kanaafuu gochibsoonni hennaa kana hennaa dhufu irraa adda baasuuf xumurtoota waliin hima keessa jiraachuun barbaachisaa akka ta'e hubachiisa. Haata'u malee barreessitoonni tokko tokko dhamjechoonni akka 'ni...nan...' jedhan dhamjechoota ramaddii, saala, henna agarsiisan waliin galuu akka qaban ibsaniiru (Getaachoo, 2009). Yaanni kun immoo dhamjechoonni {ni...nan} jedhan hennaa kana qofa osoo hintaane hennaa dhufu keessatti illee jijjiirama akka hinfinnetu mul'ata.

Walumaagala haala hennaa ammennaa ilaalchisuun hayyoonni seerlugaa shakkii qaban ka'aniiru. Kunis hennaa kana caasessuu keessatti walitti bu'insa hennaa gara fuulduraa waliin qabaachuu isaati. Yaanni kun himoota hennaa kana ibsuuf caaseffaman yoo ilaallee ragaan inni hennaa gara fuulduraa waliin waliitti bu'insa qabaachuu agarsiisuun ragaa himoota hennaa kana ibsuuf gabaticha keessatti akka fakkeenyaatti ibsaman keessaa ja'affaa irratti fakkeenyi kenname ragaadha. Hennaalee afaan Oromoo ibsuuf bu'uurri dhamjechoota haala raawwii ibsan kan raawwateefi hinraawwanne agarsiisuuf ooluu isaanii yaada hayyootaa irraa hubachuun ni danda'ama.

Haala raawwii (aspect) ibsuuf xumurtoonni bifa lama qofa erga qabaatanii hennaan ammaa afaan Oromoo keessa jiraachuun isaa amansiisaa miti. Kanaaf immoo ragaan dhamjechoota haala rawwii agarsiisan gochaan tokko amma irraa kaasee kan gara fuulduraa kan agarsiisu malee yeroo ammaa ibsuuf hennaa nuti fayyadamnu gocha hinraawwatamne agarsiisanidha. Yaada kana kan tumsu Abdulsamad (1994) hennaa Afaan Oromoo keessatti ' hennaa itti fufeeysaa fi hennaa darboo' jechuun karaa lama qofaan ibsee jira. Kanaafuu, unki dhamjechoota haala raawwii fuuldura ibsan fufachuun caaseffamuu isaanii irraa kan ka'e hiika dabarsaniin hennaan ammaa ibsuuf unki ka'ame amansiisaa miti.

#### **2.2.1.1.2. Haala Caaseffama Amsiqaa/ Present Continuous tense**

Moggaasa maqaa isaarratti garaagartummaan jiru akkuma jirutti ta'ee, maalummaa isaa ilaalchisee kallattii adda addaan ibsi itti kennamee jira. Amsiqaan gocha hinraawwatamne ykn

yeroo gabaabaafis ta'ee yeroo dheeraaf raawwatamaa jiran mul'isa. Gocha yeroo ammaa raawwatamaa jiru kan ibsudha. Gochi amma raawwatamaa jiru kun yeroo gochi itti raawwatus ammuma waan ta'eef gochichi raawwatamee hinxumuramne jechuudha (Geetaachoo, 2009, Abarraafi kaawwan, 1995, Filee, 2015).

Haaluma kanaan, Takele, (2008:147). *“The present continuous tense is the action that is happening/taking place/going on at the time of speaking /around now,at this moment,at this minutes,”* jechuun ibsa. Yaada armaan olii kanarraa wanti hubannu, gosa henna amsiqatiin gochaa yeroo ammaa kana dubbatamaa jiru keessatti itti fufinsaan raawwatamaa jiru kan ittiin ibsinu ta'uu isaati.

Dhamjechootni gosa hennaa kanaa caasessuuf oolan {-aa} n' xumura muummeerratti maxxanee galu, itti fufaatii gocha tokkoo agarsiisa. Xumurri gargaartuun {jir-} ammoo, yeroo ammaa agarsiisa. Dhamjechootni kunniin lamaan walitti gochaa yeroo ammaa adeemsifamaa jiru agarsiisuuf oolu. Gosti hennaa kanaa gochimoota lama lama (gochima muummeefi gochima tumsii) kan of keessaa qabu ta'ee, tajaajila dhamjechoota gochimoota kanneen irratti fufamanii jiranii ilaalchisee garuu, kan gochima muummeerra jiru dhamjechi {-aa} n gochaa fufaatii agarsiisuuf kan tajaajilu ta'uun ibsamu (Mitikkuufi Tashoomaa, 1992). Ta'us, kanneen gochima tumsiirratti fufamanii argaman {-a, -i, -u' } n ammoo tajaajilli isaan qaban dagatamera.

Yaaduma kana fakkeenyaan babal'isuun barreessitoonni biroon hennaa kana ibsaniiru. Fakkeenyaaf, hima,“ a. *Ani laaqana koo nyaachaan jira.* b. *Sutumeen barreessaa jirti.*” jedhu keessa caasessu agarsiisuu keessatti, xumurri argamu lama. Kunis xumura muummeefi xumura gargaaraan ijaaraman. dhamjechichi hundee xumura muummeerra irra jiru {-aa} gocha fufaatii agarsiisa. Xumura gargaaraa {jir-} jedhu keessatti hundeen kun xumura muummeerra waliinta'uudhaan raawwii ammee mul'isuuf gargaara. Dhamjechi {-a} hennaa agarsiisa. dhamjechi {-t} jettu immoo ramaddii 3<sup>ffaa</sup> keessatti, gocha kan raawwate saala dhalaa qeenxee ta'uu agarsiisti (Abarraafi kaawwan, 1995:83).

Ibsa armaan olii kanarraa wanti hubannu, tajaajila dhamjechoota hundee gochima gargaartuurratti hennaa agarsiisuuf fufamanii ibsuurratti kan dhamjecha {-a} qofti sirnaan

ibsamee jira. Kan dhamjechoota {-i}fi {-u} ammoo hinibsamiin hafuutu mul'ata. Hanqinni kun ammoo caaseffama unkaa hennaa kanaa caasessuu keessattis mul'ateera. Seera hennaa amsiqaa, wixina gochimaa {-aa} + wixina xumura gargaartuu {jir-} + {-a/ø} qofaan kaa'ame.

Haata'umalee, tajaajilasaan caasaa himoota hennaa ijaaruuf qaban keessatti haala qabatamaa jiruun adda baafamuun ilaalamuu nidanda'u. Dhamjechoota kanneen qofa osoo hintaane, dhamjechi {-i}n ramaddii sadaffaa qeenxee keessatti saala dubaraa waliin hiriiruun xumura gargaaraa irratti fufamtee, akkasumas, dhamjechi {-u}n ammoo ramaddii 2<sup>ffaa</sup> fi 3<sup>ffaa</sup> danuu waliin xumura gargaaraa irratti fufamuun gochaa ammaa ta'uu agarsiisu. Walumaagala, ibsoota armaan olii kanarraa wanti hubannu, hennaan amsiqaa xumuroota lama qaba. Kunis, xumura muummeefi xumura gargaaraati. Kutaan xumura muummee gochaa fufaati agarsiisuurratti adda addummaa kan hinqabne ta'uutu mul'ata. Kun ta'ee garuu, kutaan xumura gargaartuu hennaa ammaa kan agarsiisu ta'us, tajaajila dhamjechootaa kan gochima tumsiirra jiranii addaan baasanii ibsuurratti garuu guutuu kan hintaane ta'uutu mul'ata. Gabaabinaan tajaajila mul'ataa dhamjechootni kunneen qaban irratti hundaa'uun unka hennaa amsiqaa haala gabatee armaan gadiin kaa'uun nidanda'ama.

Gabatee (2.2) Haala caaseffama himoota hennaa amsiqaa fi unka dhamjechootaa

Lakk	Caasaa hennaa amsiqaa	Unka dhamjechoota hennaa amsiqaa		
		Saala	Ramaddii	Hennaa
1	Inni amma barreessaa jira	{Ø}	{Ø}	{-a}
2	Ani amma barreessaan jira	{Ø}	{-n}	{-a}
3	Nuyi amma barreessaa jirra	{Ø}	{-n}	{-a}
4	Ati amma barreessaa jirta	{Ø}	{-t}	{-a}
5	Isin amma barreessaa jirtu	{Ø}	{-t}	{-u}
6	Isaan amma barreessaa jiru	{Ø}	{Ø}	{-u}
7	Isheen amma barreessaa jirti	{-t}	{-t}	{-i}

Gabatee armaan olii kanarraa wanti hubannu himootni adda addaa bifa kanaan kan dhiyaatan yoo ta'e akkuma ammee baaqqee gochibsoota gara garaa dabalachuudhaan amsiqaa akka agarsiisantu hubatama. Agarsiistonni gochibsii xumura muummeefi gargaaraa yeroo waliin deeman yoo dhiyaatan gosa hennaa kanaa addaan baasuun akkuma isa duraa kan salphatu ta'a. Kanaafuu

gochibsoonni hennaa kana kanneen biroo irraa adda baasuuf xumurtoota waliin hima keessa jiraachuun barbaachisaa akka ta'e hubachiisa. Fakkeenya hennaalee caaseffamanii keessatti dhamjechoota haala raawwii fufaa (perfective aspect) kan agarsiisu hundee xumura muummee irratti {-aa} jedhudha . hundee xumura gargaaraa {jir-} jedhu irratti {-a-i-u} jettu kan raawwii ammaa mul'istudha. himaa sadaffaa irratti dhamsagni /r/firoommitiidhaan, dhamsaga /n/ iddoo gadhisise. Kanaafuu {-n} ramaddii 1<sup>ffaa</sup> danoomaa agarsiisti.

Walumaagala haala caaseffama hennaa tarsiqaa ilaalchisee kan barreessitoonni ibsaniifi ragaan kan walfaallessu miti. Haala caasaa kana qofaan osoo hintaane agarsiistonni gochibsa yeroo amman walqabatu agarsiisan jiraachuun murteessaadha. Kanaafuu hennaa Amsiqaa = hundee xumura muummee + dhamjecha {-aa} + hundee xumura gargaaraa {jir-} + dhamjecha hennaa {-a/-i/-u/ø} jechuun dimshaashessuun nidanda'ama.

### **2.2.1.1.3.Haala Caaseffama Raawwima Ammenna/ Present Perfect Tense**

Maalummaa hennaa kanaa ilaalchisee hayyoota adda addaan ibsi kennameera. Akkuma gosoota hennaa kanneen biroo kunis moggaasa maqaa adda addaa qaba. Beekamaa (1996) “*Yeroo qaatee dhiyoo*” jechuudhaan moggaaseera. Geetaachoo, (2009), “Yeroo amma reefuu raawwatame,” jechuun moggaaseera. Rabbirraa (2009) immoo, “*Raawwima ammenna*,” jechuun moggaaseera. Tajaajilaan gooreen hennaa kun waan yeroo darbe keessa jalqabamee raawwatame, karaa tokko tokkoon ammoo haala amma wajjin walqabata qabu agarsiisa. Haata'u malee, gochi raawwatame yoom akka jalqabame hinagarsiisu. Haragaawwiyaan (2008) qorannoo ishii keessatti hennaa kana akka armaan gadiitti ibsiteetti;

*The present perfect tense of a verb tells about something that happened at some indefinite time in the past. The simple past tense of a verb is one word, but the present perfect tense of a verb must have the word have or has with the past participle (V3)...The present perfect tense refers to an action which began at some time in the past and is going on up to the present moment or has just been completed...The action began in the past continues up to the present time.*

Yaada kana irraa wanti hubannu gochaan hennaa kanaa yeroo darbe keessa eegalee garuummoo hanga yeroo ammaatti itti fufee kan jiru ykn kan reefuu xumurame ta'uusaati. Itti dabalees, gochaan hennaa kanaa yeroo darbe keessa kan eegale ta'ee garuummoo hanga yeroo ammaatti kan itti fufe ta'uusaa akeeka. Himni raawwima ammenna xumurtoota lama qaba. Xumurtoonni kunneen xumura muummeefi xumura gargaartuuti. Xumurtoota muummee himoota kanneeniitti,

dhamjechi hennaa darbe agarsiisu {-e} nimaxxana. Dhamjechi kun gochaawwan kunniin yeroo darbe keessa raawwatamuu isaanii agarsiisa.

Xumura gargaartuun {jir-} jedhu immoo gochaawwan kunniin reefu raawwatamuusaanii agarsiisa(Geetaachoon, 2009, Mitikkuufi Tashoomaa, 1992:55). Akka ibsa isaaniitti fakkeenyaaf, himoonni, “Inni biyyaa deemee jira/deemeera; Ati biyyaa deemtee jirta/deemteerta; Ishiin biyya deemtee jirti/deemteerti; Isaan biyyaa deemanii jiru/deemaniiru; Nuti biyya deemnee jirra/deemneerra.” Jedhan keessatti caaseffamni hennaa kun mul’achuu kan danda’u ta’uu isaa ibsamee jira. Barreessitoonni kunneen akka ibsanitti hennaan kun gochaa reefu raawwatame agarsiisuufi xumurtoota lama qabaachuu qofa osoo hintaane xumurtoonni kunniin haala caaseffama gosoota hennaa kanneen biroorraa ittiin adda ta’an qabaachuu isaaniiti.

Dabalataan immoo, hennaa kana keessatti haala xumurtoonni lameen ittiin caaseffaman ibsamee jira. Fakkeenyaaf, hima “ a. Mucaan deemee jira. b. Dureettiin dhuftee jirti.” Jedhuuf hima jalqabaa keessatti, hundee gochimaa {deem-} jedhurratti dhamjechi {-e}, xumura gargaartuu {jir-} jedhurratti ceestuu {-e}n fufamee raawwima ammeennaa ifaan mul’isa. Isa itti aanu keessatti immoo, hundee xumura muummeerratti dhamjechi {-e}n fufamee haa argamu malee xumura gargaaraa {jir-} jedhurratti dhamjechi {-t}naayummaa kan agarsiistu ta’uufi ramaddii 3<sup>ffaa</sup> tiif dhaabachuu ibsaniiru. Dhamjechi {-e}n gochima muummeerratti, {-a}n gochima gargaartuu irratti fufamanii raawwima ammeennaa mul’isu, jechuun ibsu. Kanas, haala seerri hennaa kanaa ittiin caaseffamu keessatti cimsanii yoo kaa’an, hundee gochima muumme + {-e}+ hundee xumura gargaartuu{jir-}+ {-a/} bifa qabuun ibsu (Abarraafi kaawwan, 1995:85).

Walumaagala, xumuroota raawwima ammeennaa agarsiisan keessatti tajaajila walfaanommii hundee xumuroota kanneeniifi dhamjechoonni isaanii jiraachuudha. Caaseffamni seera hennaa kanaas, hundee xumuroota lameeniifi dhamjecha {-e} kan hennaa darbe agarsiiftu akkasumas, dhamjecha {-a} hundee xumura tumsii waliin ta’uun ammeennaa kan agarsiistu ta’uun tartiibaan kan ibsaman yoo ta’ellee tajaajilli dhamjecha {-u} kan ramaddii lammaffaafi sadaffaa danuu keessatti argamu hinibsamne. Akkasumas, tajaajilli dhamjecha {-t} kan saala dhalaa ramaddii 3<sup>ffaa</sup> qeenxee agarsiisuuf tajaajilu akka ramaddii agarsiisuutti ibsame. Fayidaan dhamjecha {-i} kan hundee xumura gargaaraa {jir-} jedhu waliin ta’uun ammeennaa agarsiistu,

akka waan saala agarsiistuutti ibsamte. Kana qofa osoo hintaane hennaa kana haala kanaan caasessuun henna darbe wajjin garaagartummaa waan uumu miti. Kanaafuu agarsiistonni yeroo gochimoota kana waliin hiriiruun dirqama ta'a jechuudha.

### 2.2.2. Dabrennaa/ Past Tense

Hennaan darbe kan ammaafi kan dhufu irraa adda addummaa qaba. Gosoota hennaa darboo barreessitoonni seerluga Afaan Oromoo karaa adda addaan ibsaniiru. Ibsi isaanii moggaasa isaa irratti garaagartummaa qabaachuu mala. Moggaasaafi unka hennaa kanaa barreessitoonni akka armaan gadiitti ibsaniiru. Mitikkuufi Tashoomaa, (1992) hennaa kana yoo ibsan gocha yeroo darbe raawwatame kan ibsu ta'uu addeessuun, gooreewwanitti qoqqooduun ibsaniiru. Hennaan darbe, hennaa gocha yeroo darbe ibsu, hennaa darbe keessa gocha gocha biraa dursee raawwatamee (rawwima darbennaa) gocha ennaa darbe raawwatamaa ture (tarsiqa) jechuun qoodaniiru. Abarraafi kaawwan, (1995:88) yoo ibsan, "Dabrennaa, tarsiqaaifi raawwima dabrennaa," jechuun qoodaniiru. Beekamaa, (1996) "Yeroo Qaatee Baaqqee, Qaatee Fuftuufi Qaatee Duree," jechuun qoqqoodeera. Akkuma yaada kana irraa hubannutti, haala moggaasaa irratti garaagartummaan yoo jiraates, unki hennaa kanaa jiraachuu irratti barreessitoonni seerluuga Afaan Oromoo waliigalu. Gabaabinaan himoonni hennaa darbe ibsuuf gochaafi yeroo darbe agarsiisaniin qindaa'an gocha yeroon ibsamu irratti hundaa'uun haala adda addaan qoodamee kan ilaalamu ta'uu agarsiisa.

Hennaa reefuu raawwatee darbe (Simple Past) gooroo hennaa darbennaa jalatti kan ilaalamudha. Hennaa reefuu raawwate moggaasa adda addaa argateera. Beekamaa, (1996) "Qaatee aaqqee" jechuun ibse. Uunkaafi caasaa hennaa kanaa Abarraafi kaawwan (1995) immii 'dabrennaa' dhuma jalatti ibsuun fakkeenya kennuun caasessaniiru. Barreessitoonni gosa hennaa kanaa xumura muummee hennaa darbe of irraa qabuun agarsiisaniiru. Fakkeenyaaf, himoota, (a. inni dhufe b. margeen dhufte. c. isaan dhufan) keessatti ( a fi, b) keessatti xumurtoonni (dhufe, dhufte,) jedhan dhumarratti dhamjecha {-e} maxxanfachuun ennaa darbe agarsiisu. Xumura (dhufan) jedhu irratti dhamjechi maxxane {-an} hennaa kan agarsiisu unkaan hinmul'atu. Hiikaan garuu waan jiraatuuf achi keessatti {ø} ta'a (Mitikkuufi Tashoomaa, 1992:52). Walumaagala hennaan reefuu raawwatame/ qaatee baaqqee = hundee xumura muummee + dhamjecha {-e ø} ta'a jechuun nidanda'ama.

### 2.2.2.1. Haala Caaseffama Henna Tarsiqaa/ Past Continuous

Haala caaseffama unkaa henna kanaa ilaalchisee Abarraafi kaawwan (1995) ibsaniiru. Henna kana keessatti gochi muummeen unkaa ammeenna ta'ee xumurri gargaartuu dabrennaa {tur-} hima tokko keessatti hoggaa argaman henna tarsiqaa jedhamu. Kanaan alas, barreessitoonni seerlugaa tokkummaafi adda addummaa henna tarsiqaafi amsiqaa waliin qaban yoo ibsan, amsiqaafi tarsiqaa adda kan baasu gochima muummee otoo hinta'iin tumsiidha jedhu. Amsiqaafi tarsiqaa ta'uu kan addaan baasu tumsiin{jir-}amsiqa yoo ta'u, tumsiin {tur-} ammoo tarsiqaa waliin galuu ta'a jechuun addeessu (Getaachoo, 2005).

Negussie (2002:179) henna kana dabalataan yoo ibsu, “*The past continuous expresses an activity or activities which took place for some period in the past,*” jedha. Akka yaada kanaatti hennaan kun gochaa yookaan gochaawwan yeroo darbe keessa yeroo murtaa'eef itti fufinsaana raawwatamaa ture ta'uu agarsiisa. Haala kanaan seerri tarsiqaas = hundee xumura muummee +{-aa}+hundee xumura gargaartuu {tur-}+ {-e} ta'a jechuun ibsu(Abarraafi kaawwan,1995:87).

Beekamaa, (1996:197) dabalataan, unkaa ykn seera tarsiqaa yoo ibsu, yeroo qaatee fuftuu= Mathima + hidda gochaa + fufaawwan duubaa + (ture, turte, turre, turtan, turan) jechuun ibsa. Haala hennaan kun ittiin caaseffame kanarraa wanti hubannu unkaan gama lameeniinuu gosa henna kanaa ibsuuf taa'ee jiru walfakkeenya qaba. Mitikkuufi Tashoomaa, (1992:54) haala caaseffama unkaa henna kanaa yoo ibsan, yaaduma kana tumsu. Henna tarsiqaa = wixina muummee gochima + dhamjecha {-aa}+ wixina gochima tumsii + dhamjecha {-e}, {∅} bifa ibsuun caasessaniiru. Caaseffama unkaa/form/ henna tarsiqaa kana keessattis gochaa/raawwii yeroo darbee ta'uu agarsiisuudhaaf dhamjechi {-e}n hundee xumura gargaartuu irratti fufamtee argamtu ramaddii 2<sup>ffaa</sup> fi 3<sup>ffaa</sup> keessatti tajaajilaan malee qaamaan waan hinmul'anneef dhamjecha dhokatee {∅} kanaan agarsiifamtee jirti.

### 2.2.2.2. Haala Caaseffama Enna Raawwima Darbeenna/ Past Perfect

Ennaan raawwima darbeenna gochima darbeefi gochima gargaartuu dhamjecha enna yeroo darbee ofirraa qaabdu “ture” jettu irraa akka ijaarramu Dahl (1985) niheerti. Hennaan raawwima darbeenna gocha yeroo darbe keessa raawwate tokko dura raawwatee ture kan agarsiisu yoo ta'u, innis ofdanda'ee dhaabbachuun osoo hintaane, enna darbeenna waliin ta'uun tajaajila kana kenna. Haala kanaan, enna kallattii osoo hintane enna alkallattiiti jechuudha. Bu'uruma



kanaanis, gocha yeroo eertuu (point of time) wayii dura raawwatee ture; gochi tokko gocha biraa dura raawwachuu xiyyeeffachuuf; gocha yeroo dheeraaf raawwatee ture tokkoofi dubbii alkallattii keessaatti tajaajiluuf gargaara jechuun bakka afur gurguddootti akka qoqqooddamu Martinet and Thomson (1986) faan niheeru. Afaan Oromoo keessattis hiikaafii caasaasaa bu'ureeffachuun gocha yeroo eertuu wayii dura raawwate, gocha yeroo dheeraaf raawwatee ture, gocha yaaddamee hafe tokkoo, gocha gocha biraa dura raawwatu tokko xiyyeeffachuufii dubbii alkallattii keessatti tajaajila jechuun bakka shanitti hiruun nidanda'ama.

Dabalataan raawwima darbeennaa gocha yeroo eertuu yeroo darbe dura raawwate tokko ibsuuf akka gargaaru Martinet and Thomson (1986) faan kan yoo ta'u, eertonni yeroo wayii kunneenis gochibsoota akka 'kaleessa yoonaa'; 'dheengadda ganama sa'atii lama dura' ykn ciroowwan walabala kanakka 'waggaa darbe kana dura' jedhuu ta'uu danda'u(1a-c).

- (1) a. Kaleessa yoonaa qaatan achi ga'ee ture.
- b. Dheengadda ganama sa'atii afur dura argeen ture.
- c. Tolaan osoon ani hindhaqin dura dhaqee ture.

Akkuma fakkeenya kanneenirraa hubatamu, himoonni hundinuu gochisaanii yeroo eertuu isaan dura jiru dura raawwachuu agarsiisu. Hima (1a) Keessatti gochibsi 'qaata' jettu kan argamtu yoo ta'u, ishiinis yeroo eertuu kennametti gochi raawwatee turuu xiyyeeffatti. Gochibsi kun gochibsa xiyyeeffannoo raawwii gochaa akka taate Murphy (1994) nieera. Himoota (1bc) keessattillee gochibsi "dura" jettu kan argamtu yoo ta'u, ishiinis gochi yeroo eerrame dura akka raawwatee ture eerti. Hennaan raawwima darbeennaa gocha yeroo derbe keessa eegalee amma yeroo eertuu kennametti itti-fufiinsaan raawwatee ture tokko agarsiisuuf akka tajaajilu Martinet and Thomson (1986: 175) yoo ibsan, "*The past perfect can be used ... for an action which began before the time of speaking in the past, and was continuing at that time or stopped at that time or just before it... Examples of types (a) Anna had lived in a cottage for five years... and had no wish to move to.... (b) He had served in the army for ten years; then he retired and married*" jedha.

Akkuma waraabbiin kun ibsu, hennaan raawwima darbennaa gocha yeroo darbe keessa yeroo dubbii dura eegalee ammaa yeroo eertuu darbe sanaattillee itti-fufee jiru ykn amma yeroo eertuu sanatti/sana duraatti itti-fufaa ture tokkoo agarsiisuuf tajaajila. Fakkeenyi kennamanis

walduraa duubaan “*Haannaan waggaa shaniif Ameerikaa jiraattee turte; bakka biraa deemuufillee fedhii hinqabdu turte*”fi “*Tolasaan waggaa kudhaniif loltuu turee, ergasii fuudhe*” himoota jedhaniin kan bakka bu’amu danda’an yoo ta’u, gochi hima duraa yeroo eertuu sanatti itti fufee jira. Gochi hima lammataa immoo yeroo eertuu darbe sana dura ta’uu eera. Kanaafuu, ennaan raawwima darbeennaa gocha yeroo darbe keessa yeroo eertuu wayii dura eegalee amma yeroo eertuu yeroo sanaatti raawwachaa ture tokko akka eeruu danda’u ta’uu isaa himoota kana irraa hubachuun ni danda’ama.

Kanamalees raawwimni darbeennaa dubbii tokko alkallattiin (indirect speech) gabaasuuf akka tajaajiluufii dubbiin gabaafamu kunis yeroo eertuu yeroo darbee dura akka ta’e Murphy (1994)fi Takele (2008) faan ni eeru. Afaan Oromoo keessattis gochimoota dhajecha ennaa yeroo darbee ofirraa qaban ykn maxxanfachuu danda’an kan akka “jechuu”, “dubbachuu” fi “himuu” jedhan faana galuun dubbii nama tokkoo alkallattiin gabaasuu danda’a. Fakkeenyaaf himoota, “ a. *“Ani deeme,” jedhe Biqilaan. b. Biqilaan deemeen ture jedhe. c. Biqilaan akka deemee ture natti hime. d. Biqilaan akka deemee ture dubbate.*” Jedhan keessatti hubachuun ni danda’ama.

Akkuma himoota kanneen irraa hubatamu, hima (a) malee himoonni hundinuu (bcd) waan namni tokko jedhe nama biraaf gabaasu ykn nama biraatti odeessu. Himni (a) gabasa kallattii (direct speech) yoo ta’u, innis kallattumaan waan dubbataan jedhe gabaasa. Himoonni kaan garuu gabaasa alkallattii (indirect speech) yoo ta’an, waan dubbataan jedhe san kallattiin osoo hintaane alkallattiin gabaasu. Akkuma hima (b) irraa hubatamu, gochimni “jedhuu” kun faan Oromoo keessatti gabaasa kallattiif malee gabaasa alkallattiif mijaa’aa miti. Walumaagala akka yaada kanaatti, ennaan raawwima darbeennaa gochimoota ‘dubbachuu’ fi ‘himuu’ waliin qofa yoo gale, gabaasa alkallattiif akka tajaajilu hubachuun ni danda’ama.

Ennaan raawwima darbeennaa qabsiiftuu “erga” (when) faana galuun gocha gocha biraa dura raawwatu tokko xiyyeeffachuuf oolu isaa Martinet and Thomson (1990) tajaajila kana yoo ibsan, “*The past perfect is used after **when** when we wish to emphasize that the first action was completed before the second one started: When he had shut the window we opened the door of the cage. (We waited for the window to be quite shut before opening the cage. When she had sang her song she sat down.*” Fakkenyi waraabbii kanaa himoota “Ega inni foddaa banee turee

booda balbala banne” fi ” Erga sirbitee turtee teesse” jedhaniin kan bakka bu’amu danda’an yoo ta’u, himni duraa gochi “foddaa banuu” gocha “balbala banuu dura ta’uu eera. Himni lammataa immoo gochi ‘sirbuu’ gocha ‘taa’uu’ dura akka ta’e ibsa.

### **2.2.3. Henna Fuulduraa/Future Tense**

Akkuma hennaawwan biroo moggaasa henna kana hayyoonni seerluga Afaan Oromoo haala adda addaan moggaasaniiru. Abarraafi kaawwan , ( 1995) “*duraana*” jechuun ibasaniiru. Karaa biraan, Filee, (2015), “*Yeroo Dhufu*,” jechuun ibaseera. Beekamaa, (1996), “*Yeroo si’achee*” jechuun ibseera. Geetaachoo, (2009) “*Ennaa Dhufu*,” jechuun moggaaseera. Maalummaasaa ilaalchisee ibsi bal’aan kenname jiraachuu baatus, gocha gara fuuladuraatti raawwatamu agrsiisuuf kan gargaarudha jechuun nidanda’ama. Dabalataan Takele (2008) , “*Future time is mainly shown by using shall or will with the present form of the verb*,” jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti gosootni henna duranaas akaakuuwwan henna kanneen biroorraa kan adda isaan taasisu unka/form mataasaanii kan qaban ta’uu nu hubachiisa. Tajaajila henna kanaa gooreedhaan qooduun ibamanii jiru. Gooreewwan henna dhufu bakka lamatti kan qoodamu ta’uu barreessitoonni seerluga Afaan Oromoo akkasiin ibsaniiru. Hennaan kun, gocha raawwatamuuf mamaa ta’eefi gocha raawwatamuuf deemu ibsa (Abarraafi kaawwan, 1995).

#### **2.2.3.1. Haala Caaseffama Henna Muranaa/ Future definite**

Murannaan gocha gara fuulduraa raawwatamu, garuu yeroon itti raawwatamu yoom akka ta’e kan hinbeekamne ta’uu agarsiisa. Murannaa keessatti gochimni muummeen bifa gochaala/infinite ta’e qaba. Henna kana keessatti hundee gochima muumme irratti dhamjечи gochaala mul’isu{-uu}murannaa, dhamjечи gochi gara fuuladuraa raawwatamuun akka hinhafne mul’isu {-f/-fa}| fufata. Gochima muumme waliinis tumsiin {jir-} dhamjecha {-a} gocha hinraawwatamne mul’isu itti aanee dhufa (Rabbirraa, 2009). Caaseffamni henna kanaa gocha ibsa yeroon ibsamu keessatti, henna fuulduraa agarsiisuuf, hundee xumura muumme + dhamjecha {-uuf/ -f/-af/} hundee xumura gargartuu {jir-}+ dhamjecha {-u/a/ti/ra} kanaan caaseffamu ta’uu yaanni hayyootaa ni hubachiisa.

#### **2.2.3.2. Haala Caaseffama Henna Muranaalaa/Future Indefinite**

Murannaalli gacha gara fuulduraa raawwatamuufi raawwatamuu dhiisuun isaa hinbeekamne mul’isa. Kana jechuun gochi tokko gara fuulduraatti raawwatamuuf akeekame rawwiin isaa kan shakkii qabu jechuudha. Muraannaalli akaakuuwwan henna keessaa isa tokko yoo ta’u, innis

shakkii ykn mamii dubbataan gocha tokkorratti qabu akka agarsiisu Palmer (1971) ni eera. Gochaalli ta'innaa sadarkaa ofitti amanamummaa dubbataan dhugooma gocha tokkoorratti qabu yoo ibsu, *“Epistemic modality is the marking of the speaker’s degree of certainty and/or the necessity/possibility of the truth of the propositional content.”* Akkuma waraabbiin kun ibsu, gochaalli ta'innaa sadarkaa ofitti amanummaa dubbataan dhugooma qabiyyee himaarratti qabu tokko eera. Karaa biraatiin, dubbataan gochi tokko ta'uu hinoolu; ta'uu danda'a; ta'uu mala jechuun yaada mamii/shakkii qabu ibsata jechuuudha. Haalli kun, Afaan Oromoo keessattis, gochimoota muummeefii gochimoota gara garaa kan akka ‘maluu’; ‘hinooluu’ fi ‘hindiduu’ jedhaniin kan ibsamuu danda’u yoo ta’u, gochimni ta’umsaa ‘ta’uu’ jettu kunis hima guutuu guuttuu taasifachuun tajaajila kana kennuu dandeessi. Fakkeenyaaf, himoota akka,

- a. Hawwiin mana jirti ta’a.
- b. Hawwiin sirbaa jirti ta’a.
- c. Hawwiin nideemti ta’a.
- d. Hawwiin boru deemti ta’a.
- e. Hawwiin kaleessa deemte ta’a.

Akkuma fakkeenya kanneenirraa hubatamu, gochaalli ta'innaa tun (ta'uu) himoota ofdanda'an faana galuun himoomni sunneen mamii ykn shakkii ta'uusanii ibsitee jirti. Himoonni isheen waliin galte kunneenis hiika yeroo ammaa (abcd)fi yeroo darbee (e) kan qaban yoo ta'u, hiika yeroo gochaala ta'innaa kanaan (ta'uu) garuu garagarummaa qabu. Hiikni yeroo himoota (ab) erga takkaadha. Fakkeenyaaf “Hawwiin mana jiraachuu malti/ hinooltu” “Hawwiin sirbaa jiraachuu malti/hinooltu” ykn “Hawwiin mana jirti jedheen yaada”; “Hawwiin sirbaa jirti jedheen yaada” yoo jenne, hiikni yeroo erga-takkaa akka ta’e mirkanaa’uu danda’a. Himni (1c) “Hawwiin nideemti ta’a” jedhu garuu hiika yeroo qabiyyee ijoo ‘Hawwiin nideemti ‘ jedhuufii hiika yeroo gochima ta'innaa ‘ta’a’ jettu kanaa bifa kanaan adda baasuu hindanda’u.

Hima kanas ‘Hawwiin yeroo hunda nideemti ta’a’ irra deddeebii waan agarsiisuuf hiika erga takkaa ta’e qabu. Akka hima (1d) “Hawwiin boru deemti ta’a” yoo jenne garuu, hiikni yeroo qabiyyee ijoo ‘Hawwiin boru deemti’ jedhu kanaa hiika yeroo gochaala ta'innaa “ta’a” jettu kanaa booda. Karaa biraatiin, hiikni yeroo gochaala ta'innaa yeroo dubbiitti yoo ta’u, hiikni yeroo qabiyyee ijoo immoo kana booda jechuudha. Gochaalli ta'innaa kunis hiika yeroo, yeroo dubbiitti ta’e qabaachuun ishii mala karbiressuu kanaan ‘Hawwiin boru nideemti jedheen

yaada' yoo jenne nimirkanaa'a. Haata'u malee, gochimoondi taalaa (stative verbs) fi gochimoondi gochaa gara garummaa hiika yeroo waan qabaniif mala karbiressuun adda ba'uu dhiisuu malu. Gochimoondi taalaa yeroo hunda hiika yeroo, yeroo dubbii ta'e akka qabaniifi gochimoondi gochaa garuu hiika yeroo dheeraa ammarraa kaasee gara fuulduraallee haammachuu danda'u. Walumaa galatti, akka yaada hayyootaatti, gochaalli ta'innaa hima guutuu, guuttuu ta'erraa kan ijaarrantu ta'uu, hiikni yerooshiis karbiireffamuun mirkanaa'uullee danda'a. Gochaalli ta'innaa himoota yeroo darbees ta'ee himoota yeroo ammaa ta'an faanallee yoo galte, hiikuma yeroo, yeroo dubbii ta'e akka qabduu hubachuun ni danda'ama.

### **2.3. Caasluga Waliin Dubbii (Communicative Grammar)**

Brumfit (1996) akka ibsetti, gahee caasaan barnoota afaanii keessatti qabu ilaalchisee yaada lamatu jira jedha. Isaan keessaa inni tokko caasaan barnoota afaanii keessatti bakka guddaa qaba kanneen jedhaniifi adeemsa waliigaltee uumuu keessatti kan baay'ee fayyadu waan hintaaneef xiyyeeffannoo guddaa kennuufin hinbarbaachisu kan jedhani. Gareen caasaadhaaf bakka guddaa hinkennine kun afaanichaan dubbachuu malee caasaa isaa barachuun akka hinbarbaachifne ibsu. Caasaa barachuun ni barbaachisa warri jedhan ammoo barataan caasaa waa'ee afaan sanaa hinbeekne, afaanichas akka hinbeekne ibsu.

Dabaltaanis, akka yaada hayyootaatti caasaan akkaataa afaan ittiin hojjetu kan qaaccessudha. Sababa kanaaf, jechoota afaan keessatti hojiirra oolan hunda unka isaan qabaniifi akkaataa hawaasni afaan sanaa haala hiika qabeessa ta'een dubbii barreeffama ittiin ijaaru; ibsu; barattootatti kan agarsiisu waan ta'eef faayidaan isaa guddaa akka ta'e eeru. Yaada kana Harmer (1991) yoo ibsu, fayyadamtoota afaanii ciccimoo ta'aniif beekumsi caasaa bu'uura akka ta'eefi beekumsichi barattootaafis barbaachisaa ta'uusaa kan agarsiisu ta'uu ibsee jira. Yaadni kun karaa sirrii ta'een ergaa dabarsuuf beekumsi caasaa fayidaa qabeessa ta'uusaa agarsiisa..

Beekumsi seerlugaa adeemsa baruufi barsiisuu keessatti fayidaa qaba. Kanneen keessaa inni tokko hojii barreessuufi dubbisaanii hubachuu yoo ta'u, wantoota daree keessatti barreeffamaanis haata'u osoo hinbarreeffamiin dhihaatan keessatti hojiin akkaataa galumsa walmakaa hiikuufi hubachuu baay'inaan hojii seerlugaati. Greanbaum (1988) akka ibsutti, bu'uurri barnoota seerlugaa, mana barumsaatti dhihaatuttis hariiroo qindaa'ina sagalee, jechootaafi hiikni waliin qabuuti. Haaluma kanaan barnoota 'Caasluga Waliin dubbii' jechuun

qabiyyee adda addaa kanneen akka, akkaataa caasaan seerluga afaanichaa dubbii keessatti hubatamu, haala inni barreeffama keessatti mul'atu, tooftaa inni hiika adda addaa haalota, adda addaa keessatti dabarsuufi kan kana fakkaatan of keessaa qabudha (Ur, 1988).

Kanarraa kan ka'e haala guuboo jechootaatti itti fayyadamu barachuun hiika jechootaa walfakkaatoo barbaadu. Kunis dandeettii afaanii guddisuun alatti dandeettiin barreessuufi dubbisuu guddisuuf kan gargaarudha. Haala qindaa'ina afaan dhalootaa barachuun seera jechi ittiin caseffamu (word order)fi haala walqabsiistonni itti galan sirriitti hubatanii mala barreessuu (written style)akka guddifataniifi kanneen biroof ni gargaara.

#### **2.4. Yaaxxina Afaan Dhalootaa ( Phonics Approach)**

Hallidayfi kanneen biroo (1994) akka ibsanitti, dhimmoota barnoota afaan dhalootaa barbaachisaa taasisan keessaa inni tokko beekumsa barattoonni waa'ee uumamaa yookiin amala afaan isaanii qabaachuun irraa eegamuudha. Kaayyoo guddaan barnoonni caaslugaa barattoota afaan ittiin hiikkataniif dhihaatuuf afaanichaan dubbachuu akka danda'aniif osoo hintaane akka waa'ee afaanichaa dubbachuu danda'aniifi. Dabalataan, barnoota afaan dhalootaa keessatti ijoo kan ta'e barnoonni dubbisuufi barreessuu, malleen dubbisuufi akkaataa galumsa garagaraatiif barattoota waan saaxiluuf dubbisaa gaarii akkasumas barreessaa gaarii akka ta'an isaan gargaara (Greenbaum, 1988).

Afaan tokko haalaan barachuudhaaf, yaada afaan dhalootaa ilaalchisee hayyuuleen akka ibsanitti akkataa seerluga dhiyeessuu kitaaba kaasanitti, qo'annoon seerlugaa baay'ee barbaachisaa miti. Akka fakkeenyaattis, kan ilaalamu haala yookiin adeemsa afaan tokkoffaa (mother tongue) ijoolleen ittiin barataniidha. Ur (1996:77) akka ibsutti, "*The important question is not whether teaching and learning grammar is necessary and/or sufficient for language learning, but whether it helps or not*" jedha. Akkka yaada kan irraa hubatamutti, barnoonni caaslugaa caasuma muuraasa beekuuf qofa osoo hintaane akka mala yookiin tooftaa beekumsa afaani itti barsiifamu qaba. Akka maleenya kanaatti afaan akkaataa daa'imni afaan tokkoffaa ittiin baratu hordofee baratama yaada jedhu dabarsa. Brown (2000), "*We are inclined, too often to assume that a child's linguistic development proceeds from the parts to the whole, that is, children first learn sounds, then words, then sentences, and so forth,*" jechuun ibseera.

Yaada hayyuu kanarraa wanti hubannu, yeroo baay'ee wanti dagatamuu hinqabne guddinni xiinqooqa daa'immanii salphaarraa gara walxaxaatti kunis, daa'imman jalqaba sagaleelee,

jechoota, himoota kan hordofudha. Adeemsa kan hordofuun damee xixiqqaarraa gara isa waliigalaatti barachaa kan deeman ta'uusaati. Namni tokko seera afaan sanaa irraa jalaan barata malee altokkotti waamara barachuu hindanda'u. Walumaagala akka ibsa kana irraa hubatamutti seerlugni afaan dhalootaa kitaaba barnootaa keessatti tooftaa afaan barachuu daa'immanii hordofee dhiyeessuun kan danda'amu ta'uu isaati.

## **2.5. Tooftaa Qabiyyee Seerlugaa Dhiyeessuu ( Approach to Teaching Grammer)**

Kitaaba barnootaa keessatti seerlugni karaa garagaraatiin dhiyaachuu ni danda'a. Yaada kana Harmer, (1995) akka ibsetti, haalawwan dhiheenya qabiyyee caasaa barnoota kan jedhaman haala dhiheenya dursanii fakkeenya shaakalsiisuun seera baarsiisuu ykn seera dura barsiisuun fakkeenya shaakalsiisuu, haala dhiheenya bu'aa, haala dhiheenya quunnamtii fi haala dhiheenya caasaa akka dandeettiitti dhiheessuun fayyadamuun barbaachisaa akka ta'e hayyuun kun ibseera. Dabalataanis iftummaa, dhugummaa, barbaachisummaa fi madaalawaa ta'uu akka qaban itti dabaluun addeessera.

Dandeettiwwan xixiqqoo keessaa qophii kitaaba barataa keessatti qabiyyeen ka'u tokko dhimma dandeettii seerlugaati. Seerluga barsiisuun afaan barsiisuufi barachuu keessatti dhimma baay'ee barbaachisaa ta'edha. Haata'u malee kophaa isaa osoo hintaane dandeettii dubbachuufi barreessuu waliin walsimannaa kan qabudha. Akka caasaa afaanitti sagalee, dhamsagoota, latilee, jechoota, gaalee. hima, hiika ilaallachuu danda'a.

Qabiyyeewwan seerlugaa kunneenis sadarkaa adda addaa keessatti tartiiba isaanii eeganii kitaaba barataa keessatti dhihaachuu qabu. Garuu yeroo baay'ee afaan barachuu jechuun hunda caalaa seerota ykn caasaalee afaan sanaa sirriitti beekuudha jedhanii namoonni kaa'an ni jiru. Barreesitoonni biroon ammoo afaan tokko barsiisuu keessatti seerluga barsiisuun gahee xinnoo qaba ykn gahee homaa hinqabu jedhanii kaa'u. Haata'u malee barnoota afaanii keessatti caasaa afaanii tokko kophaatti xiinxaluunis ta'e, seerluga barreeffama keessatti xiinxalanii qeequun dandeetti barbaada. Kanaafuu, sirriitti baratamuu qaba. Seerlugni kitaaba keessatti akka qabiyyeetti yemmuu dhiyaatu karaa sadiin dhihaachuu danda'a. Hiikaafi Taatek (1998:267), Richards fi Rodgers (2001) wabeeffachuun, haalli dhiheenya seerluga barsiisuu namaa namatti adda addummaa qabaatus, maloota adda addaan barsiifamuu akka danda'u ibsaniiru.

### **2.5.1. Murtaa'aatii Gara Dimshaashaatti (Inductive Method) Dhiyeessuu**

Haalawwan dhiheenya bu'uura ta'an keessaa inni tokko haala dhiheenya dursanii fakkeenya shaakalsiisuun seera barsiisuuti. Qabiyyee caasaa haala dhiheenya kanaan barattoonni gilgaalota erga hojjatanii booda seera isaa ofiin akka bira gahan taasisuudha (Cunning Worth 1984). Kana malees, haalli dhiheenya dursanii fakkeenya shaakalsiisuun seera barsiisuu barattoota hirmaachisuun, moodela afaanichaa irra deddeebi'anii akka ilaalan kakaasuu, gochaalee waa qaacceessuu, walitti fiduufi addaan baasuufaa waan dabalatuuf fedhii barachuuf qaban akka dabalu kan gargaaruudha. Kunis adeemsa caasaan afaanii kitaaba keessatti ittiin qophaa'ee barsiifamu ta'ee, seera waan barachaa jirani akka ofii isaaniin bira gahan gochuuf gaaffilee murtaa'oo adda addaa ibsuun eegala. Dursa kitaabichaa keessatti ibsi fakkeenya gabaabaa waliin barattootaaf waan dhiyaatuuf fakkeenya kenname irratti hundaa'uun caasaa afaanichaa akka baratan taasisa. As keessatti fakkeenya kenname seera waliigala afaanichaa kan mata duree kenname akka barataniif gargaaruudha (Fireman, 2000).

Margaa (2009), qorannoo isaa keessatti, Brown (2000) wabeeffachuun mala kana yoo ibsu, namni tokko fakkeenya yaada murtaawoo qaban walitti qabuufi gudunfaa/seera waliigalaa kan fakkeenya/yaada murtaawoo sana hogganan uumuudha. Kun ammoo yaadichi murtaawarraa gara dimshaashaatti kan deemu ta'uu agarsiisa. Kaayyoo guddaan maleenya kana barattoonni caasluga baratan sana fayyadamanii akka isaan ittiin waliigalaniif kan dandeessisudha. Barsiisaan maleenya kana keessatti mataduree caasluga kennamerratti qabxii muraasa erga isaan yaadachiisee akkasumas, fakkeenya hedduu seera afaanii sanarraa baruu danda'an erga kenneen booda barattoonni akka hubataniif hinhubanne adda baasuuf jecha seera afaanii fakkeenya sun bakka bu'u akka himan taasisa jechuun ibsa.

### **2.5.2. Dimshaashaa Gara Murtaa'aatti (Deductive Method) Dhiyeessuu**

Haalli dhiheenya kun ammoo seerri ifatti erga taa'een booda barattoonni caasaa afaanichatti haalaan fayyadamuun gilgaalota dhihaatan karaa shaakala to'atamaa ta'een kan hojjetanidha. Haala dhiheenya kam wayya? Gaaffii jedhuuf hayyoonni deebii adda addaa qabu. Haala dhiheenya seera dura barsiisuun fakkeenya shaakalsiisuun barattoonni seera caaseeffama sanaa waa'ee haala galumsaafi hiika isaa ibsa ifa ta'e waliin waan argataniif barachuun itti salphata. Gama barsiisotaatiin immoo yeroo qusataaf. Keessattuu gaaffilee barattoonni caasaa ilaalchisee kaasaniif deebii kennuufi gargaaruuf karaa salphaa yoo ta'u, kaayyoon isaas barattoonni



afaanicha waliigalteef fayyadamuu akka danda'an kan gargaarudha. Stern,(1992) akka ibsetti, akka saayinsii barnootaatti haala dhiheenya dursanii fakkeenya shaakalsiisuun seera barsiisuu barattoonni seera afaan isaanii ofiin akka shaakalan waan jajjabeessuuf filatamaa ta'uusaa ibsa. Haata'u malee Cunning Worth (1984) haalli dhiheenya gosa lachuu dadhabbinaafi cimina mataa isaanii waan qabaniif haala dhiheenya kanniin keessaa tokko fayyadamuun yookiin inni tokko isa biroo ni caala jechuun dogoggora akka ta'e ibsa. Kanaafuu lamaanuu waliin makuun fayyadamuun filatamaa ta'a jechuun lafa kaa'eera. Walumaagalatti yaada kana irraa akka hubatamutti lamaan isaanii walkeessa fayyadamuun barnooticha bu'a qabeessa kan taasisuudha.

### **2.5.3. Haala Dhiheenya Adeemsaa /Process Approach**

Haalli dhiheenya adeemsaa kun seerluga barsiisuuf unkaa ykn caasaa afaanichaarratti osoo hinta'iin seerluga caasaa afaanichaa kanatti dhimma bahuun ofibsuu qabu jedha. Amalli haala dhiheenya kanaa inni guddaan, barattoota waliin dubbii keessatti akka qooda fudhatan gochuudha. Walumaagalatti, kaayyoon haala dhiheenya kanaa seerlugawaliigaltee daree keessaafi alatti beekumsa walirraa fudhachuudha.

### **2.5.4. Haala Dhiheenya Dandeettii/Skill Approach**

Maloonni afaan barsiisuu hedduun akka jedhanitti afaan barsiisuun akkuma konkolaachisuu, teenisii taphachuu fi k.k.f ogummaadha. Barataan seerluga barachuu kan danda'u gochaan agarsiisuuni jedha. Barsiisaan haala dhiheenya ogummaatiin fayyadamu tokko shaakalawwan ijoo ta'an lama raawwachuu qaba. Inni tokkoffaan barattoonni seerluga afaanichaa akka qayyabatan gargaaruufi mataa ofiitiif seerluga akka qayyabataniifi hiika isaa akka hubatan carraa kennuudha. Shaakalli inni lammaaffaan immoo barattoonni barnoota ofii akka karoorfatan akka ofumasaanii ciminaafi dadhabina isaanii ilaalaniifi tarsiimoo gaarii seerluga itti baratan akka lafa kaa'atan gargaarudha.

### **2.5.5. Haala Dhiheenya Bu'aa /product Approach**

Batstone (1994) akka ibsutti, malleen ibsaman kanneeniin ala, hennaan akkaataa bu'aa irratti xiyyeeffateen dhiyaachuu ni danda'a. Xiyyeeffannoon isaas akkaataa ijaarsa unka afaan kaayyeffame sanaa irrattidha. Akkaataa kanaan adeemsa baruufi barsiisuu keessatti sadarkaalee furtuu ta'an lama keessa darbuun barbaachisaadha. Inni calqabaa ciicata haaraa afaanii barachuu yoo ta'u kaayyoon isaa inni guddaan xiyyeeffannoo barataa ofitti harkisuun unkaalee caasaa adda ta'an hubatamaa (noticeable) gochuudha. Lammaffaan ammoo haalli dhiheenya bu'aa

bu'uureeffate barataan beekumsa afaanii seeraan akka ijaarratu kan taasisuudha. Kana malees barattoonni unkaalee afaanii tokko tokkoon adda baasanii akka ibsan, akka jijjiiran, deebisanii akka ijaaraniifi seerri caasaa akkamitti akka hojjeturratti hubannoo akka argataniif carraa kan kennuufidha

#### **2.5.6. Mala Seerluga Faayidaa Murtaa'aaf Dhiyeessuu**

Malli kun kan bu'uureffatu haala qabatamaa kitaaba barnootaa qophaa'uuti. Barattoonni maal beekuu qabu kan jedhu yookaan maal barachuu barbaadu kan jedhuun walsimsiisuudhaan qophaa'ee hojii irra ooluu qaba. Kunis, xiyyeeffannoon isaa: fedhii barattootaa, haala qabatamaa kitaabni barataa yeroo qophaa'u, qabiyyee isaa keessatti wantoota qabatamaan naannootti argaman aadaafi duudhaa hawaasaa barsiisu waliin walqabsiisuun dhiyeessuun bu'a qabeessa ta'uu isaa argisiisa. Dabalataanis, caasaaleen haaraa yemmuu qophaa'an, unka afaanichaa qofa osoo hinta'iin tajaajila unkaan afaanii sun ooluuf waliin walqabsiisuun qophaa'ee dhiyaachuu qaba, (Richards and Rodgers,2001). Kanaafuu, namni sirna barnootaa qopheessu: caasaa hennaa, unkaafi tajaajila henna irratti hubannoo gahaa kan kennu ta'uu qaba. Kanaafuu kitaabolee kanneen keessattis, haala hennaan ittiin dhiyaachuu qabu murteessuun dhiyeessuun kallattiin barumsicha qabatamaa taasisuuf gargaara

#### **2.6. Meeshaalee Barnoota Afaanii**

Baruufi barsiisuun adeemsa. Adeemsa baruufi barsiisuu kana bu'a qabeessa taasisuuf barsiisaan meeshaalee barnootaa addaddaatti dhimma baha. Meeshaalee barnootaa keessaa tokko kitaaba barnootaati. Meeshaaleen barnootaa, barnoota sadarkaa kamiyyuu irratti kennamu haala ittiin odeeffannoon barnootaa toora gale yookiin caalaatti akka hubataniif qindaa'ee barataa bira gahuun bu'a qabeessa kan taasisuudha. Adeemsa hojii baruufi barsiisuu haalaan qabatamaa taasisuuf, meeshaalee barnootaa qabiyyee barnootaa waliin deemanitti gargaaramuun caalaatti barnootichi faayidaa akka qabaatu taasisa. Kana irratti hayyuuleen addaddaa ragaa nibahu. Faayidaan meeshaalee barnootaa inni ijooon muuxannoo barnootaa kanneen qabatamaa ta'aniifi qabatamaa gidduu madaallii jiru fooyyeessuun walsimsiisee dhiheessu qofa osoo hintaane barattoonni muuxannoo duran qabaniin akka walfudhachiisaniif nigargaara. Kanaaf mataduree kana keessatti meeshaalee barnootaa qabatamummaa barnootaa dhugoomsuuf daran faayidaa waan qabaniif itti dhimma ba'uun akka barbaachisu ibsa (Heinich, 1993).

Meeshaaleen barnootaa barnoota afaaniin kennamu deeggaruu bira darbuun wantoota afaaniin ibsuun hindanda'ammellee ibsuudhaan qabatama taasisuuf akka oolan hayyoonni ni ibsu. Meeshaaleen kun dandeettiwwan afaan barattootaa kan fooyyeessan, cimsaniifi guddisan ta'uu biratti waaltinaafi guddina afaanichaa keessatti ga'ee olaanaa qabu. Barattoonnis fuula duratti dandeettii waliigalaa akka qabaataniifi qorannoo sadarkaa adda addaarratti isaa quunnamuuf akka of qopheessan gargaaruu; keessaayyu, barattoonni sadarkaa tokkoffaa afaanicha sirriitti akka baratan, waa'ee afaanichaas akka hubatan meeshaaleen barnootaa ga'ee qaba. Haaluma kanaan, meeshaaleen barnootaa barsiisonni afaanicha haalaan akka barsiisan, barattoonni isaanii beekumsa waliigalaa akka qabaatan taasisuufi ofii isaanitii dubbisuun hubannoo akka argatan, qorannoofis akka ofqopheessan taasisuu keessatti gahee olaanaa qaba (Asaayyee, 2007).

Allwright (1990) afaan baruufi barsiisuu keessatti ga'ee meeshaalee barnootaa qabu ilaalchisee akka ibsutti, meeshaaleen barnootaa barattoonni akka caalaatti baratan, barsiisonni waan barsiisan caalaatti hubatanii akka barsiisan taasisa. Itti dabaluun kitaabonni barataa wantoota murtaawoo qofarratti hunda'uun gahaa waan hintaaneef meeshaalee barnootaaf oolan itti faayadamuun barnoota bu'aa qabeessa taasisa.

## **2.7. Ulaagaafi Seerota Qophii Kitaaba Barnoota Afaanii**

Akka yaada hayyootaatti kitaabni barnootaa gaariin ulaagaalee hunda eeguun qophaa'uu qaba. Kitaabni barnootaa, kan barsiisu qofa osoo hintaane, kan madaalus ta'uu akka qabu beektonni ni ibsu. Kitaabichi kaayyoo barnootichaa kan ofkeessatti hammate ta'uu qaba. Kitaabichi jiruufi jireenya barattootaa ilaalcha keessa kan galchu ta'uu qaba. Gilgalaafi dalagaaleen adda addaa qabiyyee boqonnichaan walsimee dhiyaachuu qaba. Kitaabichi kan haamilee barattootaa ijaaru ta'uu qaba. Kitaabni barataa hawwataa ta'uufi dogoggora maxxansaa irraa bilisa ta'uu qaba. Umurii, fedhiifi garaagarummaa dhuunfaa barattootaa giddugaleessa godhachuu qaba. (Richardsfi Renandyan, 2002).

Haaluma kanaan, Slobin (1978) seerota qophii kitaaba barnoota afaanii torba ibsee jira. Isaanis: Jechoota afaanichaa irratti xiyyeeffachuu, dhamsagoonni jechoota afaanichaa sirnaan qindaa'uu; Ijaarsa jechootaafi dhamjechootaaf xiyyeeffannoo kennuu; irra deddeebiifi kan nama danqan caasaa xinqooqaa afaanichaa keessaa hambisuu; hariiroo hiika jechootaa haala ifa ta'eefi qulqullina qabuun dhiyeessuu; qabiyyee dhiyaachuu qabu guutummaan dhiyeessuu; Fayidaa hiikni caasaa afaanichaa waliin qaban adda baasanii ibsuu kan jedhan fa'i kaa'ee jira.

Bu'uuruma yaada kanaatiin qabiyyee barnoota Afaan Oromoo keessatti faayidaafi akaakuu hennaa ibsuu irratti xiyyeeffachuun kitaaba barnootaa qopheessuun barbaachisaadha. Harmer (1987) akka jedhutti, barsiisonni unka maalii akka barsiisaniifi unkichi tajaajila maaliif akka oolu murteessuun barbaachisaa akka ta'e eera. Akka yaada hayyuu kanaatti qophii kitaaba barnootaa keessatti seerlugni Afaan Oromoo kanneen akka hennaalee dhamjechoota hennaa agarsiisan waliin tokko tokkoon ibsamee barattootaafi barsiisaaf dhiyaachuu qaba jechuudha. Baruu barsiisuu keessatti qabiyyeen kitaaba barnootaa keessatti argaman yeroo yerootti madaalamaa deemuun kitaabicha haala yeroo faana fooyyessuuf murteessaadha. Kunis, hanqinaafi cimina jiru adda baasuun hanqina isaa fooyyessuun cimina isaa qabatanii itti fufuuf gargaara. Bu'a qabeessummaa kitaaba barnootaa tokkoof, kitaabichi ija ogummaatiin xiinxalamee erga madaalamee booda fooyya'uu qaba.

Dabalataanis, Richards (2001) ulaagaalee kitaabni barnootaa ittiin madaalaman ibseera. Kitaabichi fedhii barattootaa; akkasumas, kaayyoofi galma barnoota afaaniitiin kan walsime ta'uu qaba. Dhimma barnoonni afaanichaa baratamuuf kan hojiirra oolchuufi barattoota bu'a qabeessa taasisee kan dhiyeessu ta'uu qaba. Adeemsa afaan baruu barsiisuu haalaan kan mijeessu ta'ee, tooftaa barsiisuu muraasaan kan hindaangeffamne ta'uu qaba. Barnooticha keessatti kan qophaa'uu qabu, qabiyyee afaanichaa kan barsiisuufi kan barataa giddugaleessa godhate ta'uu qaba. Akkuma ibsamoota kanneen irraa hubannutti tooftaan barsiisuu kallattii tokko qofaan kan dhiyaatu osoo hintaane, himoota adda addaa keessatti unka xinqooqaa dhiyeessuun barsiisuun akka danda'amu ibsa. Galma ga'insa baruu barsiisuuf akkaataan dhiyaannaa kitaaba barataa baay'ee murteessaadha. Kitaabni qophaa'u, sadarkaa barataan kan walsimatu, barattoota kan hawwatuufi qabiyyee barattoota mariisisuuf mijatu; akkasumas, irra deddeebii kan hinqabneefi kan barattoota xiinxalsiisu danda'u ta'uu qaba.

Harmer (1987:47) irratti akka ibsetti, kitaabni qophaa'uu kan barattoonni daree barnootaa keessatti waliin mari'achaa yookaan haasa'aa akka baratan taasisu yoo ta'e gaariidha; kunis, karaa kallattiifi alkallattii ta'uu danda'a jedha. Kana jechuun qabiyyeen barnoota qophaa'uu kan barattoonni kallattiin irratti mari'ataniifi fayyadama yookaan galumsa keessa akka barataniif kan qophaa'u ta'uu qaba. Dublin & Olshtain (1986:62) yaada kana dabalataan akka armaan gadiitti ibsaniiru.

*Textbook writers usually decide on the language contents to be included in textbooks based on national policies, scientific data, the demand of society, the nature of the learners, and the*

*learners' stage of development, including their linguistic backgrounds and interests. There are certain criteria which textbook writers have to apply in content selection. Regardless of their curriculum design preference or their philosophical orientation, textbook writers have to apply the following criteria in choosing textbook contents including grammar lessons*

Hennaa Afaan Oromoos kallattiifi barreeffama keessatti dhiyeessuun akka barattoonni ofiin xiinxalanii wanta barbaadame bira ga'an gochuun nidanda'ama. Richards, (2001) haala walsimannaa silabasii barnootaafi kitaaba barnootaa yoo ibsu, hojiin dursaa haala baruufi barsiisuu keessatti silabasii barnootaa qopheessuudha. Sana booda kaayyoo silabasichaa bu'uureffachuun meeshaalee baruufi barsiisuuf oolan qopheessanii barsiisotaafi barattoota wajjin hojiirra oolchuudha jechuun ibsa. Dublinfi Olishtain (1986) akka ibsanitti, immoo kitaabni barnootaa silabasii barnootaa faana walsimatee deemuun isaa madaalamuu qaba; madaalamanii kan walsimatan yoo ta'e hojiirra akka ooluu danda'u, kan walhinsimne yoo ta'e garuu lamaan isaaniyyuu adda addatti xiinxaluufi sababoota garaagara ta'aniif adda baasuun irra deebi'anii qopheessuun akka barbaachisu ibsaniiru.

Hennaa kitaaba barataa keessatti dhiyeessuun caasaa guddina barnoota Afaan Oromoof murteessaadha. Barbaachisummaan caasaa afaanii barsiisuun qabu inni guddaan caasaa afaanichaa eeganii waliigaltee uumuuf gargaara jetti. Kanaaf, hennaa afaan tokkoo adda baasnee hubachuuf dhamjechoonni hennaa agarsiisan haala kamiin akka dhiyaatan kitaaba barataa keessatti dhiyaachuun barsiisonni qorannoo akka irratti geggeessaniifi barattoonni ijaarsaafi caaseffama isaanii akka baratan; akkasumas, unkaalee hennaa gadifageenyaan akka beekaniif gargaara. Unkaafi caasaa hennaa gadi fageenyaan beekuuf immoo waa'ee dhamjechoota hennaa tokko tokkoon qindaa'ee kitaaba barataa keessatti dhiyaachuun barbaachisaadha (Nunan, 1989).

John Atkins (1995) akka ibsutti, caasaa seerlugaa kanneen akka: yeroo, ramaddii, koorniyaa, lakkoofsa, garee jechootaa jijjiiraniifi kkf argisiisan barattootaaf ibsuun barsiisuun gaarummaa qaba jedha. Sababni isaas, sadarkaa kanatti, barattoonni caasaalee kanneen yoo baratan dandeettii afaan isaanii haalaan akka gabbifataniif gargaara. Caasaa hennaa adda baasnee hubachuuf immoo dhamjechoota hennaa agarsiisan kitaaba barataa keessatti gadi fageenyaan kaa'uudha. Sababiin isaas, gargarba'insi hennaa dhamjechoota henna agarsiisan sirriitti ibsuun barbaachisaa waan ta'eefi.

### **2.7.1. Walitti Fufinsaafi Dagaagina Qabiyyee Seerlugaa Jiraachuu**

Walitti fufinsi qabiyyee muuxannoo barnootaa sirriifi filatamaa ta'een sirna barnootaa gahumsa qabu hundeessuu keessatti gahee inni qabu olaanaadha. Walitti fufinsa yeroo jennuus gosa barnootaa tokko keessatti qabiyyee deddeebi'ee kan dhufu ta'ee; garuu gaddachaa kan deemu jechuudha. Walittifufinsa (Continuity) akka caasaa sirna barnootaatti, qabiyyeewwan barnootaaf oolan kutaa murtaa'aa keessattis ta'ee, kutaawwan itti aanan keessatti bifa walitti fufinsa qabaniin ijaaramuu qabu. Sababiin isaas, barataan tokko yaada sana irra deddeebiin yoo barate wanticha gadi fageenyaan akka hubatu isa taasisa.

Kanaafuu, kitaaba tokko keessatti qabiyyeewwan filataman haala walitti fufinsa qabuun caaseeffamuu qaba. Akkasumas, kutaa itti aanu faanas walittifufinsi jiraachuu qaba. Qabiyyeen barnoota afaanii yeroo qindaa'u, gochaalee qabiyyeen kunniin ittiin dhihaatanis waliin filatamuu qabu. Qabiyyeewwan filatamanis kaayyoo barnootichaa waliin kandeemu ta'uu qaba. Kanarraa ka'uun, haala qabiyyee itti qindaa'uu yemmuu ilaallu: oleefi dalgeen (vertical and horizontal organization) ta'uu danda'a (Tashoomaa, 1998).

Qindoomina ole (vertical organization), Qindoominni olee kutaadhaa gara kutaatti guddachaa kandeemuu ta'u isaa agarsiisa. Kana jechuun akkuma kutaan guddachaa deemuun qabiyyeenis salphaadhaa gara walxaxaatti guddachaa kandeemudha. Qindoominni olee dhimmoota ittifufinsaafi walduraa duuba dhufinsa jedhamanii mirkanaa'uu danda'u. Ittifufinsi (continuity) qabiyyeen tokko haala tokkorra deddeebi'ee dhufuusaa kan ilaallatudha. Walduraa duuba dhufinsi immoo, tokko tokkoratti bu'uureeffachuufi guddachaa dhufuu isaa agarsiisa. Qindoomina dalgee (horizontal organization), qabiyyeen achuma keessaatti bal'ina qabaachuu yookaan gosa barumsaa sadarkaa sanatti kennamu waliin walittidhufeenya qabu kan agarsiisudha. Kunis kan madaalamu ulaagaa walitti dhufeenya (integration) jedhamuun. Barnoota afaanii kutaa tokkoratti kennamu gosa barnootaa kutaa sanatti kennamu biro waliini.

#### **2.7.1.1. Haala Walitti Fufinsiifi Dagaaginni Qabiyyee Seelugaa Ittiin Madaalamu**

Walitti fufinsi qabiyyee akkuma gubbaatti kaasuu yaalame walitti hidhatinsa yaadaa yookaan mata dure dhihaate ta'uusaa ilaaluu yaallerra. Haaluma kanaan, walitti fufinsi qofa isaa gahaa akka hintaane fi dabalaa deemuun dirqama akka ta'e ibsa kennameerra hubachuun ni danda'ama.

Kanarraa ka'uun, qabiyyeen dhihaate walitti fufinsaafi dagaagina qabaachuu isaa adda baasuuf; qabixiileen madaallii yookaan safartuun akka itti aanuutti kaa'amaniiru. Isaanis:

- ❖ Qabiyyee duraan dhihaate boqonnaa itti aanuutti deebi'ee dhihaachuu qaba. Sababni isaa yaadicha osoo hinirrafatin gabbifachaa yookaan hubannoo cimsa akka deemaniif fayyada.
- ❖ Akkasumas, kutaa kutaatti walfakkaataa ta'uu qaba.
- ❖ Qabiyyichi gabbachaa deemuu qaba.
- ❖ Qabiyyeen dhihaatu nuffisiisa ta'u hinqabu.
- ❖ Inni tokko isa biraaf ka'umsa yookaan bu'uura ta'uu qaba.
- ❖ Duraa duubummaa qabaachuu qaba. Kunis, boqonnaa gara boqonnaatti yookaan daree gara dareetti walitti hidhachaa yaada haaraa dabalatee dhihaachuu qaba. Kunis, isaa dura ka'umsa godhachuun nuffii malee akka barataniif gargaara.

Haaluma kanaan, qabiyyeen kutaa gadiitii hanga sadarkaa gubbaatti haala tokkoon dhihaatu baay'inaan nimul'ata. Walitti fufinsaafi dagaagina kan jennus kanumaan walqabata. Fakkeenyaaf, dubbisuu yoo fudhannee kutaa gadiitii kaasee qabiyyeen isaa jira. Kunimmoo, boqonnaas ta'ee; kutaa kutaalee hedduu keessaatti nidhihaata. Haata'u malee haalli dhihaannaa isaa kutaa hunda keessatti tokko miti. Kunis, kan mul'isu bakka maratti argamuun isaa walitti fufinsa yoo ta'u, bifa jijjiirrachaa deemuun ammo walitti fufinsa keessatti dagaagina qabiyyee kan ibsudha (Richardsfi Rodgers, 2001).

Kanarraa ka'uun, fakkeeniyuma gubbaatti kenname cimsuuf dhihaannaa caasluga kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 ilaalchisee: fakkeenyaan haa ilaallu. Henna, boqonnaa duraa keessatti gosota henna keessaa tokko dhiheessuu nidanda'ama. Kan itti aanu keessatti gosuma kanaa kan biraa dhiheessudha. Bifu kanaan kutaa gara kutaattis qabiyyicha cimsaa gosa kanneen dhiheessudha. Kana bu'uureffachuun, walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee kitaabilee kanneen keessaatti mul'atan adda baasanii kallattii qabasiisuun muurteessaa ta'uu isaati. Kanaaf haalli kitaabni itti dhihaachuu qabu mataasaa kallatti kan nama qabsiisu waan ta'eef miira xiyyeeffannoo qabuun akka qophaa'u karaa namatti kan agarsiisudha.

### **2.7.1. 2. Fayidaa Walitti Fufinsaafi Dagaagina Qabiyyee**

Akka hayyoonni ibsanitti, muuxannoo barnoota gaarii karaa quubsa ta'een hundeessuuf dhimmoonni ijoo ta'an sadi guutuu qabu. Isaanis: walitti fufinsa, dagaaginaafi walunannaadha.

Kunis, gosa barnootaa tokko keessatti qabiyyeen dhihaatu walitti fufinsa hinqabu taanaan hariiroon boqonnaadhaa boqonnaa akkasumas, kutaafi kutaa gidduu jiru adda citaa ta'a. Kun ammoo, akka barataan waanbaratu sana sirnaan hinhubanne gochuu keessatti gahee olaanaa taphata. Kanaaf, meeshaalee barnootaa qopheessuu keessaatti walitti fufinsi qabiyyee daran barbaachisa ta'uusaa nuhubachiisa. Haaluma kanaan, walitti fufinsi qabiyyee qofaa isaa gahaa miti. Kanaaf, walitti fufinsa keessatti gabbinni yaadaa yookaan dagaaginni qabiyyeewwanii jiraachuu qaba. Sababiin isaas walitti fufinsa sana keessa yaanni haaraa damee horachaa deemuu qaba. Sana ta'u baannaan barataan waan haaraa waan hinarganneef, barumsicha ninuffa; nituffata, nijibba. Kanaaf, akkuma kutaa tokko keessatti boqonnaarraa boqonnaatti akkasumas, kutaarraa gara kutaatti walitti fufinsi qabiyyee barbaachisuu; bakka lamaanittu walitti fufinsa keessatti dagaaginni qabiyyee barbaachisadha.

Kanamalees, akkuma walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee barbaachisa walunaannanis dhimma jiraachu qabudha. Walunannaan dhimma walittidhufeenya bu'ura muuxannoowwan barnootaa sirna barnooticha keessa jiran qaban kan ilaallatudha. Walunannaan muuxannoowwan barnootaa; muuxannoowwan barnootaa mataa isaanitiin akka waldeeggaran, inni tokko isa biraa akka cimsuufi walijaaraa akka deeman taasisa. Walitti qabaatti, dhimmoonni kun sadan: walitti fufinsa, dagaaginaafi walunaannaan qabiyyee muuxannoo barnootaa sirrii ta'e hundeessuu keessatti safartuu ta'uun isaanii waan dagatamuu hinqabnedha.

### **2.7.2. Haala Qophii Gilgaalota Seerlugaafi Gosoota Gilgaalaa**

Akka Nabiyyuu (2017) MarriamWebster (2003) wabeeffachuun ibsetti, gilgaala jechuun ga'umsa ykn dandeettii gama barnootaatiin guddifachuu yookaan fooyyeffachuuf hojii hojjetamudha jechuun ibsa. Gilgaalli kaayyoo murtaa'aa tokko galmaan ga'uuf hojii hojjetamudha. Bu'uun gilgaalaa barnoota afaanii keessatti baay'ee barbaachisaa ta'ee, yeroo qophaa'u, salphaa irraa gara walxaxaa ta'etti dhiyaachuu qaba. Akkasumas, gilgaalli kutaa hojii isa xiqqaa kaayyoo murtaa'e qabuufi qaama koorsii barnootaa keessaa isa tokko ta'ee kan ilaalamudha. Akka Ellis (2003) ibsutti gilgaalli kan galmi afaanii barbaadame waliin dubbiin barattootaan bu'aan itti argamu karoora hojiiti. Innis qooda fudhannaa isaa dursa hiika kennuurratti kan xiyyeeffatu ta'ee, adeemsa itti fayyadama afaanii addunyaa dhugaa keessatti itti hirmaataniifi ogummaawwan afaanii bu'uuraafi gooree barsiisuuf qooda guddaa kan qabudha.



Adeemsi barnoota afaanii ammoo, gochaalee gilgaalaan dhiyaatan dalaguu, shaakaluu irratti kan xiyyeeffatedha. Itti dabalees, Nunan (1989), akka ibsitetti gilgaalli dalagaa barattoonni ciicata barnootaa argataniin haala qabatamaa keessatti dalagan kan murteessu gaaffilee adda addaati. Tooftaan afaan barachufi barsiisuu durii seerluga barsiisuuf unkarratti hundaa'a. Kanaaf qaama seerlugaa barsiisuuf kitaaba barnootaa keessatti tarreessee eenyu akka dhiheessu beektonni ni ibsu. Mala durii keessatti xiyyeeffannaan unkaa seerlugaaf waankennamuuf gilgaala shaakaluurra ibsaaf bakka kenna. Gilgaalonni shaakalaaf dhihaatanis, kan adeemsa keessa seerluga barsiisuuf qophaa'an osoo hintaane, kan bakka unkaa tokkoo irratti xiyyeeffatanidha (Richard and Renandya, 2002).

Haata'u malee, malli yeroo ammaa afaan barachuufi barsiisuuf hordofamaa jiru, mala afaan waliigalteef barsiisuu akka ta'e ibsameera. Nunan (1989) akka ibsitetti, afaan kaayyoo tokko, qabiyyee mijataafi adeemsa hojii murta'aan baratamuuf caaseffame gilgaalotaan gaggeeffama. Kanaaf, dalagaaleen karoora hojii hedduun kanneen adeemsa kaayyoo afaan barachuu hunda sissi'eessuuf gargaaran gilgaalota salphaafi ifoo ta'an irraa gara ciccimoofi walxaxaa ta'anitti qindaa'uun dhihaatanidha. Karaa biraatiin, barattoonni cicata gilgaala irraa argataniin haala qabatamaan dalagaa addaddaa hojjechuu danda'u.

Gilgaalonni barnootaaf dhihaatan hanga danda'ametti haala qabatamaa dhugaan walitti kandhihaatan ta'uu qabu. Richardsfi Renandyan (2001) akka ibsanitti, gilgaaloonni (dalagaaleen) gocha barattoonni odeeffannoo adeemsa barumsaan argatan gargaaramuun waan barataniin milkaa'uuf raawwatanidha. Adeemsi barnoota afaanii ammoo, gochaalee gilgaalaan dhihaatan dalaguu shaakaluu irraatti kan xiyyeeffatedha. Meeshaalee barnootaa afaan barsiisuuf qophaa'an qabiyyeewwan qindeessuuf adeemsa afaan barachuu tilmaamame keessatti dalagaawwan gilgaalotaaf xiyyeeffannaa kennu. Sababnisaa, unka afaanii barnootaaf dhihaatu gilgaalotaan shaakalamuun baratama. Kanaafuu, haalli gilgaalli itti qindaa'ee shaakalamu adeemsa barnootaa mul'isuu danda'a jechuudhaan ibsanii jiru.

Akka yaada ogeeyyii kanaarraa hubachuun danda'amutti, gilgaalli dalagaa barnoota afaanii keessatti raawwatamu ta'ee; kitaaba barnootaatiin qindaa'ee kandhihaatudha. Yaadni Richardsfi Renandya (2001), Nunan (1989), armaan olitti ibsanis maalummaa gilgaalaarratti kan waliigalan yemmuu ta'u; dhiheenya sadarkaa isaa eeggate barnoota afaanii keessatti barbaachisa akka ta'e kan nama hubachisudha. Nunan(1989), akka ibsitetti gilgaalli dalagaa barattoonni ciicata

barnootaa argataniin haala qabatamaa keessatti dalagaan kan murteessu gaaffilee addaddaati. Waan kana ta'eef, gilgaalonni barnootaaf dareetti dhihaatan haala qabatamaa dhugaan walfakkaachuu qabu.

Malli yeroo ammaa afaan barachuufi barsiisuuf hordofamaa jiru, mala afaan waliigalteef barsiisuuti. Akka Nunan (1989), ibsitetti, mala afaan waliigalteef barsiisuu keessatti dhihaanaan dalagaa irratti hundaa'e gilgaalaaf bakka guddaa qaba. Dhihaannaa kana keessatti adeemsi barachuufi barsiisuu gocha barattoonni dalaguun afaan baratan irratti kan hundaa'edha. Gochi ammoo, gilgaala addaddaa dalaguudha. Dhihaannaa afaan waliigalteef barsiisuu kanaan barsiisuuf barsiisaan qaama afaan baratamuuf gilgaalota qindaa'an dhiheessa; barattoonni ammoo, gilgaalota dhihaatan dalaguu keessa afaan baratu. Nunan (1989), gilgaalota kana akka armaan gadiitti ibsite.

#### **2.7.2.1. Gilgaalota Odeeffannoo Hir'ate Guutuuf Dhihaataniifi Sababa Ibsuu Barbaadan**

Gilgaalonni gosa kanaa odeeffannoo nama tokko irraa nama biraatti yookiin bakka irraa bakka biraatti qaxxaamursuu kanneen danda'anidha. Sababiin isaas, odeeffannoo barataan tokko beeku, barataan biraa beekuu dhiisuu waan danda'uuf wanta beekaniifi muuxannoo akka waljijjiiran taasisa. Kunis gilgaala akka hojii cimtii hojiichisutti ilaala. Hojii cimtii keessatti ammoo, barattoonni hundi waliin dubbachuun, odeeffannoo barbaadame kennuu keessatti qooda fudhatan qabu. Fakkeenyaaf, fakkii hinxumuramne tokko dhiheessuun ergaa isaa akka afaaniin ibsan taasisuudha. Gosni gilgaalaa inni biroon kan sababa ibsuu barbaadani. Gosni gilgaalaa kun ammoo, odeeffannoo dhihaaterratti hundaa'uudhaan odeeffannoo haaraa akka maddisiisan taasisuuf sababa qabatamaa dhiheessuudha (Nunan, 1989).

#### **2.7.2.2. Gilgaalota Yaada Ofii Ibsuu Gaafatan**

Gaaffiilee gilgaalota gosa kanaatiin dhihaatan haala dhihaate keessatti deebii fedhii, miiraafi ilaalcha kan adda baasanidha. Kan ammoo, odeeffannoo qabatamaa fayyadamuun yaadaa ofii ibsuuf gargaara. Haata'u malee, bu'aan isaa sirrii ta'uu yookiin sirrii ta'uu dhabuu kan mul'isu adeemsa tokko ta'e hinqabu. Fakkeenyaaf, seenaa jalqabamee takko yaada mataa ofiitiin xumuruu, marii dhimma hawwasummaa addaddaa keessatti qooda fudhachuu ta'uu danda'a. Haaluma walfakkaatuun, Nunan (1989), gilgaalonni barnootaa akkaataa hubannoofi dandeettii barattootaa irratti hundaa'uun qindaa'ee sadarkeeffama. Adeemsa tartiibeessuufi qindeessuu gilgaalota hubannoo irratti hundaa'an irraa ka'uun gara gilgaalota to'annaan dalagamaniitti

adeemama. Dhuma irratti ammoo, gilgaalota waliigaltee dhugaatti barattoota hirmaachisanitu dhahaata.

Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti, gilgaalli barnoota dareetti barataaf dhihaatu sadarkeeffamuun qindaa'uu qaba. Haalli ittiin sadarkeeffamuu ammoo, hubannoofi dandeettii barattootaarratti kan hundaa'ee ta'uu qaba. Innis, sadarkaa bilchina sammuu fi hubannoo barattootaa xiyyeeffannaa keessa kan galche ta'ee; yaada kamtu dura dhufuufi kamtu itti aanee dhufuu qaba kan jedhuun kan walqabatedha. Sababni isaa, hubannoofi dandeetti barattootaa sadarkaa tokkooffaafi barattoota sadarkaa lammaffaa kan walgitu miti. Waan kana ta'eef, sadarkeessuun hubannoofi dandeettii barattootaa kan giddu galeessa godhate ta'ee; hiika jechootaa akkaasumas, ogummaa afaanii kamiyyuu sadarkaa sadarkaan qindeessuun kan walqabatedha. Karaa biraa, gilgaalonni salphaa irraa gara cimaatti, yaada ifaa ta'e irraa gara yaada walxaxaatti, yaada murtaa'aa irraa gara yaada dimshaashaatti qindaa'uu qabu (Nunan, 1989).

Walumaagalatti akka yaada hayyootaatti gilgaalli afaan itti shaakalamuun baratamu haala adda addaan akka dhihaatu lafa kaa'amee jira. Kana irratti hundaa'uun gilgaalli barnootaa bifa ittiin dhihaateefi qaama afaanii baratamu shaakalchiisuun amaloota qabaachuu qaban yaada hayyootaa bu'uureffachuun amala isaa tarreessuun ni danda'ama. Kunis, gilgaalonni barnoota afaanii gaariin, barattoonni ogummaa afaanii barataniin hojjechuufi shaakaluu akka danda'an kan isaan taasisu; haala qabatamaa jiru irratti hundaa'uudhaan kan dandeettii walii galtee daree barnootaa keessatti shaakalchiisu; barattoonni rakkoo furuun gara yaada xumuraatti akka ce'an kan hirmaachisu; wantoota qabatamoo yookiin dhugaa ta'an irratti kan hundaa'u; barattoonni akka odeeffannoo waljijjiira kan hirmaachisu; barattoonni akka irra deddeebi'anii shaakalan kan isaan taasisudha. Akka Nunan ibsitetti, gilgaalonni barnoota afaanii keessatti ogummaan afaanii barnootaaf dhihaate kan ittiin shaakalamu waan ta'eef, bakka guddaa qaba. Gilgaalonni haala barataan shaakaluu danda'uun dhihaachuun isaanii amala gilgaala gaarii isaan jechisiisu akka qabaatan yaada armaan oliirraa hubachuun nidanda'ama.

## 2.8. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Creswell (2007) sakatta'a barruu yoo ibsu, barruu walfakkii sakatta'uun barruulee namootaa garagalchuu miti. Garuu, yaada isaanii sana irraa ka'uun yaada ofii maddisiisuudha yaada jedhu ibsa. Bu'aan kanaa immoo, qorannoo tokko yeroo hojjetan qorannoowwan mata duree sanaan walitti dhufeenya qaban ilaaluun kan ofii gabbifachuuf ga'ee ol aanaa qaba. Qorannoolee kanaan walfakkaatan akka adeemsa qorannichaatti mataduree tokko jalatti argamuu baatan illee, warreen mata duree kanaan hidhata qabu jedhamanii yaadaman sakatta'amaniiru. Barruuleen kunis walitti dhufeenya xiinxala seerlugaafi sakatta'a isaa waliin jiru malee, kallattiidhaan xiinxala hennaa kitaaba barataa kutaa kanaa irratti kan xiyyeeffate hinjiru.

Barruuleen qorannoo kanaa waliin caalmaatti firoomina qaba jedhamee ilaalamu, "*Sakatta'a unkaafi caasaa hennaa kitaaba barataa kutaa 11fi 12*" jedhudha. Innis, hennaa dhiyaate kitaaba keessaa sakatta'uu irratti xiyyeeffachuun Margaa (2009) adeemsisee jira. Haa ta'u malee, xiinxala kan adeemsise osoo hintaane, sakatta'uun dhiyeesse; kitaaba barataa kutaa 9fi10 irratti kan xiyyeeffaate miti. Qorannicha keessatti, cimina hennaa dhiyeessuu keessatti kitaabichi qabu lafa hinkeenye, kun immoo kitaabni guutummaatti hanqina qabaachuu waanhindandeenyeef, ciminni kitaabaa bakka itti jajjabeeffamu ibsamuutu irra ture. Walumaa gala xiyyeeffannoon isaa kutaa kana ta'uu baatus qorannoon kun kaawwan caalaa firoomina qaba jechuun qorataan fudhateera.

Mata duree kanaaf barruun firoomina qabu biroon, qorannoo, Sukkaaree (2005), "*xiinxala dhiyaannaa dhamjechoota kitaabolee barataa kutaa 9ffaa fi 10ffaa*" jedhu irraatti qorannoo adeemsiftee jirtudha. Mata duree kana irratti qorannoo gaggeessiteen yaada ishii dhamjechoota hennaa hamma tokko ibsiteetti. Argannoo ishiitiin haala dhiheenya dhamjechoota Afaan Oromorratti hanqinni jiraachuu isaa eertee jirti. Akkasumas kitaaba barataa Afaan Oromoo keessatti qabiyyee dhamjechootaafi dhamjechoota barsiisuu ilaalchisee qabxiileen dhiyaatan muraasa ta'uu isaafi garaagarummaa qabaachuu isaanii adda baasteetti. Argannoo ishii irraa ka'uun immoo, qopheessitoonii yeroo kitaaba qopheessan ulaagaalee meeshaaleen barnootaa tokko guutee diyaachuu qabu ilaalcha keessa galchuun qopheessu akka qaban eertee jirti. Kanaaf gama dhamjechoota hennaatiin hidhata waanqabuuf, hamma tokko mata duree qorannoo kanaa wajjiin walfakkaata.

Dabalataan immoo, qorannoo dhiyaannaa seerlugaa ija walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyeetiin xiinxalli Kitaaba Barattota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 irratti Beetel Malkaamuu (2010) gaggeeffamee ture. Qorattuun qorannoo isheetiin ija walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyeetiin seerlugni dhiyaate maal akka fakkaatu xiinxalteetti. Qorannoo isheetiin kan adda baafte keessatti immoo, dhihaanna barnootaa yeroo jennuu, barnoota Afaan Oromoo keessatti kaayyoo afaan baratamuuf giddu galeessa gudhachuun; galma ga'iinsa kaayyoo sanaatiif akkaataa kitaabni barnootaa duraa duuba eeguudhaan qabiyyee barnoota seerlugaa dhiyaatan adda baasteetti. Haata'u malee, seerluga hunda irratti gadifageenyaan xiinxaluuf humna waan gaafatuuf seerluga jiran keessaa filatanii hojjechuun qorannichi qulqullina akka qabaatu taasisa. Kanaafuu qorannoon kun seerluga jiran keessaa hennaa qofa xiinxaluudhaan addummaa qaba.

Haala seerluga dhiyeessuu irratti, Dirribaa (2008), qophii meeshaalee barnootaa irratti qorannoo adeemsiseera. Meeshaalee barnoota afaanii ilaalchisee yaada yemmuu kennu; meeshaalee barnoota afaanii sadarkaa isaanii eeggatan osoo hindhiheessin barnoota afaaniirraa bu'aa gaarii eeguun akka hindanda'amne hubachiisee jira. Akka ibsa qorannichaatti, ogummaan afaanii fedhii barattootaafi bu'aa ogummaa barataa sanarraa eegamu argamsiisuuf haalliifi sadarkaan meeshaaleen barnootaa itti qophaa'aniifi dhihaatan murteessa ta'uusaa kan mul'isudha. Dhihaannaa meeshaalee barnootaa keessaa ammoo hojii baruufi barsiisuu keessatti gahee bakka hinbu'amne kan qabu kitaaba barnootaati.

Kanaaf, meeshaalee barnootaa qopheessuu keessatti walittifufinsi qabiyyee daran barbaachisaa ta'uusaa nuhubachiisa. Haaluma kanaan, walitti fufinsi qabiyyee qofaasaa gahaa miti. Kanaaf, walitti fufinsa keessatti gabbinni yaadaa yookaan dagaaginni qabiyyeewwanii jiraachuu qaba. Sababnisaas, walitti fufinsa sana keessa yaanni haaraa damee horachaa deemuu qaba. Kun ta'uu baannaan barataan waan haaraa sababa hinarganneef, barumsicha nituffata; ninuffa; nijibba jechuun ibsa.

Walumaagala barruun firoominaa mataduree kanaan hariiroo qaban sakatta'amaniiru. Sakatta'a taasifameen qorataan qorannoo xiinxala dhiyaannaa hennaa kitaabota barattoota kutaalee 9fi 10 kan jedhu irratti xiinxalli adeemsifame akka hinjirre hubateera. Hojiileen qorannoo qoratichaan adeemsifaman tokko sakatta'a henna kitaba birooti. Kun immoo kallaattiin kitaaba kana irratti waan hinadeemsifanneef rakkoo kitaabichaa furuu hindanda'u. Inni biroon immoo kutaadhuma

kana irratti serluga irratti kan adeemsifame, guutummaatti waa'ee henna lafa kaa'ee waan hinjirreef hanqina qaba.

Sababiin isaas, qorannoo tokkoon waa'ee seerlugaa ibsuun ulfaataa waan ta'eefi. Akkasumas haala meeshaaleen barnootaa, keessumaa kitaabni seerluga ittiin dhiyeessuu qabu irratti qorannoon dhiyaateera. Kunis gosoonni seerlugaa kitaabolee keessatti akkamiin akka dhiyaatan bifa walqixxummaa qabuun diyeessuu waan hindandeenyeef hanqina qaba. Qorannoo kana keessatti ammoo, kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9fi 10tu ija seerlugni Afaan tokkoo ittiin dhiyaachuu qabuun qabiyyee hennaatu xiinxalamee dhiyaate. Xiinxala taasifame keessattis haala dhiyaannaa caasaafi unka henna, moggaasa isaanii, cimina mul,atu, akkaataa qabiyyeen kutaatii gara kutaattiifi, kutaadhumaa tokko keessatti itti tarkaanfate, toftaa gilgaalonni ittiin dhiyaatan, maleenya ittiin dhiyeesse, xiinxalee yaada hayyootaan deeggaree dhiyeessuun adda taasisa.

## BOQONNAA SADI: MALA QORANNOO

Boqonnaa kana keessatti: saxaxa qorannichaa, madda ragaa, iddattoofi mala filannoo iddattoo, meeshaalee funaansa ragaalee, malleen qaaccessa odeeffannoofi akkaataa odeeffannoon ittiin qaacceffaman duraa duubaan dhiyaataniiru.

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo isaa irratti hunda'uun namni qorannoo adeemsisu tokko malleen qorannoo garagaraatti gargaarama. Kanneen keessaa mala ammamtaafi akkamtaa maqaa dhahuun nidanda'ma. Malli ammamtaa ragaa lakkoofsaan safaramu funaanuuf kan gargaaruu yammuu ta'u; malli akkamtaa ragaalee lakkoofsaan hinibsamne sassaabuuf kan ooludha. Malleen qorannoo kanneen lamaan waliin makuudhaan adeemsi qorannoo gaggeeffamu ammoo mala makoo jedhama (Addunyaa, 2011). Qorannoo isaa galmaan ga'uuf qoratichi, malleen olitti eeraman keessaa qorannoo akkamtaa fayyadame. Sababnisaas, kaayyoon qorannoo kanaa hennaaleen barnoota A/Oromoo kitaaba barattootaa kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> keessa jiran xiyyeeffannoo qabiyyee dhiyyeessuutiin maal akka fakkaatu jechaan ibsuu waan dhiyeesseefi. Malli kun gaaffiiwwan “Maaliif? Akkamitti? jedhuuf deebii laachuuf filatamaadha. Dabalataanis, dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan mara jechaan kan ibsu mala kana. Creswell (2007) mala kana yoo ibsu, “*We conduct qualitative research because we need a complex, detailed understanding of the issues and allowing to tell the stories what we have read in literature,*” jedha. Kana jechuun qorannoon akkamtaa kan geggeeffamuuf dhimma walxaxaafi hubannoo gadifageenyaa barbaaduufi. Akkasumas, seenaa waantokkoo ilaalchisuun sakatta'a barruu irraa yaada argameen dhugoomsuuf gargaara.

Dabalataan, Zulton (2007) mala qorannoo akkamtaa yoo ibsu, “*Qualitative research involves data collecting procedures that result primarily in open-ended non numerical data which is analyzed primary by non statistical methods*” jedha. Haaluma kanaan immoo, kaayyoon qorannoo kanaa haala dhiyaannaa hennaa kitaaba barattootaa kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> keessatti, haala hennaan ittiin dhiyaate mala qorannoo kanaan xiinxaluun dhiyeesse. Akaakuun qorannoo kanaas, dameewwan xinqooqaa keessaa xinqooqa ibsaa (descriptive linguistics) gargaarameera. Qabanni isaas, xinqooqni ibsaa faayidaafi caasaa afaanii karaa loogii hinqabneen ibsu irratti ibsa gahaa kenna; dhamsagaa kaasee caasaa afaanii hanga himaatti jiran akkaataa barreeffamaa waliin jechoota irratti xiyyeeffachuun ibsa kenna. Kanaaf, hennaa Afaan Oromoof caasaa afaanichaa

irratti hundaa'uun ibsa gahaa kennuuf damee xinqooqaa keessaa dameen kun filatameera (Addunyaa, 2011). Mala qorannoo tokkoo bu'uureffachuun meeshaaleen odeeffannoo sakatta'insaa gargaaramuun dhihaannaa qabiyyee hennaa kitaaboleen barattootaa Afaan Oromoo yommuu xiinxalaman; barsiisonni kitaabichaan barsiisan gama dhiyaannaa hennaalee ilaalchisee rakkoolee yookiin hanqinaalee jiranirratti gaaffilee gaafatamaniif akka deebisan taasifameera. Haala dhihaannaa hennaa kitaabota barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9fi10 keessatti dhiyeeffaman ulaagaa seerlugni tokko ittiin dhiyaachuu qabuun yoo dhiyaatan maal akka fakkaatan irratti xiinxalli yemmuu gaggeeffamu: meeshaalee ragaan ittiin funaanameefi dhihaatu, akkaataa iddattoo filachuu, mala ragaa qindeessuufi qaccessuu ibasamaniiru. Walumaagala, qorannoo kana gaggeessuuf boqonnaa kana keessatti madda ragaalee, tooftaawwan iddattoon ittiin filataman, meeshaalee ragaan ittiin funaanaman, malli qindaa'ina ragaaleefi haalli ittiin qaacceffaman dhiyaataniru.

### **3.2. Madda Ragaa**

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaafi lammaffaadha. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'a jedhamee akka madda ragaa tokkoffaatti kan qorataan dhimma itti ba'e, sakatta'a kitaabota barattootaa kutaa 9<sup>ffaa</sup> 10<sup>ffaa</sup> bara 2005 qophaa'edha. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas kitaabota kunneen ija seerlugni Afaan tokkoo ittiin dhiyaachuu qabuun walbira qabamee xiinxalame. Deeggarsa yaada kanaaf, Dastaan (2013) "*Odeeffannoon guutummaatti kitaaba qorannichi irratti geggeeffamuuf filame keessaa argama,*" jedha. Kanaaf, qorataan kitaabota barattootaa akka madda ragaa tokkoffaatti gargaaramee qorannoo kana gaggeesse. Xiinxala taasifame keessattis haala hennaan, kitaabolee barnootaa keessatti ulaagaa kitaabni barnootaa guuttachuu qabuun: moggaasa isaanii, akkaataa qabiyyeen kutaatii gara kutaattiifi, kutaadhumaa tokko keessatti itti tarkaanfate, toftaa gilgaalonni ittiin dhiyaatan xiinxale. Kana malees, kaayyoo qorannichaa dhugoomsuuf madda ragaa lammaffaa ta'ee afgaaffiin barsiisotaaf dhiyaateera. Sababni isaas, barsiisonni kitaabicha barsiisaa jiran hanqinaalee gama hennaatiin kitaabilee kanneen keessatti argaman adda baasanii ni ibsu jedhamee waanyaadameefi.

### **3.3. Iddattoofi Mala Filannoo Iddattoo**

Akkuma daangaa qorannichaa jalatti ibsamuuf yaalame, kanneen qorannoon kun ilaallatu hunda irratti qorannoo adeemsisuus ta'ee, odeeffannoo guuruun bu'a qabeessummaa isaa daran akka



cimsu beekamaadha. Haata'u malee, matadureen yoo daangeffamuu baate, humna qorataatii ol ta'a. Sababiin isaas, qorannoon yeroo, baajataafi meeshaalee barbaachisan gahaatti argachuu waan gaafatuufidha. Kanaafuu, iddattoo gargaaramuun barbaachisaadha. Qoratichi qorannoo kana geggeessuu keessatti iddattoon dhimma itti bahe gosa iddatteessuu mitcarraa keessaa hammargeetiin filaman. Kun kan ta'eef, mata dureen qorannoon irratti gaggeeffamus ta'ee, kan odeeffannoon irraa funaanamu kallattiidhaan namoota waa'ee mata durichaa beekaniifi kitaabolee jiran keessaa kan rakkoon keessatti mul'ate waan ta'eefi.

### **3.3.1. Kitaaba Barattoota Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> 10<sup>ffaa</sup>**

Qoratichi qorannoo kana geggeessuuf kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> irratti qorannicha geggeesse. Akkuma daangaa qorannoo keessatti ibsamuuf yaalametti, kitaabolee barnootaa hunda irratti qorannoo gaggeessuun dhibaa ta'uu mala. Sababiin isaas yeroofi baajata cimaa waangaafatuufi. Kanaafuu, kitaabolee jiran keessaa kitaabni qorannoon irratti gaggeeffamu mala filannoo iddattoo hordofuun filatamee qorannoon adeemsifamuu qaba. Haaluma kanaan qorataan kitaabolee kanneen filachuuf malli dhimma itti ba'e, gosa iddatteessuu keessaa mitcarraa keessaa hammargeedha. Kun kan ta'eef, kitaabonni mataduree eerameen rakkoon keessatti mula'ate kan kutaa salgaffaafi kurnaffaati. Malli iddattoo kanaa gosa iddatteessuu mitcarraa keessatti, qoratichi ta'e jedhee carraadhaan ala ofiisaatii iddattoo kan filatuudha. Dabalataan, iddatteessuun mitcarraa yeroo baay'inni jamaa hinbeekamne yookiin tokko tokkoon addaan baasuufis rakkisaa ta'u kan fayyadamnudha (Dastaa , 2013).

Kitaabni barataa A/Oromoo Kutaa 9-12 Ministeera Barnootaan bara 2005/2012 qophaayee manneen barnootaa Oromiyaa keessa jiran hundaaf bifa walfakkaatuun dhiyaate. Haaluma kanaan, kitaabni qorannoon kun irratti gaggeeffame kitaabota barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> bara 2005 qophaa'an irratti mala iddatteessuu eerameen fuulleffate. Sababni qoratichi kitaabilee kanneen filateef ammoo, kitaabilee kanneeniin yeroo barsiisaa turetti kutaa seerluugaa kitaabolee barattootaa keessatti dhiyaannaan qabiyyee hennaa hanqina qabaachuun isaa waan itti mul'ateefi. Fakkeenyaaf, unkaan deeggaramuu dhabuun caasaa hennaa, walitti fufinsaafi dagaagina qabaachuu dhabuun kutaa gara kutaatti taasifamuufi boqannaalee gidduu jiru, moggaasni maqaalee gooroowwan hennaa ibsuuf kenname bakka tokko tokkotti iftoomina dhabuun, akkasumas, tooftaalee gilgaalota madaallii adda addaatti fayyadamuun karaa shaakala barattootaaf carraa bal'aa kennuun dhiyeessuurratti xiyyeeffannaan

kenname quubsa akka hintaane qoratichi adeemsa muuxannoo baruufi barsiisuu keessatti horateen hubatee jira. Kana yaada keessa galchuun qorataan qorannoo kitaabota barattootaa kanneen lamaan irratti gaggeessuuf iddatteffatee qorannoo gaggeesse.

### **3.3.2. Mala Filannoo Qabiyyee Hennaalee**

Qabiyyeewwan seerlugaa kitaabolee barataa kutaa 9-10 keessatti barsiifaman hedduudha. seerluga kitaabota kanneen keessatti hammataman irratti yeroo tokkoon qorannoo adeemsisuun humna guddaa gaafata. Kanaafuu, qoratichi qabiyyee jiran keessaa, dhiyaannaan qabiyyee hennaalee Afaan Oromoo kitaabota kanneen keessatti maal akka fakkaatan maluma iddatteessuu hammargeetti fayyadamuudhan filate.

### **3.3.3. Barsiisota Mana Barumsaa Sulutaa Sad. 2<sup>ffaa</sup>**

Addunyaa, (2011) haala iddattoon itti filatamuu qabu yoo ibsu, qorataa qorannoo isaa yeroo gaggeessu qorataafi kan qorannoon irratti gaggeeffamu iddoofi yeroon walitti kan fide yoo ta'e haala mijataa uuma jechuun ibsee jira. Bu'uuruma yaada kanaatiin, akkuma kitaabolee barataa, qorannoo kanaaf madda ragaa amanamoo ta'u jedhamanii kan yaadaman barsiisota Afaan Oromoo barsiisanidha. Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan keessaas xiyyeeffannan qorannoo kanaa kanneen Mana Barumsaa sad. 2<sup>ffaa</sup> Sulultaatii barsiisaanidha. Sababiin isaas, qoratichaa odeeffannoo funaanuuf itti dhiyoo waanjiruuf filatamani. Haaluma kanaan, baay'inni barsiisota Mana Barumsaa Sulultaa sad. 2<sup>ffaatti</sup> barsiisanii walumaa galatti jaatamii shani. Isaan keessaa kallattiidhaan akka kaayyoo qorannichaatti barsiisonni hundi irratti hirmaachuu waan hindandeenyeef qorataan barsiisota kitaabota kanaan barsiisan qofa maluma hammargeetti gargaaramuun filatee qorannoo geggeesse. Haaluma kanaan, baay'inni barsiisota mana barumsaa kanatti Afaan Oromoo barsiisan shani. Isaanis, lama dhiira yoo ta'an, sadii dubartoota. Sadarkaan barnootaa barsiisota kanneenii gosa barnootaa Afaan Oromootiin digirii lammaffaa barachaa kan jiran dubartoota lamaafi dhiira lama yoo ta'an, tokko immoo, digirii jalqabaati. Kanaafuu qorataan hunduma isaani iddattoo qorannichaa taasifateera. Sababni isaas, shanan isaanii iyyuu, barsiisaa waan jiraniif hubannoo qabu jedhee waanyaadeefi.

### **3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaa**

Meeshaaleen funaansa odeeffannoo kamiyyuu dhibbaa dhibbatti odeeffannoo sirriifi fudhatamaa argamsiisuuf ga'aa ta'e Kumar (1996) yoo ibsu, "*None of the methods of data collection*

*provides 100 percent accurate and reliable information,*” jedha. Yaada kanarraa meeshaaleen odeeffannoo funaanuu kamiyyuu hanqina qabaachuu akka danda’an hubanna. Haata’u malee, qorannoo kana geggeessuuf qoratichi meeshaalee mijatoofi odeeffannoo gahaa ni argamsiisu jedhee kan filate sakatta’a kitaabaafi afgaaffiitti dhimma ba’e.

#### **3.4.1. Sakatta’a Kitaabota Barattootaa Afaan Oromoo**

Adeemsa qorannoo kana keessatti, maddi ragaa inni jalqabaafi bu’uuraa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 bara 2005 maxxanfamee amma barsiifamaa jirudha. Qorannoon kunis maxxansuma kanarratti xiyyeeffachuun qorannoof kan qophaa’edha. Dhihaannaa hennaa kitaabota kanneen keessatti mul’atan ilaalchisee, qoratichi ragaa funaanuuf kitaabota barataatti fayyadameera. Gama kanaan ragaalee barbaachisuufi quubsaa ta’an argachuuf qabxilee mirkaneessa sakatta’insa dhihaannaa hennaa agarsiisan dursee qopheeffachuun sakatta’insi akka gaggeeffamu taasifame. Kan irratti hundaayee qopheeffame hennaan Afaan Oromoo moggaasni gooroofi gooreewwan hennaa, walitti fufinsaafi dagaaginni kutaa gara kutaa akkasumas boqonnaa gara boqonnaatti jiru maal akka fakkaatu, kunis, dhihaannaan hennaa kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaalee kanneenii boqonnaalee jiran keessatti ibsa bal’aa waliin dhihaachuufi dhiisuu isaanii agarsiistuu gabatee fayyadamuun kaa’ame.

#### **3.4.2. Afgaaffii Barsiisotaa**

Afgaaffiin namoonni lama yookiin isaa ol walitti dhufuun yaada sammudhaa qaban tokkorratti kan waliin dubbatan ta’uu Kumar (1996) yoo ibsu, *“Any person-to-person interaction between two or more individuals with specific purpose in mind is called an interview,”* jedha. Kanuma itti dabalun, meeshaan odeeffannoo funaanuu kun gaaffii afaaniin dhiheessuufi afaaniin deebii kennuurratti kan hundaa’eefi caalmaadhaan qorannoo gadi fageenya barbaaduuf kan oolu ta’uu ibsa. Bu’uura yaada kanaatiin, mata duree kana irratti meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanamu kan biraa afgaaffii baarsiisotaati. Sababiin afgaaffiin barsiisota kanaaf dhihaateef ammoo, yaada barsiisonni kennan ragaalee kitaabaa waliin walbira qabuun ragaa gabbataafi qabatamaa ta’e argachuufidha. Afgaaffiin dhihaate kun barsiisonni gosoota hennaalee kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaalee 9fi 10 dhihaate adeemsa baruu barsiisuu galmaan gahuu keessatti maal akka fakkaatan yaada isaanii akka jechaan ibsaaniif karoofame. Haaluma kanaan, qoratichi afgaaffii hincaaseffamnerratti hundaa’uun gaaffilee dursa qopheeffachuudhaan,

jechoota walfakkaataafi duraa duuba walfakkaataadhaan odeef-kennitootaaf dhiheessuudhaan odeeffannoo guurrate.

Kana ilaalchisee, Kumar (1996) haala kanaan ibsa *“In unstructured interview the researcher asks a pre determined set of questions, using the same wording and order of questions as specified in the interview schedule.”* Baay’inni gaaffii qophaa’anii saddet (8) yommuu ta’an; isaanis gaaffiilee banaa yookaan miti daangeffamoodha. Odeeffannoo gahaa argachuuf gaaffiilee kunniin gahaa ta’anii argamaniiru. Sababin isaa, odeeffannoo argachuuf gaaffiileen hundi banaa waan ta’aniif bal’inaan yaanni barsiisota irraa funaanameera. Gaaffiileen banaa kun, barsiisonni kunniin hanqina dhihaannaa hennaa qabiyyee isaan walqabatee jiru kitaaba barnootaa kana qofa keessatti osoo hindaangeeffamin hanqinaalee gaaffiilee gaafataman akka ifatti baasaniif gargaareera. Gaaffii kana keessatti dabalataan, hanqinaalee kanneen akkamitti akka furaa jiraniifi gara fuuladuraattis dhimmi dhihaannaa kanaa maal ta’uu akka qabu ittiin ibsaniiru.

### **3.5. Adeemsa Raga Walitti Qabuu**

Qorannoo kanaaf ragaan karaa sakatta’insa kitaabaafi afgaaffii barsiisotaa akka walitti qabamu armaan olitti ibsamee jira. Adeemsi ragaan meeshaalee kanneeniin walitti qabamu ammoo, jalqaba kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaalee 9fi10 haalli dhihaannaa qabiyyee hennaa ittiin dhiyeeffaman maal akka fakkaatu gadi fageenyaan sakatta’amani. Akkasumas, afgaaffii barsiisotaaf qophaayeen ragaan sassaabame .

### **3.6. Malleen Qaaccessa Ragaalee**

Akkuma armaan olitti ibsame qorannoon kun qorannoo akkamtaadha. Odeeffannoon qorannoo akkamtaatiin funaanamuun mala ibsaatiin akka dhiyaatu Dastaa (2013) ni ibsa. Odeeffannoon argames ragaan deeggeramanii haalaan ibsuun barbaachisaa akka ta’es ni eera. Meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman sakatta’a KB barnoota Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> bara 2005 qophaa’ee dhiyaateefi afgaaffii barsiisotaati. Odeeffannoo argaman kanneen kaayyoo qorannichaa bu’uura godhachuun, haala walitti dhufeenya qabaniin walitti fiduun ragaalee argaman qindaa’anii ibsamani.

## **BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI IBSA RAGAALEE**

Boqonnaa kana keessatti xiinxalaafi ibsa ragaalee qorannichaatu dhiyaate. Adeemsi xiinxalaafi ibsa ragaa kan gaggeeffame, ragaa sakatta'a kitaabaa irraa argame gabatee madaallii kitaabaa keessatti qindaa'ee xiinxaluun akkasumas, odeeffannoon afgaaffii barsiisotaa irraa argame of eeggannoodhaan ragaa kitaabaatti aansuun ibsamee jira. Malli ragaaleen ittiin qaaceffamanis ragaalee sakatta'a kitaabaafi afgaaffii barsiisotaa irraa argaman mala akkamtaan ibsamaniiru.

### **4.1. Odeeffannoo Seenduubee Kitaaba Barattootaa**

Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti haala meeshaaleen barnootaafi qabiyyeen barnootaa ittiin qophaa'u adda baasanii beekuun adeemsicha galmaan gahuurratti kanneen barbaachisaan keessaa isa ol'aanaadha. Meeshaaleen barnootaa tokko jalqabarratti yemmuu wixineeffamu ilaalcha sadarkaa barattoonni qabiyyee sana baratan irratti argaman hubachuun barbaachiisadha (McDonough and Shaw, 1993). Qabiyyee kitaabota barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> bara 2005 qophaa'anii keessatti hennaan akka qabiyyee tokkootti dhi'aateera.

Haaluma kanaan, xiinxalli mataduree kana jalatti dhiyaate kun akaakuu hennaa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u; kunis, hennaa gooroofi gooreewwaniin qoqqoodee kan ilaaledha. Gooroowwan hennaa guguddoo sadeen: hennaa ammaa, hennaa darbeefi, hennaa dhufu yeroo raawwii gocha tokkoo ibsuuf gocha raawwatamu tokko irratti hundaa'uun haasaa afaaniifi barreeffamaa keessatti kan itti fayyadamnudha. Gooreewwan hennaa immoo yeroo gochaa ibsuuf haala adda addan caaseffamanii tajaajila gooroo kanneenkennani. Haaluma kanaan, hennaaleen kunneen bifa ifa ta'een haalli dhiyaannaa qabiyyee, ija qabiyyeen seerlugaa ittiin dhiyaatuun kitaabota barattootaa kutaalee 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> keessatti akkamiin dhiyaatanii akka jiran sakatta'uun xiinxalli adeemsifameera.

### **4.2. Xiinxala Ragaalee Meeshaalee Adda Addaarraa Argamanii**

Qoratichi ragaalee sakatta'a kitaabaa irraa argaman haala armaan gadiin dursa erga qindeessee, itti aansuun afgaaffii barsiisotaaf taasifame waliin qindeessuun qoqqooduun ibsee jira. Akka walii galaatti sakatta'i kitaabaa erga adeemsifamee booda, mata duricha irratti meeshaalee funaansa ragaa lamaan keessattuu ulaagaa seerota qophii seerlugaa armaan gadiitiin xiinxalli irraatti adeemsifamee jira. ulaagaan kunis:

#### **4.2.1. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Dhiyaannaa Gilgaalaa Hennaalee Kitaaba Barattootaa**

Qoratichi qaaccessa sakatta'a kitaabaatiif gabatee (4.1)fi (4.2) gargaaramee jira. Gabateen (4.1) akka walii galaatti gosa gilgaalaa kitaaba barataa kutaa 9<sup>ffaa</sup> dhihaatan irratti kan xiyyeeffatedha. Gabateen (4.2) immoo, gosa gilgaalaa kitaaba barataa kutaa 10<sup>ffaa</sup> dhihaatan irratti kan xiyyeeffatedha.

**Gabatee (4.1) Gosootaa gilgaalota gos-hennaalee KBAO kutaa 9<sup>ffaa</sup>**

Gos enn	Ajaja gaaffii	Fakkeenya hima	Bakka argamsaa			
			Gil	Kut.	Boq	Fuula
Darbenna	Himoota armaan gadii keessaa gocha raawwiima darbeenna kan agarsiisu addaan baasii barreessi	Yeroo mana geenyu, inni hojii isaa xumureera.	8	9	10	105
	Gochawwan cimidii cimdiin kanaan gadittikennamanfayyadamuunhimoota raawwiima darbeenna barreessi.	dhufe----- deemne	8	9	10	105
	Hima raawwima darbeenna kan agarsiisanu kan mataa keetii shan barreessi.	---		9		82
Ammeenna	Himoota armaan gadii keessaa kan raawwima ammeennaatiin barreeffaman adda baasi	Ani laaqana koo nyaadheera		9		74
	Henna raawwima ammeennaatti fayyadamuun himoota shan barreessi. Gareen ta'uun himoota keessan walitti agarsiisuun sirrii ta'uu keessan irratti mari'adhaa	-----	6	9	7	74
	Himoota armaan gadii keessaa, himoota henna amsiiqaatiin barreeffaman adda baasi.	Tolashiin Afaan Oromoo barsiisaa jirti	5	9	6	60
	Henna amsiiqaatti fayyadamuun himoota mataa keetii shan barreessuun barsiisaa keetti agarsiisi.	-----	5	9	6	60
	Himoota armaan gadii keessaa himoota henna ammeennaatiin barreeffaman adda baasi	Himoota tajaajila ammeenna garagaraa torbatu kename	6	9	5	50
	Henna ammeennaattifayyadamuun himoota mataa keetii shan barreessii barsiisaa keetti agarsiisi.	---	6	9	5	50
Henna fuulduraa	Waan fuulduratti hojjechuuf karoofatte shan barreessi	Ani dabtara haaraa bitachuuf	5	9	11	114
	Waan gara fuulduraatti hojjechuu/raawwachuu kee shan barreessi	Ani nan deema ta'a	7	9	12	123

Nabiyyuu (2017) qorannoo isaa keessatti akka ibsetti, gilgaala jechuun ga'umsa ykn dandeettii gama barnootaatiin fooyyeffachuuf kan shaakalamu ykn hojii hojjetamudha jechuun ibsa.

Gilgaalli kaayyoo murtaa'aa tokko galmaan ga'uuf hojii hojjetamudha. Bu'aan gilgaalaa barnoota afaanii keessatti baay'ee barbaachisaa ta'ee, yeroo qophaa'u, salphaa irraa gara walxaxaa ta'etti dhiyaachuu qaba. Akkasumas, gilgaalli kutaa hojii isa xiqqaa kaayyoo murtaa'e qabuufi qaama koorsii barnootaa keessaa isa tokko ta'ee kan ilaalamudha. Akka Ellis (2003) ibsutti gilgaalli kan galmi afaanii barbaadame waliin dubbiin barattootaan bu'aan itti argamu karoora hojiiti. Innis qooda fudhannaa isaa dursa hiika kennuurratti kan xiyyeeffatu ta'ee, adeemsa itti fayyadama afaanii addunyaa dhugaa keessatti itti hirmaataniifi ogummaawwan afaanii bu'uuraafi gooree barsiisuuf qooda guddaa kan qabudha.

Haaluma kanaan, akkuma gabatee (4.1) irraa hubachuun danda'amu guutummaa akaakuuwwan hennaa ilaalchisee baay'inni gilgaalaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> keessatti sakataan gaggeeffameera. Abuurraa kanaanis, tokko tokkoo gosoota hennaaf shaakalli gilgaalaa dhiyaatee jiru maal akka fakkaatu hubatameera. Dirribaa(2008), Richardsfi Renandya (2002) wabeeffachuun kitaabni barnootaa gaariin ulaagaalee qabaachuu qabu keessaa gilgaalota shaakalsiisuufi dalagaalee addaddaa xumura boqonnaatti kan dhiyeessuufi haamilee barattootaas kan ijaaru ta'uu qaba jechuun ibseera. Haaluma kanaan, kitaabni barataa kutaa salgaffaa gilgaalota dhiyaatan irratti fooyyee qabaachuun ilaalameera. Sababiin isaas, gosti gaaffilee gilgaalotaa hennaa kanaaf qophaa'anii jiran dandeettii barataa cimsuuf shaakala bifa tokkoon osoo hintaane haala adda addaan dhiyaataniiru. Fakkeenyaaf gabatee armaan olii keessatti hennaa darbeennaa shaakalsiisuuf ajajni gaaffilee bifa adda addaan qophaa'eera. Karaa biraatiin, buu'aa gilgaalaa ilaalchisuun Nabiyyuu (2017), akka ibsetti,

*...gilgaalonna (hojiwwan) gocha barattoonna odeeffannoo adeemsa barumsaan argatan gargaaramuun waan barataniin milkaa'uuf raawwatanidha. adeemsi barnoota afaanii immoo gochaalee gilgaalaan dhihaatan dalaguu shaakaluurratti kan xiyyeeffatedha. meeshaaleen barnootaa afaan barsiisuuf qophaa'an qabiyyeewwan qindeessuuf adeemsa afaan barachuu tilmaamame keessatti dalagaawwan gilgaalotaaf xiyyeeffannaa kennu.. sababiin isaas, unka afaanii barnootaaf dhihaatu gilgaalotaaf xiyyeeffannoo kennu. Sababni isaa unki afaanii barnootaaf dhiyaatu gilgaalotaan shaakalama.*

Yaaduma kana bu'uureffachuun kitaaba kutaa salgaffaa keessatti hennaalee adda addaa ilaalchisuun yaada armaan olii irratti hundaa'uun akka fakkeenyaatti himoota ajaja armaan gadii gabatee keessaa fuudhaman fakkeenya fudhachuun xiinxalli taasifameera.



1. Himoota armaan gadii keessaa gocha raawwiima darbeenna kan agarsiisu addaan baasii barreessi
2. Gochawwan cimtii cimtiin kanaan gaditti kennaman fayyadamuun himoota raawwiima darbeenna barreessi.
3. Hima raawwima darbeenna kan agarsiisanu kan mataa keetii shan barreessi.
4. Henna amsiiqaatti fayyadamuun himoota mataa keetii shan barreessuun barsiisaa keetti agarsiisi.
5. Himoota armaan gadii keessaa himoota henna ammeennaatiin barreeffaman adda baasi.

Fakkeenya kenname kana irraa ajaja (3) kenname yoo ilaalle gosa gilgaalaa keessa yaada isaanii barreeffamaan akka ibsan gaafata. Kun barattoonni waan kenname bu'uura godhachuun kan isaanii maddisiisanii akka barreessan kan gaafatudha. Akkasumas, ajajni 1fi lama immoo sadarkaa barataan itti yaadu karaa salphaa ta'een akka barreessuuf karaa saaqa. Sababiin isaas, ajaja tokkoffaa keessatti yaada kenname irra dhaabachuun, fakkeenya biroo kenname akka adda baasuuf mala kennamedha. Himoonni barreeffamanii jiran henna kanaaf ooluu kan danda'u isa kam akka ta'e akka beekan nigargaara. Inni lammaffarratti kenname immoo isa kana irra jabaadha. Kunis, xumurtoota gochaa qofa kennuudhaan henna kana akka caasessan taasise.

Haaluma kanaan sadaffaarratti kan kenname immoo of danda'uun himoota henna darbeenna akka caasessaniif ajajni kennamuu ni hubachiisa. Haata'u malee xumurtoonni gochaa tokko tokko, ajaja gilgaalaa seeraan dabarsuu irratti rakkoon ni mul'ata. Kunis, ajajoonni gilgaalaa xumura gochaatti fayyadamuu dhabuudhaan meeshaa afaanii keessaa maaliin yookaan dandeettii kamiin hojiirra akka oolchan adda baasuu dhiisuutu argama. Ragaan funaaname akka ibsutti, himoonni akka ajaja gilgaalaa (5) irratti ibsamanii maaliin akka hojiirra oolan wanti addeessu hinjiru. Kanamalees, ajajoonni gilgaalaa barattoota gareen hirmaachisuu keessatti ajajoonni xumura gochaa kennaman hinjiran. Gama henna ammennaatiinis yoo ilaallu hanga henna darbenna ta'uu baatus, gilgaala dhiyaate keessatti ajajni kenname barattoonni kallattii adda addaan akka yadan, yaada isaani akka ibsan ykn kan biroo isa tokko irraa maddisiisan mala taasisuutiin qophaa'eera jechuun ni danda'ama.

Fakkeenya.

1. Himoota armaan gadii keessaa kan raawwima ammeennaatiin barreeffaman adda baasi
2. Henna raawwima ammeennaatti fayyadamuun himoota shan barreessi.

Gareen ta' uun himoota keessan walitti agarsiisuun sirrii ta'uu keessan irratti mari'adhaa Haaluma walfakkaataa ta'een henna ammenna kenne kana irraa ajaja (2) kenne yoo ilaalle gosa gilgaalaa keessaa yaada isaanii akka ibsan gaafata. Kun barattoonni waan kenne bu'uura godhachuun kan isaanii akka maddisiisan kan gaafatudha. Akkasumas, ajajni tokkoffaan immoo henna kanatti fayyadamuun yaada isaanii akka ibsaniif dandeettii dubbachuu barattootaan kan walitti hidhatedha. Gosa gilgaalaa akkasii kana irratti Richards (2001:78), *“the range of the exercise types and activities compatible with a communicative approach is un limited, provided that such exercises enable learners to attain the communicative objectives of the curriculam engage learners in communication and requires the use of such communicative processes as information sharing negotiation of meaning and interaction”* jechuun ibsa. Haaluma kanaan, ajaja tokkoffaa keessatti barattoonni dandeetti dubbachuu henna kanaan akka gabbisaniif kan qophaa'edha.

Gosni gilgaalaa henna gara fuulduraa shaakalchiisuuf kitaabicha keessatti dhiyaate barattoonni kallattii adda addaan akka yaadaniif kallattiin kaa'ame quubsa miti. Akkuma sakatta'a taasifameen gabatee keessatti agarsiisuuf yaalametti, henna murannaa gilgaala (5) fuula (114) irratti dhiyaateefi, henna murannaalaa gilgaala (7) fuula (123) irratti dhiyaatan, ajaja tokko qofaan dhiyaataniiru. Kunis, barattoonni yaada akka maddisiisan affeeruun bifa 'waan gara fuulduraatti karoofatte, akkasumas, hojjechuuf mamii irraa qabdu barreessi' bifa jedhuun dhiyaateera. Walumaa galatti boqonnaalee adda addaa keessatti gilgaalota adda addaatiin hennaaleen Afaan Oromoo barattoota shaakalchiisuuf dhiyeeffamaniiru. Dhiyaannaan gilgaalaa kunneenis yaada hayyootaan walbira qabamuun ilaalameera. Hennaalee dhiyaatan keessaa akka ciminaatti haalli caaseffama isaanii quubsa ta'uu baatus, shaakalli gilgaalaa henna darbennaafi ammenna bifa barattoonni ofiin kalaqan, ilaalanii adda baasan, itti guutaniin dhiyaateera. gilgaalonni henna murannaafi murannaalaa shaakalsiisuuf dhiyaate immoo muraasa. Xumurtoonni gochaa dandeettii barreessuudhaan shaakalsiisuu irratti daran mul'ata. Waliin dubbiiifi gareen hirmaachisuuf ajajni kenne hinmul'atu.

**Gabatee (4.2) Gosoota gilgaalota Hennaalee KBAO kutaa 10<sup>ffaa</sup>**

Ennaa	Ajaja gaaffii	Fakkeenya himaa	Bakka argamsaa			
			Gil	Kut.	Boq	Fuu.
Darbenna	Himoota armaan gadii tarsiqa osoo jala hinsarariin raawwiima darbeenna ammo sararuun agarsiisi	Himootaraaw wimadarbenn aafi tarsiqaan ijaaramantu kenname	6	10	3	37
	Himoota darbeenna agarsiisan barreessi	-----	11	10	2	28
Ammeenna	Gaaffiiwwan armaan gadii aakaatuma gaafatamteen deebii isaa barreessi	Gaaffii hennaalee adda addaa	10	10	1	10
	Fakkeenya kenname irratti hundaa' uun himoota armaan gadii ammeennaafi amsiqatti qoodi	henna ammennaafi amsiqaatu kenname	10	10	1	11
	Himoota armaan gadii qalbiin ilaali	Gochoota henna adda aaddaa	11	10	2	28
	Gaaffiiwwan armaan gadii hima ijaaruun agarsiisi.	-----	11	10	2	28
	Himmoota ijaarte raawwima ammennaafi darbennaatti qoodi	-----	11	10	2	28
Duraana	Henna murannaan himoota mataa keetii shan barreessuun hiriyoota keetti argisiisi.	-----	7	10	4	46
	Henna murannaafi murannaalaa shan shan barreessuun hiriyoota kee waliin irratti mari'adhaa	-----	4	10	5	54

Akka McDonough and Shaw, (1993) ibsanitti, kitaabileen barnootaa adeemsa baruu barsiisuuf dhihaatan caasaafi qabiyyeewwan afaanii addaddaa haala ittiin barsiisuudhaaf dhiheessanidha. Dhihaannaan caasaafi qabiyyee isaaniis salphaarraa gara cimaatti kan deemudha jechuun ibsu.

Dabalataan immoo, Nabiyyuu (2017) qorannoo isaa keessatti yaada Richards (2001) wabeeffachuun waa'ee gilgaalaa yoo ibsu:

*hojiiwwan daree barnootaa keessatti raawwatamaniif bu'uurri gilgaala yeroo ta'u afaanni immoo meeshaa gilgaala sana ittiin fiixaan baasanidha. sababiin isaa gilgaalli sochii barattoonni ittiin bu'aa afaan barachuurraa barbaadame sana bira ga'anidha. gilgaalli ofii isaaf hojiidha osoo hin taane adeemsa barachuu-barsiisuu mijeessuuf kan qophaa'uufi bu'aa barnoota afaanii kan ittiin mul'atudha. hojiirra oolmaan isaas, dhuunfaan cimdiiniifi gareen ta'uu danda'a. Akkaataa ulfaatina isaatti walduraa duubummaa isaa eegee kitaaba barnootaa keessatti dhiyaachuu qaba.*

Waraabbiin kun gilgaalli kitaaba barataa keessatti xiyyeeffannoo argatee bifa itti yaadameen qophaa'uu akka qabu agarsiisa. Gabatee kenname kana irraa akka hubatamutti immoo, haalli gilgaalonni hennaalee shaakalsiisuuf dhiyaatan akkuma kutaa salgaffaa hanqina hedduutu mul'ata. Gabatee armaan olii keessatti hennaa darbeennaa shaakalsiisuuf ajajni gaaffilee bifa muraasaan qophaa'eera. Akka fakkeenyaatti ajajoonni gilgaalaa armaan gadii yoo xiinxalaman:

1. Himoota armaan gadii tarsiqa osoo jala hinsarariin raawwiima darbeennaa ammoo sararuun agarsiisi.
2. Himoota darbeennaa agarsiisan barreessi..

Fakkeenya kenname kana irraa ajaja (1) kenname yoo ilaalle gosa gilgaalaa keessatti kenname irraa hennaa raawwima darbennaa adda baasanii akka agarsiisan gaafata. Kun barattoonni ibsa kenname bu'uura godhachuun hennaa tarsiqaafi hennaa raawwima darbeennaa akka adda baasan hubachiisuuf kan qophaa'e fakkaata. Yaaliin taasifame gaarii ta'us, hennaa tarsiqaafi hennaa raawwima darbeennaa waliin caasessuu irratti ibsi kenname waan hinjirreef barattoonni adda baasuuf rakkachuu danda'u. Akkasumas, ajajni lammaffaan immoo ofii akka maddisiisaniif yaalii taasifamedha. Sababiin isaas, ajaja tokkoffaa keessatti yaada kenname irra dhaabachuun, fakkeenya biroo akka barreessan affeera waan ta'eefi. Ta'us ajajoonni gilgaalotaa kan kutaa salgaffaa caalaatti barreessuu shaakalsiisuu irratti xiyyeeffataniiru. Ajajni biroon hojiirra oole hinjiru jechuun nidanda'ama.

Kutaa kana keessatti karaa hennaa ammennaatiinis yoo ilaallu kanuma kutaa salgaffatiin walfakkata. Yaada kana dhugoomsuuf gabatee armaan olii keessatti ajaja hennaa ammennaa ilaalchisuun kenname armaan gaditti dhiyaateera.

Fakkeenya.

1. Gaaffiiwwan armaan gadii aakaatuma gaafatamteen deebii isaa barreessi
2. Gochoota armaan gadii qalbiin ilaali.
3. Fakkeenya kenname irratti hundaa' uun himoota armaan gadii ammeennaafi amsiqatti qoodi

Haaluma walfakkaataa ta'een hennaa ammenna kenname kana irraa ajaja (1) kenname yoo ilaalle gosa gilgaalaa keessaa yaada isaanii akka ibsan gaafata. Kun barattooni waan kenname bu'uura godhachuun kan isaanii akka maddisiisan kan gaafatudha. Akkasumas, ajajni lammaffaan immoo sadarkaa barataan itti yaadu hanga tokko kan salphisaniidha. Sababiin isaas, ijaan ilaalanii waan hubatan himuu waan gaafatuuf akka isa jalqabaa miti. Ajajni sadaffaan immoo gargar baasuun barreessuu waan ta'eef isa lammaffaa irra hanga tokko yaachisaadha. Ta'us ajajoonni gilgaalotaa barreessuu shaakalsiisuu irratti xiyyeeffataniiru. Ajajni biroon dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachiisuu hennaalee shaakalchiisuuf kennamee hojiirra oole hinjiru jechuun nidanda'ama. Kanaan alas, ajajoonni gilgaalaa hirmaachisaa miti. Barattooni waliin hojjechuu akka danda'aniif ajajni dhiyaate hinjiru. Dandeettii barreessuudhaan hennaa shaakalsiisuuf kallattiin kaa'ameyyuu barattoota dhuunfaan hirmaachisuu irratti xiyyeeffata.

Bifuma walfakkaatuun gosni gilgaalaa hennaa gara fuulduraa shaakalchiisuuf kitaaba kutaa kurnaffaa keessatti dhiyaate kanneen ibsaman waliin tokkuma. Akkuma gabatee keessatti ajajoonni cuunfaan dhiyaatan barattooni kallattii adda addaan akka yaadaniif kallattiin kaa'ame quubsaa miti.

1. Hennaa murannaan himoota mataa keetii shan barreessuun hiriyyoota keetti argisiisi.
2. Hennaa murannaafi murannaalaa shan shan barreessuun hiriyyoota kee waliin irratti mari'adhaa.

Shaakalli gilgaalaa kun gilgaala (7) fuula (46) fi gilgaala (4) fuula (54) irratti kan kennameedha. Hayyoonni dhiyaannaan gilgaalaa barataan dandeettii waan baratee akka gabbifatu caalaatti akka isa gargaaru eeru. Ta'us, gosni hennaa gilgaala kana keessatti kenname shaakalaaf quubsaa miti. Ajajoonni hennaa fuulduraa kennaman kana irraa barreessanii agarsiisuu irratti kenneera. Gilgaalli inni lammaffaa irratti argamu karaa hirmaachisaa ta'een dhiyaatera. Gabaabumatti sakatta'a taasifame irraa akka hubatameen gilgaalonni qaama seerlugaa kana shaakalsiisuuf dhiyaatan xiyyeeffannoo guddaan akka itti hinkennamiin nimul'ata. Akkuma sakatta'a

taasifameen gabatee keessatti agarsiisuuf yaalametti, hennaan murannaa gilgaala (7) fuula (46) irratti dhiyaateefi, hennaan murannaalaafi murannaa bakka tokkotti gilgaala (4) fuula (54) irratti ajaja tokko qofaan dhiyaataniiru. Kunis, barattoonni yaada akka maddisiisan affeeruun bifa ‘hennaa murannaafi murannaalaa barreessi ’ bifa jedhuun qofa dhiyaateera. Gosti gilgaalaa ajaja kanaan gosennaa kana shaakalsiisuuf dhiyaatu quubsaa isa hintaasisu. Sababiin isaas, barattoonni cimdii, gareefi dhuunfaadhaan bifa adda addaan akka shaakalaniif dhiyeessuu qaba.

Walumaa galatti boqonnaalee adda addaa keessatti gilgaalota adda addaatiin hennaaleen Afaan Oromoo barattoota shaakalchiisuuf dhiyeeffamaniiru. Xumurtoonni gochaa dandeettii barreessuudhaan shaakalsiisuu irratti daran mul’ata. Waliin dubbii fi gareen hirmaachisuuf ajajni kenname hennaa darbee darbee mul’ata. Dhaamsi ajaja gilgaalaa baay’een isaa xumura gochaatti fayyadamuun karaa ifaa ta’een ergaa kan dabarsu miti.

#### **4.2.2. Ibsa Ragaalee Afgaaffii Barsiisotaa Dhiyaannaa Gilgaala Kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup>**

Meeshaalee funaansa ragaa inni lammaffaan qorannoo kanaaf dhimma itti ba’ame afgaaffii barsiisotaa ta’uu boqonnaa sadii keessatti ibsameera. Haaluma kanaan sakatta’a kitaabaa cinatti afgaaffii barsiisotaatiin deebiin argameera. Akkuma mata duree irratti ibsame dhiyaannaa gilgaalaa hennaa ilaalchisee kitaaba kutaa salgaffaafi kurnaffaa irratti yaada isaanii akka ibsaniif barsiisonni mala iddattoodhaan filaman shanan isaanii gaaffii walfakkaataa gaafatamaniin deebii kennaniiru. mata dureen itti aanu ragaa afgaaffiin argame haala armaan gadiin dhiyaate.

Gahumsa gilgaala dhiyeessuu kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa salgaffaafi kurnaffaa akkamiin ibsitu? Dhiyaannaa gilgaalaa irratti deebiin barsiisota irraa argameera. Gaaffii dhiyaateefiin deebiin kenname walfakkaataa ta’uu baatus baay’ee kan walitti dhiyaatudha. Barsiisota afgaaffiin dhiyaateef keessaa barsiisonni lama kitaaba kutaa salgaffaas, akkasumas kan kutaa kurnaffaas kan barsiisaa jiranidha. Barsiisonni kunneen lamaan dhiyaannaa gilgaalaa kutaa kanneen lamaanii walbukkee qabuun ibsaniiru. Ta’us, shanan isaanii iyyuu kitaaba kutaa salgaffaa irratti yaada walfakkaataa qabu. Gosoondi gaaffii hennaalee hundaaf haaluma walfakkaataan yoo dhiyeeffamuuf, gaaffii dhiyaannaa gilgaala hennaa darbeennaa ilaalchisuun deebiin isaan kennaniin kitaaba kutaa salgaffaa keessatti haalli barattoota shaakalsiisuuf dhiyeeffame boqonnaa murtaa’aa keessatti kan dhiyaatedha jechuun ibsan.

Akkasumas, himoota barreeffamanii jiran hennaa kamiif ooluu akka danda’u gosoota hennaa adda baasuuf dhiyaatee jiraachuu eeraniiru. Gosti gilgaala kun barattoonni garaagartummaa gosoota hennaa akka adda baasaniif kan oolu waan ta’eef, hubannoo barattootaa madaaluuf gaarii ta’uu isaa gosa gilgaalaa kanaaf yaada kennaniiru. Kana malees, xumura gochaa qofa kennuudhaan hennaa kana akka caasessan taasise akka shaakalaniif dhiyeessee jiraachuu isaa kitaaba kutaa salgaffaa irratti eeruu kennaniiru. Haaluma kanaan yaanni ykn ibsi dabalataa barsiisonni kun lamaan gosa gilgaalaa kan iraatti yaada kennan immoo, hennaa ijaaruu qofa osoo hin taane ofdanda’anii barreessuuf, dandeettii barreessuu barattootaa illee kan cimsudha jechuun barsiisonni lama yaada qaban itti ida’aniiru.

Haala gilgaalli hennaa darbennaa kitaaba kutaa kurnaffa keesatti dhiyaate ilaalchisuun walbukkee qabanii akka ibsaniif gaaffiin barsiisota kutaa kurnaffaa barsiisan sadiif dhiyaateera. Deebiin barsiisotaa sadanuu walfakkaataadha. kunis, shaakalli gigaalaa kutaa kurnaffaa keessatti dhiyaate kan kutaa salgaffaati gadi akka ta’e ibsaniiru. Fakkeenyaaf akka yaada isaaniitti, kutaa kana keessatti gosa darbeennaa keessaa raawwima darbeennaa jala sararuun akka agarsiisaniifi himoota darbeennaa agarsiisan akka barreessan kan ajaju qofa ta’uu sadeen isanii eeraniiru. shaakala gilgaalaa kanaaf yaanni barsiisota lamaa immoo gilgaala shaakalsiisuuf qabiyyeen dhiyaate kan kutaa sagalii irra salphaa ta’uu isaa yaada isaanii ibsaniiru. Haaluma kanaan yaanni barsiisota kanneenii shakala gilgaalaa kana irratti dhiyaate salphaa irraa gara ulfaataatti deemu qaba kan jedhu kan tumsudha. Kanaafuu haalli gilgaala shaakalsiisuuf dhiyaate hennaa darbennaaf walii faallaa ta’uu hubachiisa.

Gama hennaa ammennaatiinis barsiisonni shananuu kitaaba kutaa salgaffaa irratti yaada walfakkatu kennani. Dhiyaannaan shakala gilgaalaa kutaa salgaffaa hanga hennaa darbennaa ta’uu baatus, gilgaala dhiyaate keessatti ajajni kenname barattoonni kallattii adda addaan akka yadan, yaada isaani akka ibsan ykn kan biroo isa tokko irraa maddisiisan mala taasisuutiin qophaa’eera jechuun ni ibsaniiru. Fakkeenya, kennaniin fakkenya lamaan a. Himoota raawwima ammennaatiin barreeffaman adda baasi; b. Henna raawwima ammeennaatti fayyadamuun himoota shan barreessi. ajajaoota jedhan kaasaniiru. Haa ta’umalee gahaa ta’uufi dhiisuu gilgaalichaaf gaaffii gaafatamaniin quubsaa akka hintaane eeraniiru. Sababni isaas gilgaalli hennaa daarbenna keessatti gochimoota fudhachuun akka hennaa barreessanii shaakalli kenname bifa kanarraa hafuu isaa barsiisonni lama eeran. Barsiisonni hafan immoo shaakalli kenname

kan darbennaaf kenname waliin yoo madaalamu dandeetti barattootaa cimsuurratti gadaanaadha jechuun eeruu laatan.

Haaluma walfakkaatuun barsiisonni sadeen kitaaba kutaa kurnaffaa hennaa ammenna ilaalchisuun hubannoo isaanii qodaniiru. Ibsi kenname kun kan agarsiisu, akkuma isa kutaa salgaffaa gosa gilgaalaa sadii dandeettii adda addaa gonfachiisuun dhiyaachuu isaa ibsaniiru. kunis ajajoota akka: (a)Gaaffiilee kanneen aakaatuma gaafatamteen deebii isaa barreessi; (b)Gochoota kanneen qalbiin ilaali. (c)Fakkeenya kenname irratti hundaa'uun himoota ammeennaafi amsiqatti qoodi. Ajaja jedhuun kennameera. Haata'u malee, ciminni isaa hennaa kutaa salgaffaa keessatti kennameen yoo ilaalame kan kutaa salgaffaa irra salphaa ta'uu ibsaniiru.

Gosni gilgaalaa hennaa gara fuulduraa shaakalchiisuuf kitaabicha keessatti dhiyaate tasumaa quubsaa akka hintaane shanan isaanii iyyuu ibsaniiru. Kitaaba kutaa salgaffaa ilaalchisuun yaanni deebistootaa qabsiisa kennuus ta'ee, fakkeenya adda addaan akka shaakalaniif wanti kenname hiika mata dureefi fakkeenya tokko qofa ta'uu kaasaniiru. Haaluma walfakkaatuun barsiisonni kutaa kurnaffaa barsiisan sadeen hennaan gara fuulduraa barsiisuuf dhiyaate hinjiru jechuun ni danda'ama jechuun ibsaniiru. Yaada kanaaf sababni dhiyaates hennaa gara fuulduraa keessatti kan ibsamu murannaafi murnaala fakkeenya kenni kan jedhu ajajuuni. Kun immoo hubannoo kennuun ala barattoonni caasaa hennaa gara fuulduraa hubachiisuu irratti hanqina guddaan jirachuu isaa addeessan.

#### **4.2.3. Xiinxala Ibsa Ragaalee Dhiyaannaa Gilgaalaa Sakatta'a Kitaabaafi Afgaaffii**

Dhihaannaan gilgaalota hennaalee kitaaba barattootaa Afaan Oromoo ilaalchisee, ragaan barsiisotarraa argamefi, ragaan qabatamaa sakatta'a kitaabaarraa argame waliin kan walfaalleessu miti. Ta'us, caalaatti ragaan argame.ragaa kitaabaa irraa caalaatti odeeffannoon argameera. Hennaaleen akka waliigalaatti kitaabolee lamaan keessatti barreessisuuf ajajoonni bal'inaan kennamuu agarsiisee jira. dandeettiin dubbaachuu, dhaggeeffachuu, ittiin shaakalsiisuuf kenname tooftaan kan hinjirre ta'uun sakattaa irraa hubatame. Ajajoonni kaan immoo ergaa dabarsuu irratti karaa ifaa hintaaneen kennamee jiraachuu mul'ise. Hirmaachisummaan garee gadaanaa ta'uun asirraa hubatameera. Afgaaffii barsiisota irraa deebiin argameefi haalli gilgaalonni itti dhiyaatanii jiran kan sakatta'a irraa argame kitaaba kutaa



salgaffaa keessatti hanga tokko jiraate iyyuu, kan kutaa kurnaffaa keessatti gadaanaa ta'uu isaati. Keessumaa ragaan maddeen lamaanii ajajoonni gilgaalaa kutaa kurnaffaa keessa jiran baay'een ergaa ifaa kan hindabarsine ta'uu kaasaniiru. Kanamalees ajajoonni karaa barreessuu qofaan barattoonni akka shakalan gochuun dandeettii dubbachiisuufi dhaggeeffachiisuu irratti kanhin xiyyeeffanne ta'uu maddeen lamaan irraa ragaan argame ni ibasa. Gabaabinumaan kitaabolee lamaan keessatti hanqinni ulaagaa qophii gilgaalota seerlugaa guutee argamuu hanquu akka ta'e addeesseera. Keessumaa tooftawwan gilgaala shaakalsiisuu hirmaachisummaa, ajajoota karaa ifaan kennuufa irratti hanqinni jiraachuutu hubatame. Ragaan kunneen immoo ulagaa qophii seerlugaa hayyoonni lafa kaa'an waliin waltumsa.

#### **4.2.4. Ibsa Ragaalee Walitti Fufinsa Qabiyyee Hennaalee Sakatta'a kitaabaa**

Mata duree kana jalatti ibsi walitti fufinsa qabiyyee henna kitaabilee barataa kutaa sagaliifi kudhanii bara 2005 maxxanfaman qajeelcha barsiisaa waliin walbira qabamuun maal akka fakkaatantu sakatta'amuun xiinxalame. Yaanni barsiisotaas ibsa kitaabaa booda itti dabalamuun ibsame.

**Gabatee (4.3) Walitti Fufinsa qabiyee hennaalee Boqonnaadhaa gara Boqonnaatti kitaaba barattootaa (9)**

Gosenna	Tajaajila ennaalee	Boqonnaa matadureen keessatti argamu																Fuula		
		1	2	3	4	5	6	7	8	9	10	11	12	13	14	15	16		17	18
Ammeenna	Gocha ammaleeffamaa					√														50
	Dhugaa waliigalaa ibsuuf					√														50
	Haala amma jiru ibsuuf					√														50
	Yeroo fuulduraa ibsuuf																			50
	Gocha raawwatamaa jiru (amsiqa)						√													59
Raawwima Ammeenna	Gocha yeroodarbe keessa xumurame garuu bu'aan isaa amma argamu							√												73
	Gocha yeroo darbe keessa raawwatame kan yeroon raawwii isaa hin yaadatamne							√												73
	Gocha duraan eegalee hanga ammaatti itti fufaa jiru ibsuuf							√												73
Darbeenna	Gocha yeroo darbe keessa raawwate ibsa									√										81
	Gocha yeroo darbe keessa gocha biraa dura raawwate ibsuuf oola									√										81
	Gocha yeroo darbe keessa raawwatamaa ture ibsuuf									√										81
Tarsiqa	Gocha yeroo darbe keessa walitti fufinsaan raawwatamaa ture ibsuuf										√									91
Raawwia darbeenna	Gochaa lama yeroodarbe keessa raawwataman keessaa isa dursee raawwatame											√								105
gocha fuulduraa	Gocha gara fuulduraa raawwatamuuf murta'e (murannaa)												√							113
	Gocha gara fuulduraatti raawwatamuuf shakkisiisaa ta'e (murnaala)													√						123

**Gabatee: (4.4) Gooroowwan Hennaalee Kitaaba Barataa Kutaa 9<sup>ffaa</sup>**

Hennaalee	Boqonnaalee Matadureeleen keessatti argamu																	
	1	2	3	4	5	6	7	8	9	10	11	12	13	14	15	16	17	18
Ammeennaa					√	√	√											
Darbennaa								√	√	√								
Hennaa fuulduraa											√	√	√					

Hayyoonni barnootaa, kitaaba barnootaa keessatti walitti fufinsi barbaachisaa ta'uu isaa eeru. Tashoomaan (1998) qindomina qabiyyee ilaalchisee ibsetti, qindoominni olee dhimmoota itti fufinsaafi walduraa duuba dhufinsa jedhamanii mirkanaa'uu danda'u. Ittifufinsi (continuity) qabiyyeen tokko haala tokkorra deddeebi'ee dhufuusaa kan ilaallatudha. Walduraaduuba dhufinsi immoo, tokko tokkorratti bu'uureeffachuufi guddachaa dhufuu isaa agarsiisa. Akkuma gabatee kanarraa hubatamutti walitti fufinsa boqonnaa gara boqonnaatti yoo ilaallu, boqonnaalee kudha saddeet kitaabichi qabu keessatti boqonnaalee sagal qofa keessatti dhiyaatanii jiru. hennaaleen sadeenuu boqonnaa shanii hanga kudha sadiitti walitti fufinsaan kennamee jira. Faallaa kanaatiin immoo boqonnaa tokkoo hanga afurii, akkasumas kudha afurii hanga kudha saddeetii keessatti hennaa ibsame hinjiru. Kun ammoo, kan hubachiisu walitti fufinsa boqonnaa gara boqonnaatti rakkoon jiraachuu isaa agarsiisa. Kanarraa ka'uun, qabiyyeewwan dhihaatan kunneen tajaajila hennaa dhiyeessudhaan tajaajila hennaalee boqonnaa adda addaa keessatti dhiyeessuun ni danda'ama ture.

Walitti fufinsi qabiyyee kan ilaalamu qabiyyichi haala tokkorra daddeebi'ee kan dhufu yoo ta'e qofadha. Kun yoo hintaane barataan qabiyyee sana dagachuu danda'a boqonnaa murtaa'aa keessatti yoo walitti qabame qorumsa yeroo adda addaatti kennamu baasuuf illee carraan jiru yeroo barsiisnee bira dabarretti qofa ta'a. Kanaaf, kitaabni kutaa salgaaffaa bifa bittinnaa'een hennaalee sadeen jalqaba fudhachuun tajaajila hennaan sun qabu boqonnaa adda addaa keessatti dhiyeessuun furmaata ta'a.

**Gabatee (4.5) Sakatta'a Walitti Fufinsa Henna Boqonnaadhaa Gara Boqonnaatti (Kutaa 10)**

Hennaalee	Boqonnaalee Mata dureeleen keessatti argamu																	
	1	2	3	4	5	6	7	8	9	10	1	12	1	1	1	1	1	1
											1		3	4	5	6	7	8
Ammeennaa	√	√	-	-	-	-	-	-	-	-	-	-	-	-	-	-	-	-
Darbennaa	-	-	√	-	-	-	-	-	-	-	-	-	-	-	-	-	-	-
Henna fuulduraa	-	-	-	√	√	-	-	-	-	-	-	-	-	-	-	-	-	-

Yaaxxinni walitti fufinsa qabiyyee, qindoomina oleefi walduraa duuba dhufinsa qabiyyee ta'uu kan ilaalu ta'uu isaa boqonnaa lama keessatti ibsameera. Qindoominni olee dhimmoota itti fufinsaafi walduraa duuba dhufinsa jedhamanii mirkanaa'uu kan danda'an ta'uu isaanii boqonnaa lama keessatti ibsameera. Ittifufinsi (continuity) qabiyyeen tokko haala tokkorra deddeebi'ee dhufuusaa kan ilaaltudha. Walduraaduuba dhufinsi immoo, tokko tokkorratti bu'uureeffachuufi guddachaa dhufuu isaa agarsiisa.

Bu'uuruma kanaan, akkuma gabatee kanarraa hubatamutti, walitti fufinsa boqonnaa gara boqonnaatti yoo ilaallu, boqonnaalee kudha saddeet kitaabichi qabu keessatti boqonnaalee shan qofa keessatti dhiyaatanii jiru. Akkuma gabatee kana irraa hubatamu, hennalleen sadeenuu boqonnaa tokkoo hanga shaniitti walitti fufinsaan kennamee jira. Faallaa kanaatiin immoo boqonnaa ja'aa hanga kudha saddeetii keessatti qabiyyeen dhiyaate hinjiru. Kun ammoo, kan hubachiisu walitti fufinsa boqonnaa gara boqonnaatti xiyyeeffannoon kenname laafaa ta'uu hubachiisa. Kanarraa ka'uun, qabiyyeewwan dhihaatan kunneen tajaajila henna dhiyeessudhaan tajaajila hennaalee boqonnaa adda addaa keessatti dhiyeessuun ni danda'ama.

Fakkeenyaaf, boqonnaa tokkoffaa keessatti 'ammeennaa' jechuun kan dhiyeessee, akkasumas yaadannoo gabaabaa kennee darbuu ni danda'a. Itti fufuudhaan immoo boqonnaa itti aanu keessatti immoo hannaan ammeennaatiin gochaan ibsamuu danda'u 'amsiqa' jechuun fakkeenya himaa caasessee agarsiisuun gilgaala kennuun shaakalsiisuu ni danda'ama. Haluma kanaan itti fufuudhaan tajaajiloota kaawwan boqonnaafi gilgaala adda addaa keessatti dhiyeessudhaan itti fufinsa mirkaneessuun ni danda'ama. Ija kanaan kitaabichi yoo ilaalamu

hennaafi tajaajiloota isaanii boqonnaafi gilgaala walfakkaataa keessatti dhiyeessee waan jiruuf walitti fufinsi qabiyyee kitaabichaa guutuu miti yaada jedhuun gudunfuun ni danda'ama.

#### **4.2.5. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Dagaagina Qabiyyee Henna, Kitaaba Barattootaa**

Mata duree kana jalatti gosoonni henna kunneen yommuu dhiyaatan meeshaalee sirna barnootaa kitaaba barataa kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> keessatti dagaagina qabaachuun hangam kutaa itti aanu keessatti beekumsa dabalataa dhiyeesse yaada jedhu bu'uura godhachuun qoratichi sakattaa gaggeessuun xiinxale. Kana adda baasuuf ammoo qoratichi henna Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> irratti sakatta'a adeemsiseen gabateen kaa'ee jira. Raga gabateerratti hundaa'uun ammoo yaada hayyootaa matadurichaan walqabataniifi afaaffii barsiisotaaf taasifame walcinaa qabuun ibsi dabalataa gabatee jalatti dhiyeeffameera.

##### **4.2.5.1. Dagaagina Qabiyyee Hennaalee Kitaaba Kutaa Salgaffaa fi Kurnaffaa**

Dagaaginni qabiyyee qophii kitaaba tokkoo keessatti iddoo guddaa qaba. Dagaaginni, walitti fufinsa qabiyyee dhiyaatu sanarratti hubannoo barattootaa cimsuufis ta'ee fedhii barattooni barachuu qabiyyee sanaarratti qaban akka dabaluuuf qooda olaanaa qaba. Dagaagina qabiyyee yoo ibsu, dagaaginni qabiyyee walitti fufinsa qabiyyee waliin kan walqabatu ta'uu I saa ibsa. walitti fufinsi gosa barnootaa tokko keessatti qabiyyee deddeebi'ee dhufu ta'ee garuu, guddachaa kan deemudha jechuun ibsa. Walitti fufinsi akka caasaa sirna barnootaatti, qabiyyeewwan barnootaaf oolan kutaa murtaa'aa keessattis ta'ee kutaawwan itti fufan keessatti jiraachuu qaba. Sababnisaas, barataan tokko yaada sana irra deddeebiin yoo barate ergaa/yaadasaa gadi fageenyaan akka hubatu isa taasisa jechuun ibseera. Kana irratti hundaa'uun dagaaginni immoo, dhimma irra deddeebii osoo hintaane dhimma guddachaafi bal'achaa deemuu kan ilaallatudha jedha. Haalu kanaan, dagaagina qabiyyee sirnaan eeguuf qindoominni olee (vertical organization) barbaachisaadha. Qindoominni olee kutaadhaa gara kutaatti guddachaa kandeemuu ta'u isaa agarsiisa. Kana jechuun, akkuma kutaan guddachaa yookiin dabalaa deemuun qabiyyeenis salphaadhaa gara walxaxaatti guddachaa kan deemudha.

Qindoominni olee dhimmoota ittifufinsaafi walduraa duuba dhufinsa jedhamanii mirkanaa'uu danda'u. Dagaaginni qabiyyee qofaasaa gahaa miti. Kanaaf, walitti fufinsa keessa gabbinni yaadaa ykn dagaaginni qabiyyeewwanii jiraachuu qaba. Sababnisaas, walitti fufinsa sana keessatti yaanni haaraa damee horachaa deemuu qaba. Kanaaf, akkuma boqonnaarraa boqonnaatti akkasumas, kutaarraa kutaatti walitti fufinsi qabiyyee barbaachisu walitti fufinsa

kana keessatti ammoo dagaaginni qabiyyee ni barbaachisa jechuun ibseera. Haaluma kanaan qoratiichi haala dhiyeenya dagaagina qabiyyee dhiyaannaa hennaa boqonnaa irraa gara boqonnaatti akkasumas, kutaarraa gara kutaatti jiru addaan baafachuuf gabatee (4.5) gargaarameera. Ragaa gabateerratti hundaa’uun yaaxinoota matadurichaan walqabatan walcinaa qabuun ibsi dabalataa gabatee jalatti kennameera. Kana malees, afgaaffii barsiisotaaf taasifame eeruudhaan ibsi itti kennameera.

Gabatee (4.6) Dagaagina qabiyyee hennaalee boqonnaadhaa gara Boqonnaatti (Kutaa 9)

Gosenna	Qabiyyee dhiyaate			
Ammeennaa	<b>Qabiyyee xixiqqaa dhiyeeffaman</b>	<b>Boq.</b>	<b>Gil</b>	<b>Ful</b>
	Hiika ammeennaaf kennuu (yaadannoo)	5	5	50
	Tajaajiloota ammeennaa shantu dhiyaate	5	6	50
	Tajaajila ammeennaa tokkotu dhiyaate	6	5	59
	Tajaajila ammeennaa tokkotu dhiyeesse	7	6	73
Darbennaa	Hiika darbennaa kennuu (yaadannoo)	8	4	81
	Tajaajiloota darbeennaa sadiitu dhiyaate	8	4	81
	Hennaa tarsiqaa dhiyaate	9	11	91
	Tajaajila darbeennaa tokkotu dhiyaate	10	8	105
Murannaa	Hiika murannaa	11	5	113
	Shaakala hennaa murannaa	11	5	113
Mum aala	Tajaajila murnaalaafi hiika isaa, shaakala hennaa	12	6	123

Akkuma gabatee (4) kanarraa hubachuun danda’amu dhimma dagaagina qabiyyee Kitaaba Barataa A/Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> keessatti dhiyaatee jiru ilaalchisee Kitaaba Barataa A/Oromoo gosoonni hennaa hundi kan kutaa salgaaffaa irratti bu’uureffachuudhaan kan dhiyaatan yoo ta’ellee beekumsi dabalataa kutaa darbe tumsuuf dhiyaate hinjiru. Walitti fufinsi yoo jiraate,

dagaaginni qabiyyee achi keesatti akka madaalamu, boqonnaa darbe keessatti ibsameera. akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamutti, hennaaleen baay'een isaanii boqonnaa tokko keessatti tajaajila hennaa, hiika hennaa, shaakala gilgaalaa bakkuma tokkotti yoo dhiyeeffamu gabatee (4.6) irra hubachuun ni danda'ama. kanaafuu, boqonnaalee addaa addaa keessatti walitti fufinsi waan hinjirreef dagaaginni jira jechuun hindanda'amu. Bu'uuruma kanaan dabalinsa qabiyyee hennaa gabatee armaan olii keessatti yoo ilaalamu:

- ❖ Tajaajilli hennaalee ibsaman baay'een isaanii bakkuma tokko kaawwaman fakkeenyaaf tajaajila hennaa ammeennaa shan ta'antu, boqonnaa (5) gilgaala (6) irratti dhiyaate. dagaaginni immoo walitti fufinsa keessatti waan ilaalamuuf, bakka tokkotti qabiyyee dhiyeessuun tuulama odeeffannoo waan ta'uuf hanqina qabiyyee dhiyeessuu osoo hintaane, hanqina dagaagina qabiyyee dhiyeessuuti jechuun ni dabda'ama. sababiin isaas, tajaajila hennaa kanaa gilgaala adda addaafi boqonnaa adda addaa keessatti dhiyeessuu malee tajaajila dhiyeessuu irratti hanqinni hinmul'atu.
- ❖ Unki dhamjechoota hennaa kitaaba kana keessatti hennaa darbennaafi ammennaaf dhiyaateera. ta'us hennaa duranaaf wanti dhiyaate hinjiru.

Gabaabinaan dagaaginni qabiyyee maal akka fakkaatu sakatta'ameera. sakatta'a dhiyaate irraa wanti argame, dagaaginni qabiyyee kutaa kanaa fooyya'aa ta'us, walitti fufinsaan waan hindhiyaanneef bakka tokkotti qabiyyee dhiyeessuun dogoggora ta'uun hubatameera. Kanaafuu qabiyyee bakka tokkotti dhiyaate boqonnaa adda addaa keessatti dhiyeessuun dagaagina qabiyyeefi walitti fufinsa mirkaneessuun gaariidha.

Gabatee (4.7) Dagaagina qabiyyee hennaalee Boqonnaadhaa gara Boqonnaatti (Kutaa 10)

Enna	Qabiyyee dhiyaate			
Ammeennaa	Qabiyyee xixiqqaa dhiyeeffaman	Boq.	Gil	Ful.
	Hiika ammeennaaf kennuu (yaadannoo)	1	10	11
	Hiika hennaa amsiqaafi himoota caasessuun agarsiise	1	10	11
	Tajaajila ammeennaa fi amsiqaa kan agasiisan fakkeenyaan dhiyeesse	1	10	11
	Rawwima ammennaa, darbennaafi amsiqa walbira qabuun akka barreessan	2	11	28
Darbennaa	Shaakala raawwima ammennaafi darbennaa barreessuu	2	11	28
	Tajaajiloota tarsiqaa fi raawwima darbennaa	3	6	37
	Hennaa tarsiqaa fi raawwima darbennaa shaakalsiisuu	3	6	37
Murannaa	Hiika murannaa	4	6	46
	Shaakala hennaa murannaa	4	6	46
Murannaa	Tajaajila murnaalaafi hiika isaa, shaakala hennaa	5	3	54

Akkuma gabatee (7) kanarraa hubachuun danda'amu dhimma dagaagina qabiyyee Kitaaba Barataa Afaan Oromoo kutaa 10<sup>ffaa</sup> keessatti dhiyaatee jiru ilaalchisee Kitaaba Barataa Afaan Oromoo gosoonni hennaa hundi kan kutaa salgaffaa irratti bu'uureffachuudhaan kan dhiyaatan yoo ta'ellee beekumsi dabalataa kutaa darbe tumsuuf dhiyaate hinjiru. sakatta'a taasifameen kutaa kana keessatti dagaaginni qabiyyee yoo ilaalamu:

- ❖ Tajaajilli hennaalee kutaa kurnaffaa keessatti kan kutaa salgaffaa irra deebiin dhiyeesse malee beekumsi dabalataa shaakala gilgaalaa dabalatee dhiyaate hin jiru. kanaafuu tajaajila hennaalee (gochoota kaan akkamii dhiyeessu) kan jedhuuf beekumsi dabalataa kutaa salgaffaa irraa addatti dhiyaate hinjiru.
- ❖ Unki damjechootaa hennaa sadeen ittiin addaan ba'an kitaaba kutaa salgaffaa keessatti dhiyaatus, kutaa kana keessatti hindhiyaanne kanaafuu gama dhamjechoota hennaa ibsuufi shaakala dhiyeessuutiin wanti dhiyaate tokko hinjiru.



- ❖ Gosoonni hennaa hundi yoo dhiyaatan iyyuu, ibsi yaadannoon irra deebi'iin kenname kutaa kana keessatti hinmul'atu.

Gabaabinaan dagaaginni qabiyyee kitaaba barataa kutaa kurnaffaa maal akka fakkaatu sakatta'amuun xiinxalameera. sakatta'a taasifame irraa hubannion argame dabalinsi qabiyyee kutaa gara kutaatti jiru laafaa ta'uun isaa adda baafameera.

#### **4.2.5.2. Dagaagina Qabiyyee Hennaalee Kutaadhaa Gara Kutaatti (Kutaa 9fi 10)**

Sakatta'a kitaabaa dagaagina qabiyyee hennaa kutaa 9fi10 giddu jiru ilaalchisee hanqinni jiraachuu sakatta'a taasifame irraa hubachuun ni danda'ama. Sababiin isaas, akkuma kutaa darbe keessatti ilaaluuf yaalametti, dagaaginni qabiyyeen dhiyaatu tokko salphaa irraa gara walxaxaatti dhiyaachuudhaan beekumsa dabalataa ijaaraa deemuu qaba. Bu'uura yaada kanaatiin dabalaa deemuun qabiyyee beekumsaa yoo madaalamu kan kutaa lamaanii walii faallaa fakkaata. Sababiin isaas, hennaaleen kitaaba kutaa sagalii keessatti hanga tokko walitti fufinsa qabaachuudhaan ibsa hennaaf kennuun yaalameera. Akka gaariitti adda ba'aa ta'uu baatus, tajaajila hennaalee, yaadannoo gaggabaabaafi shaakalli gilgaalaaf kennamu dhiyaateera.

- ❖ Ibsi hennaaf kenname kitaaba kutaa salgaffaa keessatti hanga tokko kan jiru yoo ta'u, kan kutaa kurnaffaa keessatti garuu ibsi kenname irra deebii kutaa salgaffaati.
- ❖ Tajaajilli hennaalee kutaa salgaffaa keessatti dhiyaate akka gosaa hennaa of danda'aa ta'etti dhiyaachuu baatus, hannaalee sadeen (ammeenna, darbeenna, duraana) keessatti gochoota akkam akkamii (tajaajila yeroo gochaa) akkamii akka ta'e ibsuun yaalameera. Faallaa kanaatiin immoo kutaa kurnaffaa keessaatti gosoota hennaa dhiyeessuun shaakala gilgaalaa kennuu irraa kan hafe qabiyyeen dabalataa ibsa kennuun walqabatee dhiyaate hinmul'atu.
- ❖ Unki dhamjechootaa hennaa sadeen ittiin addaan ba'an kitaaba kutaa salgaffaa keessatti dhiyaateera. Kun barattoonni sana irra dhaabatani, gochimoota gara gararaa irratti (yeroo, saala, ramaddii) kan agarsiisan isaan kam akka ta'an fakkeenya kennameen kan biraa akka shaakalan taasisuu ni danda'a. kutaa salgaffaa keessatti qabiyyeen unka dhamjechoota hennaa dhiyaachuun isaanii gaarii ta'ee osoo jiruu, kutaa kurnaffaa keessatti garuu hindhiyeeffamne. Kanaafuu, dagaaginni qabiyyee hanqina qabaachuun isaa qaawwaa agarsiiseera.

Walumaagalatti dagaaginni qabiyyee walitti fufinsa keessatti beekumsa dabalataa qabiyyee sanaati. Kunis, qabiyyeen dhiyaatu sun dabalata beekumsa qabiyyee boqonnaa, gara boqonnaatti, kutaa gara kutaatti taasifamudha. Haluma kanaan sakattaa kitaabaa taasifameen, dabalaa deemuun qabiyyee xiinxalameera. Kunis, kitaaba kutaa salgaffaa keessatti boqonnaa, gara boqonnaatti daballin qabiyyee hanga tokko fooyyee qabaatus gahaa akka hintaane hubatameera. Kutaa kurnaffaa keessatti immoo shaakala gilgaalaa dhiyeessuu malee, ibsi dabalataa qabiyyee boqonnaa gara boqonnaatti jiru baay'ee laafaa ta'uun hubatameera. Haaluma walfakkaatuun sakattaa kutaa gara kutaa taasifameen qabiyyeen caalmaatti hubannoo kenna jedhamee ilaalamu kan kutaa salgaffaa yoo ta'u, kutaa kurnaffaa keessatti laafaadha. Kanaafuu dagaaginni qabiyyee kutaa gara kutaatti jiru laafaa waan ta'eef xiyyeeffannoon itti kennamuun qabiyyeen kutaa gara kutaa yoo fooyya'e gaarii ta'a.

#### **4.2.5.3. Xiinxalaafi Ibsa Afgaaffii Dagaaginaafi Walitti Fufinsa Qabiyyee Henna**

Dhiyaannaa qabiyyee henna ilaalchisee kitaaba kutaa salgaffaafi kurnaffaa irratti yaada isaanii akka ibsaniif barsiisonni mala iddattoodhaan filaman shanan isaanii gaaffii walfakkaataa gaafatamaniin deebii kennaniiru. Mata dureen itti aanu ragaa afgaaffiin argame haala armaan gadiin dhiyaate. Gahumsa dagaaginaafi itti fufinsa qabiyyee henna dhiyeessuu kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa salgaffaafi kurnaffaa akkamiin ibsitu? Dagaaginni qabiyyee fi itti fufinsi kitaaba kutaa salgaffaafi kurnaffaa boqonnaa gara boqonnaatti jiru maal fakkaata? ibsaa! jechuun gaaffii dhiyaateen: Dhimma dagaagina qabiyyee Kitaaba Barataa A/Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> keessatti dhiyaatee jiru ilaalchisee Kitaaba Barataa A/Oromoo ilaalchisee yaanni gaaffii gaafatameen deebistoota irra argame dagaaginni kitaaba kutaa salgaffaa keessa jiru fooyya'aa ta'uu eera.

Gafatamtoonni shaneenuu dagaaginni dabala deemu qabiyyeeti. haa ta'u malee waa'een henna ibsa boqonnaa adda addaa keessatti kennamu osoo hintaane boqonnaa muraasa keessatti walitti qabee dhiyeessuu isaa yaada walfakkaatuun ibsaniiru. walitti fufinsi boqonnaa hunda keessatti osoo hintaane boqonnaa muraasa keessatti tajaajiloota henna gosa tokkoo hunda bakka tokkotti dhiyeessa jechuun addeessaniiru. yaanni barsiisota irraa argame kun dagaaginni qabiyyee haala dhiyaachuu qabuun kan hindhiyaanne ta'uufi walitti fufinsi boqonnaa hunda keessatti henna dhiyeessu akka hinmul'anne agarsiisa. kun immoo ulaagaa dagaaginaafi walitti fufinsaa kan hin qabne ta'uu hubachiisa. Haaluma walfakkaatuun kitaba kutaa kurnaffaa keessatti barsiisota sadiif

gaaffiin dhiyaate haaluma kutaa salgaffaa keessatti deebisan waliin walfakkata. ta'us, kitaaba kutaa kurnaffaa keessatti dagaaginniifi walitti fufinsi kan kutaa salgaffatii gadi ta'uu ibsaniiru.

Dagaaginni qabiyyeefi itti fufinsi kuta gara kutaatti jiru maal fakkaata? Gaaffii kana irratti kan hirmaatan barsiisota sadii qofa. Sababiin isaas walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee hennaa ilaalchisuun kitaabilee kanneen lamaaniiin waanbariisaniif lamaan isaa irrattuu yada qorataadhaaf kennaniiru. Yaanni barsiisonni kunneen [dhiira lamaafi dhalaa tokko] kennan dagaaginni qabiyyeefi walitti fufinsi gahaa akka hintaane ibsaniiru. Ibsi dhiyaate yaada durumaan dhiyaanna kitaabilee kanneen irratti kennan bu'uureffate. Kunis, siluma iyyuu kitaabni kutaa salgaffaa qabiyyee hennaa dhiyeessuudhaan, akka hubannoo waa'ee hennaa kennuu irratti kan kutaa kurnaffaatii ol waan ta'eef dagaaginni mul'atu hinjiru jechuun ibsaniiru.

Sabani isaan kennanis hennaaleen kutaa kurnaffaa keessatti dhiyaatan irra deebii kutaa kudhanii ta'uu isaa ibsaniiru. Yada isaan ibsan kana irra kan hubatamus, dagaaginni qabiyyee kutaa gara kutaatti jiru quubsaa akka hintaane mul'isa. itti dabaluudhaanis, itti fufinsi qabiyyeen kutaa gadii kutaa olii keessatti deebi'ee ka'uu kan jedhu yookaan gosoonni hennaa irra deebii yoo ta'es, hunduu dhiyaateera gosoonni hennaa hundi dhiyaachuun walitti fufinsaa kutaa kurnaffaa keessatti ni mul'ata jechuun eeran. Gama kanaan dagaaginni qabiyyee yoo hinjiraanne iyyuu walitti fufinsi jiraachuun gosoota hennaa jiraachu eeraniiru. Barsiisaan tokko immoo dhamjechoonni hennaa kitaaba kutaa salgaffaa keessatti dhiyaatan kutaa kurnaffaa keessa hinjiran jechuun yaada isaa ibseera.

#### **4.2.5.4. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Maddeen Lamaanii Dagaaginaafi Walitti Fufinsa**

Akkuma boonnaa lama keessatti yaada hayyootaan ibsametti, walitti fufinsi qabiyyee muuxannoo barnootaa sirriifi filatamaa ta'een sirna barnootaa gahumsa qabu hundeessuu keessatti gahee inni qabu olaanaadha. Walitti fufinsa yeroo jennuus gosa barnootaa tokko keessatti qabiyyee deddeebi'ee kan dhufu ta'ee; garuu guddachaa kan deemu ta'uu qaba jedha. Kanarraa ka'uun, dhihaannaa qabiyyee dagaagsuufi walitti fufinsaan dhiyeessuu maddeen lamaan irraa argaman kan walgatuu miti. sakatta'i kitaabaas ta'ee afgaaffiin boqonnaalee murtaa'aa keessatti sun iyyuu kutaa salgaffaa keessatti dhiyeessuu isaa hubachiisu.

Walitti fufinsi immoo boqonnaalee hunda keessatti osoo hintaane boqonnaalee muraasa keessatti ta'uu addeessu. Haaluma walfakkatuun yaanni gama lamaaniiin argame dagaaginni qabiyyee boqonnaa gara boqonnatti kan kutaa kurnaffaa isa irra deebii kutaa salgaffaa ta'uu madden lamaan ni hubachiisu. Haaluma kanaan kutaa gara kutaattis dagaaginni tasumaa kan hinjiraanee ta'uu ragaan gama lamaaniiinuu ni hubachiisa. Haata'u malee itti fufinsi gosoota hennaa kutaa hunda keessattuu jiraachuu madden lamaan irraa ragaan guurame ni ibsa. Faallaa kanaan immoo dhamjechoonni hennaa agarsiisan kutaa salgaffaa keessatti ibsaman, kutaa kurnaffaa keessatti kan itti hinfufsiifamne ta'uu lameenuu hubachiisaniiru. Walumaa galatti maddi ragaa lamaan walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee irratti ragaan agarsiisu hanga tokko walitti fufinsa kutaa gara kutaatti gosoota hennaa hundaan dhiyeeffam era. Ta'us, dagaaginni kan hinmul'anne ta'uu ibsameera. Dagaaginni qabiyyee immoo kutaa gara kutaatti kan kutaa salgaffaa keessatti akka jiru maddeen lamaanuu ibsaniiru. Kutaa kana keessatti, walitti fufinsi immoo hanqina qabaachuun ibsaafi sakatta'a irraa hubatameera.

#### **4.2.5.5. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Dhiyaannaa Unkaafi Tajaajila Dhamjechoota Hennaalee**

Kitaaba barnootaaf qophaa'u keessatti qabxiin xiyyeeffannoo dursa barbaadu keessaa tokko qabiyyee, mala baruufi barsiisuu, kitaaba barnootaaf dhiyaateedha. Qabiyyee seerluga dhiyeessuu keessaa dhamjechoonni isaan tokko. Dhiyeessa kana keessatti tajaajilaafi hiika dhamjechoonni adda addaa hundee jechaa irratti maxxanan ibsuufi adda baasuun qabiyyee keessatti hammachiisuudha. Kana keessatti immoo, dhamjechoonni kamtu ramaddii, koorniyaa, lakkoofsafi ennaa garaagaraa mul'isuuf akka gargaare addaatti beekamuun barbaachisaadha. dhamjechoota hennaa agarsiisan irratti Hayyoonni seerluga Oromoo dhamjechoonni hennaa hindabarre ta'uu agarsiisan {-a}qofa akka hintaane yoo ibsan ammeennaafis ta'u duranaaf murannaalaan ala bifuma walfakkaatuun yoo ibsan: “Latiileen hennaa ammaa yk n hennaa dhufu ta'uu agarsiisan “{ni...-a', 'ni...-i', 'ni...-u /ni...ø} dha,” jechuun ibsu (Mitikkuufi Tashoomaa, 1992), (Geetaachoo, 2009). Kanarraa ammoo wanti hubannu akaakuuwwan hennaa ramaddii addaddaa waliin yoo hiriiran dhamjechoonni bifa garagaraa qabaachuu kan danda'an ta'uudha. Dhamjechoota barsiisuuf qabiyyee dhiyaatan keessaa tokko dhamjechoota hennaalee akka ta'a Sukkaareen qoraannoo ishii keessatti eerteetti. haluma kanaan kitaaba barattootaa kutaa 9<sup>ffaa</sup> fuula 90 irratti dhamjechoonni hennaa unkaafi tajaajilaan maal akka fakkaatan dhiyeeffamee jira.

**Yaadannoo:** Gochimni hojii hojjetame tokko yookaan gocha raawwatame tokko kan agarsiisu. Gochimni mathima qeenxee waliin galuufi mathima danuu waliin galu tokko miti. Gochimni mathima danuu waliin galu dhamjecha ‘-an’ yookaan ‘-ne’ maxxanfachuun walta’iinsa mathimaafi gochima agarsiisa.

Matima qeenxee fi gochima isaa:

Fkn: Ani **dhufe**.

Isheen **dhufte**.

Inni **dhufe**.

Matima danuufi gochima isaa:

Fkn: Nuti **dhufne**.

Isin **dhufan**.

Isaan **dhufan**.

Hundeen gochima fakkeenya armaan olitti kennamanii ‘dhuf’ kana jedhu. Dhamjechi ‘e’ ennaa darbe agarsiisa. Dhamjechi ‘t’ ramaddii lammaffaa agarsiisa. Kana malees, ramaddii 3ffaa saala dubaraa agarsiisa. Dhamjechi {-an} danooma ramaddii lammaffaafi sadaffaa yoo agarsiisu, dhamjechi {-ne} ammoo danooma ramaddii tokkoffaa agarsiisa.

Karaa guutuu ta’een dhiyaachuu baatus gochaa raawwatameefi hinraawwatamne kanneen ibsan jedhamuun dhamjechi {-e}n akka gochaa raawwatame(perfective aspect) ibsutti; akkasumas, dhamjechi {-an} jettufi {-ne}danooma agariisuu keessatti hiriiruu ishii agarsiifamee jira. ibsoonni dhamjechoota kana sadeeniif kennaman kunneen kallattiidhaan dhamjecha hennaa darbe agarsiistu ta’uu ishii kan agarsiise, {-e} hennaa darbe agarsiisuu keessatti. dhamjechoonni {-an, ne} jedhan kallattiidhaan walsimannaa isaan matimaaf qaban agarsiisuuf malee hennaa darbe agarsiisuu keessatti gocha matimoonni raawwataman irratti miti. Akka jalqabbii dhamjechoota hennaa barsiisuuf qabiyyee kitaaba barnootaatti kan kutaa kana keessatti ibsame gaarii ta’us, qabiyyeen kun kutaa kurnaffaa keessatti itti fufinsaan hin dhiyaane. Qabiyyeen tokko yeroo dhiyaatu, kutaa itti aanu irraa itti fufinsa agarsiisuun dagaagina qabiyyee illee agarsiisuu qaba. kun yoo hintaane tooftaan qabiyyee dagaagsuu seerluga barsiisuu keessatti kitaaboleen barnootaa dhiyeessuuf qaban hanqina qabaate mul’ata. Kanaafuu hanqinni itti fufinsa qabiyyee fi dagaagina qabiyyee gama unkaafi tajaajila dhamjechoota hennaa dhiyeessuutiin kutaa kurnaffaa keessatti ragaa kitaabaa irraa argame kanuma agarsiisa.

#### 4.2.5.6. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Afgaaffii Unkaafi Tajaajila Dhamjechoota Hennaalee

Gosti unka dhamjechoota hennaa kitaabolee Afaan Oromoo kutaa sagaliifi kudhanii keessatti haala kamiin dhiyaate? Gaaffii kanaaf deebiin barsiisota shan irraa fuudhameera. kitaaba kutaa sagalii keessatti barsiisonni sahananuu deebii yoo kennan, kan kutaa kurnaffaa keessatti barsiisota sadii qofa. unka dhamjechoota hennaalee ilaalchisuun barsiisonni kutaa salgaffaa barsiisan shaman halli unki dhamjechaa kitaabicha keessatti dhiyaatera. fakkeenyaaf, {-e}n hennaa darbe argisiisuu isaa; {-t-}n ramaddii sadaffaa keessatti saala dhalaafi lammaffaa keessaatti immoo ramaddi agarsiisuuf kan oolu; {-an}n kan jedhu hennaa agarsiisuuf ooluun isaa ibsameera. Kitaabichi bifaafi tajaajila isaanii ibsuun dhiyeessee jira. Ta'us, hunduu gilgaala tokko keessatti dhiyaatan; kun immoo barataan salphaatti hubachuuf rakkisaadha jechuun ibsan.

Faallaa kanaatiin immoo haalli dhiyaannaa unka dhamjechoota hennaa barsiisota kutaa kurnaffa barsiisaniin kenname. Kunis, unki dhamjechaa kitaaba kutaa salgaffaa keessatti ibsame deebi'uun hin dhiyaanne jechuun gabaabaatti deebisan.

Deebiin gaaffii unka dhamjechoota hennaa barsiisota shan irraa fuudhamee qaaceffamuun dhiyaateera. kitaaba kutaa sagalii keessatti barsiisonni sahananuu deebii kennaniin, unki dhamjechoota hennaalee dhiyaachuu isaa ragaa: {-e}n hennaa darbe argisiisuu isaa; {-t-}n ramaddii sadaffaa keessatti saala dhalaafi lammaffaa keessaatti immoo ramaddi agarsiisuuf kan oolu; {-an}n kan jedhu hennaa agarsiisuuf oolu jechuun ragaa bahaniiru. afgaaffin kun haalli unki dhamjechaafi tajaajilli isaanii kitaabicha keessatti dhiyaatee jiraachuun akka ulaagaa qabiyyee dhiyeessuutti gaaridha. sababiin isaas himoota hennaa caasessuuf bu'uura ta'uun barattoota tajaajiluuf himmoota unka hennaa irra dhaabataniin waan adda baasaniifi. kanaafu, qorataan gaaffii barsiisota irraa hubateen dhamjechhoonni hennaa dhiyeeffaman akka gaariidha jechuun ilaaleera. ta'us, unki dhamjechaa dhiyaate bakka tokkotti gosoota dhamjecha barsiisuu irra, boqonnaa adda addaa keessatti osoo dhiyaatee walitti fufinsa qabiyyee boqonnaa gara boqonnaatti jiru mirkaneessuu danda'a.

Gama biroon akka afgaaffii irra hubatametti, unki dhamjechoota hennaa kitaaba kutaa salgaffaa keessatti yoo dhiyaatan iyyuu kan kurnaffaa keessatti hindhiyaatiin hafuun afgaaffii irraa hubatameera. yaadni deebii gaaffii kanaa itti fufinsi qabiyyee unkaafi tajaajila dhamjechootaa ibsuuf kitaaba kutaa sagalii keessa jiru kutaa kurnaffaa keessaatti kan hindeebine ta'uu ibsa. kun

immoo itti fufinsaafi dagaagina qabiyyee unkaafi tajaajila dhamjechoota hennaa kutaa gara kutaatti jiru gama kanaan tasumaa dagatamuu isaa agarsiisa.

#### **4.2.6. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Dhiyaannaa Caasaafi Unka Hennaalee Kitaaba**

##### **Barattootaa**

Mataduree kana jalatti, ibsa hennaaleef kenname Kitaaba Barataa A/Oromoo keessatti akkamiin akka dhiyaatetu ragaa argameen xiinxalame. Tajaajila hennaalee, iftoomina gosoota hennaa, moggaasa maqaa jiran irratti gaggeessuun xiinxala adeemsifame ilaallata. Mata duree eeraman kanneen irratti yaada hayyootaa akkasumas, afgaaffii barsiisotaa irratti hundaa’uun ibsi itti kennameera. Kutaan kun hennaa ammaa (present tense) ilaalchisee odeeffannooowwan kitaaba barataa keessaa fudhataman kan xiinxale yoo ta’u, hanqina mul’atus adda baasuun akkaataa dhiyaachuu qabuun ibsee jira.

##### **4.2.6.1. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Moggaasa Hennaa Ammeennaa Sakatta’a Kitaabaa**

Hayyoonni seerluga Afaan Oromoo, hennaa kanaaf hiika kennaniiru. Hiikni kenname hanga tokko walitti dhiyeenya yoo qabaates, moggaasni hennaa kanaaf kenname garaa gartummaa qaba. Kitaaba barattootaa keessatti moggaasni kenname kan barreessitoota baay’ee waliin addummaa qaba. Haaluma barreessitoonni seerluga Oromoo ilaalaniin moggasni hennaa ammennaafi gooreewwan isaa kan Rabbirraa (2009) moggaase waliin walfakkaata. Qorannoo adeemsiseen moggaasni gooroo hennaa ammaafi gooreewwan hennaa kanaaf kaawwaman waliin akka walfakkatu Margaa (2009) qorannoo isaa keessatti ibsee jira. Hennaa kana keessatti kitaabolee lamaan keessattuu gooreewwan haammatamanii jiran:

- ❖ Ammeennaa,
- ❖ Raaw. Ammeennaa
- ❖ Amsiqaadha.

Akkuma moggaasa maqaa kanaarraa hubannu as keessatti iftoomina dhabuu moggaasa maqaatu mul’ata. Kunis gosoota hennaa sadan keessaa tokko ammee (present tense) yoo ta’u, gosa hennaa ammeennaa keessaa tokko kan ta’e kan ammee baaqqee (simple present tense) bakka bu’ee jirus “ammeennaa” jedhamuun moggaafameera. Beektonni akka ibsanitti qabiyyeen dhiyaatu tokko meeshaalee barnootaa keessatti, keessumaa kitaaba barataa keessatti salphaafi ifaa ta’uu akka qabu ibsaniiru. Haaluma kanaan akka gooroo hennaatti “raawwima ammeennaa” jechuun kan dhiyaate . Himoonni fakkeenyaaf kana jalatti caaseffamanis, unka adda ba’aa tokko hanga

hinqabaannetti tajaajila hennaa kanaati jennee kan ibsinu yoo ta'e malee akka gooreetti qoodamuuf unka hennaan kun ittiin ibsamu miti. Kanaafuu mata duree kana jalatti fakkeenyi himootaa caaseffaman akka gooree hennaa unka of danda'aa qabaniitti dhiyaachuu irra tajaajila hennaa ammaa jedhamuun yoo qoodaman gaarii ta'a.

#### **4.2.6.2. Xiinxala Ragaalee Tajaajiloota Hennaa Ammeennaa Sakatta'a Kitaabilee Irraa Argaman**

Boqonnaa lama darbe keessatti hennaan ammaa haala adda addaan caaseffamuu kan danda'u ta'uu isaa ibsameera. Ragaaleen kitaaba barataa fuula 105 fi 106 irraa fudhataman armaan gaditti dhiyaatanii jiru.

#### **Boqonnaa 5: Gilgaala 5**

**C. Hennaa ammeennaa:** “ Hennaan ammeennaa gochoota armaan gadiitiin raawwataman ibsa.”

a. gochoota irra deddeebi'aman

fkn. Daraartuun yeroo hundumaa ganama ganama shayee dhugdi.

b. haala amma irra jiru ibsuuf

fkn. Ishiin gammadduudha.

c. waan akka waliigalaatti dhugaa ta'e ibsuuf

fkn. Bineensi ni yuusa

Kaarboon monooksaayidiin gaazii summaa'aadha

d. Yeroo gara fuulduraa ibsuuf

fkn. Qormaanni boru sa'aa lamatti eegala

Hennaan ammeennaa gooroo hennaa keessaa tokko ta'uun akka qoodamu boqonnaa lama keessatti ibsamee jira. Rabbirraa (2009) Hennaan kun gochoota adda addaa ibsuuf akka tajaajilu eeree jira. Haaluma kanaan kitaabolee barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti tajaajilli hennaan kun qabu kaawwamuuf kan yaalame yoo ta'es, tokko karaa ifaan miti. Inni kan biroon immoo tajaajiloonni kaawwaman kan gara fuulduraa waliin walitti bu'aadha. Akkuma kitaaba keessaa fuudhamuun agarsiifamuuf armaan olitti yaalametti tajaajilli hennaa kanaan ibsuufi kitaaba keessa kaawwame:

- ❖ gochoota irra deddeebi'aman
- ❖ haala amma irra jiru ibsuuf,
- ❖ waan akka waliigalaatti dhugaa ta'e ibsuuf
- ❖ yeroo gara fuulduraa ibsuuf



Ammeennaan tajaajiloota ibsaman kanneen ibsuuf akka oolu fakkeenni himootaa caaseffamuun kennamaniiru. Egaa fakkeenya kitaaba barataa keessatti kenname tajaajila hennaa kanaatiif ooluufi dhiisuu isaa Afaan Oromoo keessatti hiikaafii caasaa himootaa bu’uureffachuun kan xiinxalaman ta’u. Akkuma fakkeenya kanneen irraa hubatamu. Tajaajila hennaalee, (a-d) fakkeenyaan kennamanii jiru. Tajaajilaafi haala hima hennaa kanaa ittiin caasessinu (d) Keessatti “yeroo gara fuulduraa ibsuuf; fkn. Qormaanni boru sa’aa lamatti eegala.” Jechuun dhiyaate yoo ilaalle agarsiistuun yeroo ammeefi unki dhamjechaa fakkeenya ibsame kana keessatti yeroo ammee agarsiisu hinjiru. Himni kun qormaanni boru saati lamatti eegaluu isaa ibsa. Hima caaseffame kana keessatti agarsiistuun ‘boru’ jettu raawwiin gochaa kun kan fuulduratti ta’u agarsiisti malee ammaaf kan oolu miti. Walumaagalatti kitaabolee barataa keessatti hennaa ammenna ilaalchisuun haala kitaabniifi qajeelchi barsiisaa tajaajila hennaan kennuu danda’uufi haala himoonni tajaajila kanaa kennan ittiin caaseffaman irratti xiinxalli gaggeeffameera. Xiinxala gaggeeffameen hennaan ammeenna tajaajilota inni kennu keessaa “gocha gara fuulduraa” hojjetamu kan jedhu tajaajila ammeenna ibsuu irra gocha gara fuulduraaf waan tajaajiluuf yoo haqame gaarii ta’a.

#### **4.2.6.3. Xiinxalaafi Ibsa Odeeffannoo Raawwima Ammeenna Kitaabolee Barattootaa**

Kutaan kun hennaa raawwima ammeenna ilaalchisee odeeffannoowwan kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessaa fudhataman kan xiinxale yoo ta’u, hanqina mul’atus adda baasuun akkaataa dhiyaachuu qabuun ibsee jira. Kitaabolee lamaan keessattuu haalli hennaan kun ittiin dhiyaate waan walfakkaatuuf ykn waltumsuuf qorataan fakkeenya mijataa ta’e ragaaleen kitaaba barataa kutaa 9 fuula 73 fi 74 irraa fudhataman armaan gaditti dhiyeesse irraa xiinxala adeemsiseera .

#### **Boqonnaa 7, Gilgaala 5: Henna Raawwima Ammeenna**

Yaadannoo: Raawwimni Ammeenna akka hennaa tokkootti tajaajiloota armaan gadii qaba.

(a) Gocha duraan eegalee hanga ammaatti itti fufaa jiru ibsuuf

Fkn. Tolaan waggoota saglan darbe Finfinnee keessa jiraateera.

(b) Gocha yeroo darbe keessa raawwatee xumurame, garuubu’aan isaa amma argamu/mul’atu agarsiisuuf

Fkn. 1. Jimaan mana ijaarrate

2. koorsaan haalbeedhaan harka ofmure

(c) Gocha yeroo darbe keessa raawwatame, kan yeroon raawwii isaa hinyaadatamne/hinbeekamne ibsuuf.

Fkn. Ani asoosama dheeraa “Godaannisa” jedhu dubbiseera.

Akkuma ragaaleen kunneen ibsan, ‘hennaan raawwima ammeennaa’ akka ibsa kitaaba kanaatti akka henna ofdanda’aatti ilaalama. Henna kanaanis tajaajiloota fakkeenya armaan olitti (a-c) ta’an ibsuun kan danda’amu ta’uu isaati. Haata’u malee, ‘henna raawwima ammeennaa’ jedhamuun kitaaba barataa keessatti kan ibsame hanqina qabaachuutu mul’ata. Hanqinoota kanneen karaa adda addaan ibsuun ni danda’ama. Moggaasni henna kana yaadrimeen isaa ifa miti. Kana jechuun henna kanaaf ibsa kennuuf qabatamumma isaa fakkeenya kennamee waliin hidhata hinqabu. Kun immoo ulaagaa qabiyyeen iftoomina qabaachuu jedhu hanqisee jira. Kanaan alas, akka henna tokkoottis unki dhamjechootaa henna kana ibsuuf kaawwaman hinjiran. Kun hamma hinjirretti immoo, faakkeenyi gochoota hennaan kun ibsuuf gargaara jedhamee kaawwame tajaajila henna ammaa jalatti akka ilaalaman mul’isa. Ta’us, ibsi mata duree kanaaf kenname gosa heennaa ta’uu malee kam jalatti akka ibsamu wanti ibsame hinjiru. Dabalataan immoo gochoonni hennaan kun ni ibsu jedhamuun kaa’amaniifi fakkeenyonni kennaman ‘dhugummaa qabiyyee’ kan yaada hayyootaan boqonnaa lama keessatti ibsame waliin walitti bu’a. Kanas, ragaadhaan deeggaarree gaafa ilaallu,

(a) Gocha duraan eegalee hanga ammaatti itti fufaa jiru ibsuuf

Fkn. Tolaan waggoota saglan darbe Finfinnee keessa jiraateera.

Fakkeenyaaf, gocha (a) kana jalatti himni caaseffame, agarsiistuu henna darbennaati malee kan ammaa miti. Sababiin isaas, gochimni ‘jiraateera’ jedhu kan himicha xumure, gocha darbe agarsiisa. Kanaaf ragaan immoo dhamjecha henna darbee agarsiisu xumurtoota Gosennaa kana ibsuuf caaseffamanii irratti argamuuti. Kanaafuu, fakkeenyi kenname kun gocha kana waan hin ibsineef, ‘Tolaan waggoota saglan darbe irraa kaasee Finfinnee keessa jiraachaa jira’ jechuudhaan agarsiistota yeroo fi xumura gargaartuun fooyyessuu qaba.

Fakkeenya (b) jalatti ibsame, “Gocha yeroo darbe keessa raawwatee xumurame, garuu bu’aan isaa amma argamu/mul’atu agarsiisuuf” jedhu dhugummaa waan hinqabne fakkaata. Akka yaada kanaatti tokko, gocha yeroo darbe keessa raawwatee xumurame ibsuuf himoonni caaseffaman darbeennaa agarsiisu. Fakkeenyi himootaa gocha kana caasessuuf kennamaniis, kan darbenna

ta'a. Sababiin isaas, gochimooni dhamjecha hennaa darbee of irraa qabu. Fakkeenyaaf, 'Jimaan mana ijaarrate.' Kan jedhuufi 'Koorstaan haalbeedhaan harka of mure.' kan jedhu gochoota xumuraman agarsiisu. Fakkeenyi (c) gochaafi haalli itti caaseffamu kenname kanaa waliin walfakkaatadha. Himni caaseffamuun agarsiifame akkuma isa duraa yeroo darbe agarsiisuuf malee, gocha biroof waan oolu hinfakkaatu. Kanaaf ragaan immoo dhamjechoota hennaa gochimni 'dubbiseera' jedhu maxxanfatee jiru ta'a. Dabalataanis himoonni haala kanaan caaseffaman hennaa darbe keessa waan jiraniif adda baasuun kan danda'amu miti.

Walumaagalatti moggaasni 'raawwima ammeennaa' jechuun kitaaba barataa keessatti dhiyaate yaada hayyootaan walbira qabuun yoo ilaalmu, ragaa argameen mata dureen isaa barataafis ta'ee barsiisaaf akka salphaatti hubachuuf rakkisaa ta'uufi yaadimee hinhubatamne qabaachuun isaa hubatameera. Boqonnaa lama keessatti yaannii hayyootaa qabiyyeen mata duree tokkoo salphaafi ifaa ta'uu akka qabu eeramee jira. Ija kanaan immoo mata dureen kun yoo ilaalamu, tokko hennaan kun tajaajila hennaan ammaa qabu, ta'uu irra hennaa ofdanda'aa ta'uun dhiyaateera. Haa ta'u malee unki dhamjechoo hennaa ammaarraa adda ta'e hinmul'atu. Kana malees fakkeenyi himaa caaseffame dhugummaa henna darbennaa malee hinmarkaneessuu waan ta'eef mata duree kana jalattii ibsamuu hinqabu. Kanaafuu, dhugummaafi qabatamummaan mataduree kanaa irra deebi'amee ilaalamuun fooyya'uu qaba. Kun yoo ta'uu baate, barattoonni himoota henna darbennaafi raawwima ammennaa adda baasuun caasessuuf rakkachuu danda'u. kana malees, barsiisaan illee garaagartummaa adda baasee barattootaaf ibsuuf yaanni kunneen walitti bu'aadha.

#### **4.2.6.4. Xiinxalaafi Ibsa Odeeffannoo Hennaa Amsiqaa Kitaabolee Barattootaa**

Boqonnaa 9: Gilgaala 11: Hennaa Keessaa Amsiqaa

Yaadannoo: Hennaan caasluga/seerluga afaanii keessaa tokko yoo ta'u, yeroo gochi tokko itti raawwatame yookiin itti ta'e agarsiisa. Hennaan amsiqaa ammoo, gosa hennaa ammaa yoo ta'u, gocha ammaa/yeroo dubbiin raawwatamaa jiru, wanta ta'aa jiru agarsiisa. Gochi hennaa amsiqaatiin ibsamu ammaan tana itti fufaa waan jiruuf hinxumuramne.

Fkn. Fardi garbuu nyaachaa jira.

Yaadannoon gabaabaan ibsame kun kitaabolee lameen keessatti haala adda addaan ilalame. Ibsi kenname kun 'amsiqaa' kan jedhu hennaa ammaa jalatti qoodamuun hima caaseffamu keessaa

tokko ta'ee gocha raawwii amma irra jiru kan agarsiisu ta'uu isaa agarsiisa. Fakkeenyi himaa caaseffame kan 'fardi garbuu nyaachaa jira.' Jedhu, tajaajila hennaa ammaa keessaa tokko agarsiisa. Kunis, kitaaba barataa kan kutaa salgaaffaa fuula (50) 'haala amma irra jiru ibsuuf' jedhu waliinis walfakkaata.

Hiikoon hennaa amma raawwatamaa jiruu yookaan 'amsiqa' jechuun kitaabicha keessatti kan dhimma itti ba'ame walitti bu'aa ta'uun isaa hubatameera. Shaakala gilgaalaa kutaa salgaaffaa keessatti hennaa ammaa jalatti akka hinhaammattamne qajeelcha barsiisaa keessatti deebisee jiraachuu odeeffannoon kitaaba irraa argame hubachiiseera. Shaakalli gilgaala ja'affaa, ajaja 'hennaa ammennaa adda baasi' jechuun fuula shantama irratti kenname, qajeelcha barsiisaa fuula soddonii torba irratti hima 'hannaa amsiqa' keessaa hambisuun mirkaneessee jiraachuun hubatameera. Haaluma walfakkaatuun kutaa kurnaffaa keessattis, fuula kudha tokko gilgaala kudhan [b] keessatti amsiiqaan himni caaseffamu hennaa ammaatii ala ta'ee ilaalameera. Ta'us, hiikoo hennaa Faallaa kanaatiin ammoo kitaaba kutaa salgaaffaa fuula shantamii sagal [59] irratti immoo 'gosa hennaa ammaa' jechuun ibsee jirachuun hubatameera. Walumaa galatti yaadannoon mata duree lamaan kana adda baasuuf kitaabichaa keessatti fudhatame murtaa'aa akka hintaane hubachuun ni danda'ama.

Kanaafuu, mata duree kana jalatti fakkeenyi kenname, henna ofdanda'aa 'amsiqa' jedhuu osoo hintaane, tajaajila hennaa ammaa jedhamuun yoo ilaalame fudhatama qaba. Sababiin isaas, fakkeenyi himichaa haalli caaseffama isaa hennaan ammeennaa gochoota akkam akkamii ibsa kan jedhu keessaa 'waan amma raawwachaa jiru' kan jedhuuf deebii waan kennuufi. Walumaagalatti haalli mata dureen 'amsiqa' jedhu kitaaba barataa keessatti ittiin ibsame barataa kan dogoggorsudha. Sababiin isaas, fakkeenyi himaa mata duree kana jalatti kenname tajaajila henna ammeennaa keessaa tokko agarsiisu malee akka henna of danda'aafi unka dhamjechaa ofiisaa qabuutti ibsamuu hinqabu.

#### **4.2.6.5. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Afgaaffii Dhiyaannaa Hennaa Ammaa**

Mataduree kana jalatti, unki hennaalee Kitaaba Barataa A/Oromoo keessatti akkamiin akka dhiyaatetu barsiisota kitaaba kanaan barsiisaa jiran gaafachuun erga ibsamani booda sakatta'a kitaabaa waliin walbira qabuun xiinxalame. Haaluma kanaan gosoonni hennaa kitaaba kana keessatti dhiyaatan unka dhamjechootaa, tajaajila hennaalee, iftoomina gosoota henna, moggaasa maqaa jiran irratti sakatta'a gaggeessuun xiinxala adeemsifame ilaallata. Mata duree eeraman

kanneen irratti yaada hayyootaa akkasumas, afgaaffii barsiisotaa irratti hundaa’uun ibsi itti kennameera.

Qabiyyeewwan caasaalee himoota hennaa iftoominni isaanii maal fakkaata? Kutaa kana keessatti qorataan gaaffiilee gadfagoo gaaffii armaan oliin walqabatan hedduun gaafatamaniiru barsiisonni shanan isaanii iyyuu gaaffichaaf deebii haala isaan ilaallatuun deebisan. mata duree kana irratti kitaaba kutaa salgaffaaf deebii kennitoonni barsiisota shan yoo ta’an kitaaba kutaa kurnaffaa irratti barsiisonni sadii hirmaatanii jiru. Sababni barsiisonni kunneen sadan qofti kitaaba kutaa kudhanii irratti hirmaataniif immoo kitaabichaan barsiisaa kanjiran isaan sadan qofa waan ta’eefi.

Hennaa ammeennaa kitaabichi keessatti haala kamiin ilaaltu? Gaaffii kanaaf deebiin barsiisota shanii kitaaba kutaa sagalii irratti kennameera. Ammeennaa irratti barsiisonni afur yaada walitti dhiyaatu kennaniiru. Kunis, iftoominni moggaasa caasaalee ammeennaa jedhuu kan walitti bu’u ta’uu kaasaniiru. Kana jechuun akka ibsa isaaniitti hennaan ammeennaa akka hennaa ofdanda’aa ta’etti kitaabicha keessatti dhiyaatee jira. Haata’u malee hennaaleen akka ‘amsiqaa fi raawwima ammeennaa’ gosoota hennaa of danda’aa gochuun yaadannoon addatti kennameefii jira jechuun ibsan. kun immoo yadannoo gosa hennaa jedhee yaadannoo dhiyeessuurra gosa hennaa ammaa ta’e gocha amma raawwatamaa jiru ibsuuf ola yoo jedhe fudhatama. Yoo hintaane barattoota burjaajessa jechuun ibsan. Barsiistuu hafte immoo moggaasni hennaa kanaa guutuudha sababiin isaa hennaaleen karaa adda ba’aan ibsaman, fakkeenyaaf haalli caaseffama himoota hennaa raawwima ammennaafi amsiqaa tokko miti. Hunduu unka mataa isaanii qabu jechuun yaada addaa dhiyeessitee jirti.

Dabalataan immoo, himoonni hennaa ammeennaa ibsuuf caaseffaman tokko tokko kan gara fuulduraa waliin adda baasuun kan nama rakkisu ta’uu isaa ibsaniiru. Fakkeenyaaf, jedhan tajaajila isaa keessaa yeroo gara fuulduraa ibsuuf Qormaanni boru sa’aa lamatti eegala kan jedhu caasaadhaan hennaa fulduraa ibsa jechuun eeran. Haaluma kanaan barsiisonni kutaa salgaffaafi kurnaffaa kitaaba barataa kanaan barsiisan hennaan ‘raawwima ammenna’ jedhamuun kan caaseffaman hennaa darbennaaf kan deemu ta’uu ibsaniiru. Fakkeenyaaf, ‘Jimaan mana ijaarrate.’ kan jedhu tajaajila raawwima ammenna keessaa tokko garuu iftoomina hinqabu jechuun ibsan.

Walumaa galatti deebiin barsiisotaa hennaa ammenna irratti kenname, hiikti hennaa ammennaafi caasaaleen himaa hennaa kana ibsuuf dhiyaatan adda baasee kaa’uu irratti iddo

tokko tokkotti rakkoon kan jiru ta'uu isaa hubachiiseera. Kana jechuun tajaajilli hennaan kun kennuu danda'u caaseffamni himaa rakkoo qaba jechuudha. Kunis, haalli himni hennaa ammennaa tokko tokko itti caaseffamaniifi hennaa darbennaa itti caaseffaman adda baasuun tajaajila hennaa kamiif akka oolu ibsuun kan nama rakkisu jiraachuu isaa hubachiiseera. .

#### **4.2.7. Xiinxalaafi Ibsa Odeeffannoo Hennaa Darbeennaa Kitaaba Barattootaa**

Hayyoonni seerluga Afaan Oromoo hennaa kanaaf hiika kennaniiru. Hiikni kenname hanga tokko walitti dhiyeenya yoo qabaates, Moggaasni hennaa kanaaf kenname garaa gartummaa qaba. Haaluma barreessitoonni seerluga Oromoo ilaalaniin moggaasni hennaa darbeennaafi gooreewwan isaa kan Rabbirraa (2009) moggaase waliin walfakkaata. Haata'u malee, moggaasni tajaajila hennaa kanaa jedhamuun ibsamuu malan gooreewwan hennaa kanaa:

(a) raaw. darbeennaa

(b) tarsiqaa jedhamuun kitaaboolee barataa kutaa sagaliifi kudhanii keessatti ibsamee jira.

Hennaan darbeennaa goroo hennaa ta'uun akka qoodamu boqonnaa lama keessatti ibsamee jira. Rabbirraa (2009) Hennaan kun gochoota adda addaa ibsuuf akka tajaajilu eeree jira. Haaluma kanaan kitaabolee barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti tajaajilli hennaan kun qabu kaawwamuuf kan yaalame yoo ta'es, tokko karaa ifaan miti. Akkuma kitaaba keessaa fuudhamuun agarsiifamuuf armaan olitti yaalametti tajaajilli hennaa kanaa kitaaba barataa kutaa salgaffaa , boqonnaa saddeet, gilgala sadii keessa kaawwame:

(a) gocha yeroo darbe keessa raawwate ibsuuf

fkn. Jaalanneen gabaa baate

(b) Gocha yeroo darbe keessa gocha biraa dura raawwate ibsuuf

Fkn. Yeroon ani mana barumsaa ga'u, barnoonni eegalamee ture.

(c) Gocha yeroo darbe keessa raawwatamaa ture ibsu

Fkn. Kaleessa galgala kitaaba barataa dubbisaan ture.

Kitaaboleefi qajeelcha barsiisaa keessatti darbeennaan tajaajiloota ibsaman kanneen ibsuuf akka oolu fakkeenii himootaa caaseffamuun (a-c) keessatti kennamaniiru. Egaa fakkeeniyota kitaaba barataa keessatti kenname tajaajila hennaa kanaatiif ooluufi dhiisuu isaa Afaan Oromoo keessatti hiikaafii caasaa himootaa bu'uureffachuun kan xiinxalaman ta'u. Akkuma fakkeenya kanneen irraa hubatamu tajaajila hennaalee, (a-c) fakkeenyaan kennamanii jiru. Tajaajilaafi haala hima hennaa kanaa ittiin caasessinu (a) Keessatti “gocha raawwatee, darbe; fkn. “ jaalanneen gabaa baate.” Jechuu dhiyate yoo ilaalle, haalli caaseffama himichaa dhamjecha yeroo darbe {-e}

waliin gochaa raawwatee darbeefi irra deddeebii hinqabne agarsiisa. Akkasumas, (b) gocha gocha biraa dursee raawwatame kan jedhus, gochoota lama yeroo darbe keessa raawwataman kan ciroo of danda'aafi ciroo hirkataatin ibsaman qaba. Kun immoo yeroo darbe dhamjecha agarsiistu akkuma jirtutti taatee, xumura gargaaraa waliin caaseffamuu isaati. (c) jalatti gocha raawwatamaa ture, jechuun kan ibsame immoo, yeroo darbe keessa gocha irra deddeebi'amaa ture ta,uu dha.

Walumaagalatti kitaabolee barataa keessatti hennaa ammenaa ilaalchisuun haala kitaabniifi qajeelchi barsiisaa tajaajila hennaan kennuu danda'uufi haala himoonni tajaajila kanaa kennan ittiin caaseffaman irratti xiinxalli gaggeeffameera. Xiinxala gaggeeffameen hennaan ammeenna tajaajilota inni kennu keessaa “gocha gara fuulduraa” hojjetamu kan jedhu tajaajila ammeenna ibsuu irra gocha gara fuulduraaf waan tajaajiluuf yoo haqame gaarii ta'a. sababiin isaa fakkeenya himaa tajaajilli hennaa kanaa ittiin caaseffame illee agarsiistuu yeroo gara fuulduraa of keessaa waanqabuuf barattoota burjaajessuurra jijjiiramuu ykn unka hennaa tajaajila kana ibsuu barbaaduun fala ta'a.

#### **4.2.7.1 Ibsa Ragaalee Hennaa Tarsiqaa Kitaaba Barattootaa**

Tarsiqa irratti yaadannoon barattoota hubachiisuuf dhiyaateefi fakkeenya caaseffama himaa garaagara ta'uun isaa hubatameera. kitaaba kutaa salgaffaa fuula sagaltamii tokko gilgaala kudha tokko [A] keessatti, gocha, walitti fufinsaan raawwatame, agarsiisa jechuun erga addeessee booda, fakkeenya himaa [ xumura muumme+ hundee xumura gargaartuu+ dhamjecha hennaa darbee] tiin caasessee agarsiisuun hubatameera. Fakkeenyaaf 'Caalaan barachaa ture' jechuun huma caaseffame keessatti himni fakkeenya kanaan caaseffamu, gochoota yeroo darbe keessa walitti fufinsaan raawwatamaa ture ( past continuous tense) kan agarsiisu ta'uu agarsiisa.

Tarsiiqa ilaalchisee barreessitoonni seerlugaa himoota gocha darbe ibsuuf caaseffaman akka ta'e ibsu. Negussie(2002:179) “The past continuous expresses an activity or activities which took place for some period in the past,” jedha. Akka yaada kanaatti gochi yeroo darbe keessa raawwatamaa ture ‘tarsiqa’ (past continuous) caasaahimaa gocha yeroo darbe keessa gocha walitti fufinsaan raawwatamaa ture agarsiisuuf caaseffamu ta'uu isaa hubachiisa. Gochi darbeenna kun gochoota jiran keessaa, gochaawwan yeroo darbe keessa yeroo murtaa'eef itti fufinsaan raawwatamaa ture ta'uu agarsiisa. Haala caaseffama unkaa isaa ilaalchisee ammoo

Abarraafi kaawwan(1995:86) yoo ibsan: Henna kana keessatti gochi muummeen unkaa “present participle,(ing) ammeennaa ta’ee tumsiin dabrennaa {tur-} hima tokko keessatti yoo argaman henna yeroo darbe keessa walitti fufinsaan raawwatamaa ture jedhamu. Itti dabalees, tokkummaafi adda addummaa henna tarsiqaan amsiqaa waliin qabu yoo ibsan, Amsiqaaifi tarsiqaa adda kan baasu gochima muummee(main verb) otoo hinta’iin xumura gargaartuudha jechuun ibsu.

### **Boqonnaa 9: Gilgaala 11: Henna Keessaa Tarsiqaa**

**Yaadannoo :** Hennaan tarsiqaa gocha yeroo darbe keessa raawwatamaa ture tokko agarsiisa.

Fkn. Ani taphachaan ture

Inni fiigaa ture

Isaan dhufaa turan

Ani taphachaan ture

Himoonni caaseffaman kunneen, gochi tokko yeroo darbe keessaa walitti fufinsaan raawwatamaa turuu isaa nutti agarsiisu. Dhamjechoonni{-e, an} jedhan gochima gargaartuu ‘tur-’jettuufi gochimoota muummee biroo waliin ta’uun tajaajila kana kennanii jiru. Akkuma sakatta’a taasifame irraa hubachuun danda’amutti, himmoonni kitaabolee barataa keessatti haala armaan oliin caaseffaman tajaajila hennaan darbeennaa qabu keessaa gocha yeroo darbe keessa walitti fufinsaan raawwatamaa ture kan ibsanidha. haalli kitaaba kutaa salgaffaa keessatti kennames kanuma dhugoomsa.

Haata’u malee hennaan, kun kitaaba kutaa kurnaffaa keessatti immoo himoota henna ‘raawwima darbeennaa’ jechuun caaseffame keessatti ilaalame. hima ‘Yeroo mana geenyu, jarri deemanii turan.’ jedhu keessatti gochaan as aanu tarsiqaa ta’uu eera. kunis, hima heennaa ibsuuf dhiyaate keessaa “yeroo mana geenyu,” kan jedhu tarsiqaa ta’uun ibsameera. Ta’us barreessitoonni seerluga Oromoo bifa kanaan caasessan hinturre. Ulaagaa qabatamummaa qabiyyee jedhu jalatti yoo ilaalamu kufaa ta’uun hubatameera. Kanaafuu, kitaaba kutaa salgaffaa keessatti fakkeenyi fudhatame yaada hayyootaa waliin tokko waan ta’eef, kutaa kudhan keessattis, haaluma kanaan ibsamuu qaba.

Dabalataan immoo, mata dureen ‘tarsiqaa’ jedhu kitaaba barataa kutaa salgaffaa ta’ee kurnaffaa keessatti akka henna of danda’aa tokkootti waan dhiyeeffame fakkaata. Sababiin isaas



yaadannoo kennuudhaan akka waan gooroo hennaa ta'eetti dhiyaatee waan jiruufi. Beektonni seerlugaa immoo, akka hennaa of danda'aatti osoo hintaane 'hennaa darbennaa' jedhu keessatti gochoota walitti fufinsaana raawwatamaa turan agarsiisuuf tajaajila hennaa darbenna keessaa tokko ta'uu ibsa hayyootaa irraa ni hubatama. Fakkeenyi armaan olitti 'tarsiqa' jechuun kennaman kunneenis kanuma agarsiisu malee waan haaraa miti. Dabalataanis yaadrimeen 'tarsiqa' jedhu hiika gochoota kennamanii waliin waan walitti dhufeenya qabu hin fakkaatu. sababiin isaas, mata dureen kun adeemsa tishoomuu ykn amala suphuun kan uumamu yoo fakkaates, ulaagaa mata duree salphaafii ifaa jedhuun yoo madaalame, ulaagicha ni hanqata.

#### **4.2.7.2. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Hennaa Raawwima Darbeennaa Kitaaba Barattootaa**

Gochi tokko gocha biraa dura raawwachu xiyyeeffachuuf ennaan raawwima darbeenna walqabsiistuuu "erga" (when) faana galuun gocha gocha biraa dura raawwatu tokko xiyyeeffachuuf akka oolu Martinet and Thomson (1986: 177) yoo eeran, "*The past perfect is used after **when** when we wish to emphasize that the first action was completed before the second one started: eg. When he had shut the window we opened the door of the cage. (We waited for the window to be quite shut before opening the cage. When she had sang her song she sat down.*" jechuun fakkeenya waliin ibsaniiru. Fakkeenyi waraabii kanaa himoota "Eega inni foddaa banee turee booda balbala banne" fi "Erga sirbitee turtee teesse" jedhaniin kan bakka bu'amuu danda'an yoo ta'u, himni duraa gochi "foddaa banuu" gocha "balbala banuu dura ta'uu eera. Himni lammataa immoo gochi 'sirbuu' gocha 'taa'uu' dura akka ta'e ibsa. Haala kanaanis, ennaan raawwima darbeennaa bifa ciroon kan argamuudha.

Yaada hayyootaa irra dhaabachuun, kutaan kun hennaa raawwima darbeennaa ilaalchisee odeeffannoowwan kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessaa fudhataman kan xiinxale yoo ta'u, hanqina mul'atus adda baasuun akkaataa dhiyaachu qabuun ibsee jira. Kitaabolee lamaan keessattuu haalli hennaan kun ittiin dhiyaate ibsa kennuu irratti kan lamaan isaaniitu xiinxalame. Ragaaleen kitaaba barataa kutaa 9 fuula 105 fi 106 irraa fudhataman armaan gaditti dhiyaachuun kan kutaa kurnaffaa ibsa keessatti dabalataan hammachiifame.

#### **Boqonnaa, Barannoo 6: Raawwima Darbeennaa**

*Yaadannoo:* Raawwimni darbeennaa gochaawwan hennaa darbee keessatti raawwataman keessaa gocha isa dursee raawwatame kan ibsuudha.

Fkn: Yeroon ani mana ga'u, harmeen koo mana cuftee deemteetti.

Himni kun gochaawwan darboo ta'an lama ofkeessaa qaba. Inni jalqabaa 'ani mana ga'uu koo' kan ibsu yoo ta'u, inni lammaffaa immoo 'harmeen koo mana cuftee deemuushii' kan agarsiisu. Gochaawwan kana lamaan keessaa kan dura raawwatame harmeen koo mana cuftee deemteetti' isa jedhu.

#### Gilgaala 8: Shaakala Raawwima Darbeennaa

A. Himoota armaan gadii keessaa gocha raawwima darbeennaa kan agarsiisu/ addaan baasi.

1. Yeroo mana geenyu, jarri deemanii turan.
2. Yeroo mana geenyu, inni hojiisaa xumureera.
5. Nuti barreessinee xumurreerra yeroo inni barreessuu eegaluu.

Himoota lamaan kanneen keessattis gochi dursa raawwate qajeelcha barsiisaa fuula 67 irratti kennaamee jira. Akkuma himoota kanneenirraa hubatamu, ennaan raawwima darbeennaa bifa ciroo ofdanda'aafi hirkataatiin kan dhiyaatu ta'ee, ciroon ofdanda'aa raawwima darbeennaa kan agarsiisu ta'uu, fakkeenya 1 fi 2 irraa hubachuu ni danda'ama. Cirootaan kennaman keessaa

1. Jarri deemanii turan .
2. Inni hojii isaa xumureera
5. Nuti barreessinee xumurreerra

Akkuma ragaaleen kunneen ibsan, hennaan raawwima darbeennaa gochoota lama yeroo darbe keessa raawwatan keessaa isa dura raawwate agarsiisa. Ennaan raawwima darbeennaa gochima darbeefi gochima gargaartuu dhamjecha ennaa yeroo darbee ofirraa qabdu "ture" jettu irraa akka ijaarramu Dahl (1985) ni eerti. Geetaachoon (2009) immoo gochima muummee dhamjecha ennaa yeroo darbee {-e} qabuufii gochima gargaartuu dhamjecha{-e} ofirraa qabdu "ture" jetturraa akka ijaarramu ibsa. Kanaafuu, hennaan raawwima darbeennaa gochima darbee dhamjecha darbee {-ee} ofirraa qabuufi gochima gargaartuu dhamjecha ennaa yeroo darbee {-e} maxxanfachuu dandeessu "turuu" jettu irraa ijarrama jechuun dimshashessuun nidanda'ma. Ragaaleen kitaaboolee keessaa fudhataman kan agarsiisu baay'een isaanii bifa kanaan ibsaman. Fakkeenyaaf, "jarri deemanii turan" "inni hojii isaa xumureera" cirootaan jedhan kanaaf ragaa bahaniiru. Walumaagalatti hennaa 'raawwima darbeennaa' jechuun mata duree dhiyaateef fakkeenya himaa caaseffame dhaaba kan qabuu miti. kunis, tokko fakkeenya himootaa ' hennaa raawwima darbeennaa' jalatti fudhataman, hennaa darbeennaa jalatti ibsamani jiru. Akka yaada hayyootaatti fakkeenya himootaa 'gocha yeroo darbe keessa gocha biraa dura raawwatan'.

ibsuuf tajaajilan darbeennaa keessaa gooree ‘raawwima darbennaa’ jedhu jalatti ibsamuun irra jira.

#### **4.2.7.3. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Henna Darbeennaa Ragaa Afgaaffii Irraa Argame**

Kutaan kun henna darbe (past tense) ilaalchisee odeeffannoowwan afgaaffii barsiisotaa irraa argaman ibsa itti kennee jira. Gosti henna darbee kitaabolee Afaan Oromoo kutaa sagaliifi kudhanii keessatti haala kamiin dhiyaate? Gaaffii kanaaf deebiin barsiisotaa shananuu kennameera. Henna darbe irratti barsiisonni shananuu yaada walitti dhiyaatu kennaniiru. Kunis, akkuma henna ammaa, iftoominni moggasa caasaalee henna darbee jedhuu kan walitti bu’u ta’uu kaasaniiru. Kana jechuun akka ibsa isaaniitti henna darbe akka henna ofdanda’aa ta’etti kitaabicha keessatti dhiyaatee jira. Haat’u malee hennaaleen akka ‘tarsiqaafi raawwima darbeennaa’ gosoota henna of danda’aa gochuun yaadannoon addatti kennameefii jira jechuun ibsan. Ibsi kun kanuma henna ammenna irratti deebii kennan waliin walfakkaata. qeeqni dhiyaate kun, akka gosa hennaatti, yaadannoo gosa henna jedhee dhiyeessuurra gosa henna darbeennaa ta’ee gocha walitti fufinsaan raawwatamaa ture; raawwimni darbennaa immoo yeroo darbe keessa gochoonni lama walfaana raawwataman yoo jiratan isa dura raawwatameen darbennaa jechuun ibsuu qaba jechuun qeeqa dhiyeessan.

Dabalataan immoo, himoonni henna darbeennaa ibsuuf caaseffaman akkuma henna ammeennaa rakkoo qabu. Himoota henna kanaaf caaseffaman tokko tokko henna ammaa keessatti haaluma caaseffamaniin deebisee darbennaa keessattis caasessee jira. Fakkeenyaaf, tajaajila isaa keessaa yeroo gara fuulduraa ibsuuf qormaanni boru sa’aa lamatti eegala kan jedhu caasaadhaan henna fulduraa ibsa jechuun eeran. Haaluma kanaan barsiisonni kutaa salgaffaafi kurnaffaa kitaaba barataa kanaan barsiisan henna ‘raawwima ammenna’ jedhamuun kan caaseffaman henna darbennaaf kan deemu ta’uu ibsaniiru. Walumaa galatti deebiin barsiisotaa henna darbennaa irratti kenname, hiikti henna darbennaafi caasaaleen himaa henna kana ibsuuf dhiyaatan adda baasee kaa’uu irratti rakkoon kan jiru ta’uu isaa hubachiiseera. Haalli himni henna darbennaa tokko tokko itti caaseffamaniifi henna ammeennaa itti caaseffaman adda baasuun tajaajila henna kamiif akka oolu ibuun kan nama rakkisu jiraachuu isaa ni hunbanna. ta’us, himoonni baay’een isaanii kallattiidhaan gosennaalee jalatti caaseffaman sirriitti ibsuu kan danda’an kitaabolee kanneen keessa jiraachuun ibsa

kename irraa hubatameera. Kanaafuu ragaan afgaaffii irraa argame ragaa kitaabaa kan deeggaru ta'uu hubachuun ni danda'ama.

#### **4.2.8. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Henna Gara Fuulduraa Kitaaba Barattootaa**

Kutaan kun ennaa murannaa ilaalchisee odeeffannoowwan kitaaba barataafii qajeelcha barsiisaa keessaa fudhataman kan xiinxale yoo ta'u, hanqinni mul'atus adda ba'uun akkaataa dhiyaachuu qabuun ibsamee jira. Ragaaleen kitaaba barataa fuula 123 irraa fudhatamanis armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

##### **4.2.8.1. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Henna Murnaalaa Kitaaba Barattootaa**

*Yaadannoo: Murnaalli gosa henna ta'ee kan dhimma ykn gocha fulduratti raawwatamu ykn raawwatamuuf shakkamu tokko ittiin agarsiisnudha.*

1. Waan fuulduratti hojjachuu/ raawwachuu kee shakkitu shan barreessi.

Fkn: a. Ani nan deema ta'a.

- b. Inni xalayaa hiriya isaaf nibarreessa ta'a.

Fakkeenyi armaan gadiis qajeelcha barsiisaa fuula 79 irraa kan fudhatameedha.

- a. Odeeffannoo gabatee keessatti dhiyaate bu'uureeffachuun hima murnaala agarsiisu ijaaruu jaraa mirkaneeffadhu. Barattoonni yaada adda addaa kennuu danda'u.

Fkn: Badhaatuun Sanbata xiqqaa dhufu fira nigaafatti ta'a.

Murannaalli gosa henna fuulduraa keessaa isa tokko yoo ta'u, innis shakkii ykn mamii dubbataan gocha tokkoratti qabu akka agarsiisa. Murnaan gochi gara fuulduraa raawwatamu, garuu yeroon itti raawwatamu yoom akka ta'e kan hinbeekamne ta'uu agarsiisa. Murannaa keessatti gochimni muummeen bifa gochaala/infinite ta'e qaba. Henna kana keessatti hundee gochima muumme irratti dhamjechi gochaala mul'isu {-uu} murannaa, dhamjechi gochi gara fuulduraa raawwatamuun akka hinhafne mul'isu {-f/-fa} fufata. Gochima muumme waliinis tumsiin {jir-} dhamjecha {-a} gocha hinraawwatamne mul'isu itti aanee dhufa. (Rabbirraa 2009). Akkuma ragaalee kanneen irraa hubatamu, hennaan murnaalaa henna duranaa (future tense) ta'uun gocha gara fuulduraatti raawwiinsaa shaakkii ykn mamii ta'e tokko agarsiisuuf kan tajaajiluudha.

Fakkeenyi kitaaba barataafii qajeelcha barsiisaa keessatti kennamanis yaaduma kana dhugoomsu. Haata’u malee, dhamjechi hennaa inni kum ykn gochimni gargaartuu isheen kum gocha fuulduratti raawwachuunsaa mamii ta’e kana agarsiisuu danda’u wanti ibsame hinjiru. Ragaaleen kitaaba barataafii qajeelcha barsiisaa keessa akka fakkeeniyatti dhiyaatan kunneen sadanuu hiika shakkii kan qaban yoo ta’u, isaanis gaaffii “Shakkii ykn mamii gochaa agarsiisuun tajaajila ennaa miti?” jedhu dhiyeessuu danda’u. Gaaffii kana deebisuufis, maalummaan hennaa ibsamuu qaba; Kana qofa osoo hintaane fakkeenyi kenname mata duree ‘murnaala’ jedhu dhiisuudhaan, haala caaseffama isaatiin gocha gara fuulduraa mamii agarsiisu gosa hennaa fuulduraa jechuun hiikoo kanaaf kennamu ifa gochuu qaba. Kanaan alas, hennaa fuulduraa (future tense) gosa hennaa gocha gara fuulduraa ittiin ibsuuf caaseffamu ta’uu isaa ibsuun gochoota akkam akkamii kan ittiin caaseffamu agarsiisuun ni danda’ama.

#### 4.2.8.2. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Hennaa Murannaa Kitaaba Barattootaa

Murannaan gochi gara fuulduraa raawwatamu, garuu yeroon itti raawwatamu yoom akka ta’e kanhinbeekamne ta’uu agarsiisa. Murannaa keessatti gochimni muummeen bifa gochaala/infinite ta’e qaba. Hennaa kana keessatti hundee gochima muumme irratti dhamjechi gochaala mul’isu {-uu} murannaa, dhamjechi gochi gara fuulduraa raawwatamuun akka hinhafne mul’isu {-f/-fa} fufata. Gochima muumme waliinis tumsiin {jir} dhamjecha {-a} gocha hinraawwatamne mul’isu itti aanee dhufa. (Rabbirraa’ 2009).

**Gilgaala 5: Yaadannoo:** Hennaa keessa murannaan gocha fuulduratti raawwatamuuf murtaa’e tokko agarsiisa.

**Fkn:** Inni deemuufi.

Ishiin galuufi.

Jarri dhufuufi.

Himoota armaan olii keessatti gochawwan “deem-”, “gal-” fi “dhuf-” jedhan irratti dhamjechi “-uf” jedhu maxxannuun gochawwan fuulduratti raawwatamuuf murtaa’an agarsiisa.

Akkuma ragaalee kanneen kitaaba kutaa 9<sup>ffaa</sup> fuula 113 irraa hubatamu, hennaan murannaa hennaa duranaa (future tense) ta’uun gocha gara fuulduraatti raawwiinsaa murtaa’a ta’e agarsiisa. ijaarsi hennaalee kanaa xumura gochaa kanneen akka “deem-”, “gal-” fi “dhuf-” jedhan irratti dham jecha boodaa “-uf” jedhu ida’achuun gocha fuulduratti raawwatamuuf akeekame agarsiisanii jiru. Akkuma yaada hayyootaa seerluga Afaan Oromoo barreessan hubachisan

himoonni fakkeenya kennaman: a. inni deemuufi. b. Ishiin galuufi. c. Jarri dhufuufi. Jechuun caaseffaman gocha fuulduratti raawwatamuuf hinmamsiisne agarsiisuuf ergaa dabarsuu isaaniiti. haata'u malee, ibsi hennaa kanaaf kennamu moggaasa hennaa murannaa jedhu gosa hennaa jedhee ibsuurraa, hennaa fuulduraa keessaa gocha raawwatamuun mamii hinqabneefi murtaa'aa ta'e jechuun osoo dhiyeessee fudhatamaadha. Sababiin isaas himoonni biroon gocha gara fuulduraa agarsiisuuf caaseffaman moggaasa akkasii yoo kan kenninuuf ta'e himoonni hennaa caaseffaman martuu moggaasa barbaadu waanta'ee fi.

#### **4.2.8.3.Ragaalee Hennaa Murnaalaafi Muranaa Afgaaffii Irraa Argaman**

Gosti hennaa fuulduraa kitaabolee Afaan Oromoo kutaa sagaliifi kudhanii keessatti haala kamiin dhiyaate? Gaaffii kanaaf deebiin barsiisota shan irraa fuudhameera. Kitaaba kutaa sagalii keessattis ta'ee kan kutaa kurnaffaa keessatti haalli fakkeenya himoota caaseffamanii gahaa akka hintaanetu. Barsiisota hundaan ibsame. Haaluma hennaa ammennaafi darbennaa keessatti kaasaniin 'murannaafi murannaala' jechuun hiikti tajaajila hennaaf dhiyaate gosa hennaa gara fuulduraa ta'uu isaa eeree jira. Ta'us, hennaa kana keessatti yaadannoon gahaan kaawwame hinjiru, akkasumas himoonni caaseffaman fakkeenya lama hincaalan jechuun dimshaashaan ibsan. Haaluma walfakkaatuun mata duree murannaafi murannaala jechuun ibse akka waan gosa hennaa ofdanda'aatti dhiyaate jechuun qeeqan.

Walumaa galatti deebiin barsiisotaa hennaa fuulduraa irratti kenname, hiikti hennaa fuulduraa barattootaaf ifa gochuu irratti hanqinni jiraachuu ibse. Ragaan kitaaba barattootaa irraa argames ibsi hennaa garafuulduraaf kenname hanqina qabaachuu agarsiise. Kunis, hennaaleen murannaafi murannaalaa gosa hennaa keessaa tokko jechuun erga ibsa kennee booda fakkeenya kennee caasessuun agarsiisuudha. Ta'us, ibsa ragaalee, irraa akka hubatamutti murannaalli gosa hennaa osoo hintaane, tajaajila hennaan fuulduraa agarsiisu keessaa tokko kan ta'anidha. Sababiin isaas, himoota hennaa fuulduraa agarsiisan caasessuun moggaasee hennaa fuulduraati ittiin jechuun isaa agarsiistuu kanaa ta'ee jira. Kanaafuu ibsi hennaa murannaalaa hennaa fuulduraa ibsuu keessatti gocha raawwatamuuf murtaa'ee ibsuuf ola; murannaalli gocha gara fuulduraatti raawwatamuun shakkii yookaan mamii qabu ibsuuf tajaajila jechuun yaadrimee hennaa fuulduraa erga ibsee booda himoota haala kanaan caaseffaman tarreessuu qaba.

#### 4.2.9. Mala Didaaktiivii Yookiin Indaaktiiviin Hordofuun Dhiyaachuu Henna

Barumsi seerlugaa gaariin hanga danda'ametti maleenya didaaktiivii yookaan indaaktiiviin gargaaramuu qaba. Mala ittiin gargaaramnu kan murteessu, qabiyyee barnootichaa, muuxannoo barattootaa, naannoo barattoonni irraa dhufaniifi barsiisicha mataasaati (Hiikaafi Taatek 1998:180). Mala didaaktiivii keessatti barsiisaan jalqaba seera, yaaxxina afaan sanaa erga gadi fageenyaan dhiyeesseen booda fakkeenya garagaraa kana waliin deemu kenna. Sanaan booda sana bu'uura godha chuun barattoonni akka shaakalan kan taasisa (Thornbury, 2000). Seerlugni tokko wayita dhiyaatu maloota jiran keessaa kan haala qabatamaa seerlugaafi qabiyyee bakka sanatti barbaadame waliin deemu adda baasuun dhiyaata. Yaaduma kana tumsuun, seerluga barsiisuuf hanga ammaatti malli hunda caalaa gaariin kana jedhamu jiraachuu baatellee isa haala barataan keessatti barachaa jiru sana keessatti mijataa ta'etu gaariidha jechuun nidanda'ama. Haaluma kanaan haala dhiyeenya hennaalee kitaabota kanneen keessatti mala didaaktiivii ykn indaaktiiviin dhiyaachuusaanii fakkeenya adda addaa kennuun ibsi itti kennameera.

**Henna ammeenna:** “ Hennaan ammeenna gochoota armaan gadiitiin raawwataman ibsa.”

a. gochoota irra deddeebi'aman

fkn. Daraartuun yeroo hundumaa ganama ganama shayee dhugdi.

b. haala amma irra jiru ibsuuf

fkn. Ishiin gammadduudha.

**Yaadannoo :** Hennaan tarsiqaa gocha yeroo darbe keessa raawwatamaa ture tokko agarsiisa.

Fkn. Ani taphachaan ture

Inni fiigaa ture

Isaan dhufaa turan

Ani taphachaan ture

1. Yaadannoo: Murnaalli gosa henna ta'ee kan dhimma ykn gocha fulduratti raawwatamu ykn raawwatamuuf sha Waan fuulduratti hojjachuu/ raawwachuu kee shakkitu shan barreessi.

Fkn: a. Ani nan deema ta'a.

b. Inni xalayaa hiriya isaaf nibarreessa ta'a.

Fakkeenya olitti kenname akka hubachiisutti mala dhiyeenya hennaalee ilaalchisee Kitaaba Barataa Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> keessatti gooreewwan henna dhiyaatan hunduu bifa kanaan

dhiyaatan: ammeennaa, amsiqa, raawwima dabrennaafi tarsiqaan, irratti seera murtaa'aa jalqaba kaa'uun itti aansee shaakala gilgaalaa sanaan walqabatu bakkee kenne. Kutaa kana keessatti seerri hennaalee caasessuuf kenname bakka tokko tokkotti walitti bu'aa ta'us mala didaaktiivii (deductive method) hordofuun kan dhiyaatan ta'uu fakkeenyi kenname irraa hubachuun ni danda'ama.

Haata'u malee, malli hennaan kutaa 10<sup>ffaa</sup> keessatti itti dhiyaate karaa lamaani. Henna muranaafi maranaalaa mala didaktiiviin dhiyaataniiru. Warreen hafan mala indaaktiivii (indeductive method) tiin dhiyaatanii jiru. Malli indaaktiivii, barattoonni bilisa ta'uun xiinxala mataa isaanii irraa ka'anii ofiisaaniitiin akka hojjetan dandeessisa. Indaaktiiviin kitaaba barnootaa keessaatti barattoonni seera waan barataa jiraniin akka ofiisaanii bira ga'an gochuuf gaaffilee adda addaa dhiyeessuun mala dhiyaatudha. Kitaabota barattootaa kutaa kurnaffaa keessatti malli dhimma itti ba'ame irra caalaa mala kana ta'uu fakkeenya armaan gadii (fuula , 28) irraa fudhatame hubachuun nidanda'ama.

### **Gilgaala 11**

Shaakala Henna Raawwimaa fi Amsiiqaa

#### **Fakkeenya: Himoota armaan gadii mee qalbiin ilaali.**

Tulluun sirbee jira (b) Biiftuun raftee jirti.

A. Gaaffiwwan armaan gadii fakkeenya armaan oliirratti hundaa'uun deebisi.

1. Himoota armaan oliirraa maal hubatte?

B. Gaaffiwwan armaan gadii hima ijaaruun agarsiisi.

1. Guddisaan boqonnaa dura maal isin barsiise      2. Waaqumaan yoom Finfinneedhaa dhufe?

C. Himoota gaaffiwwan 'B' jala jiraniif ijaarte keessaa isa kamtu raawwima ammeennaa isa kamtu moo darbenna agarsiisa.

**Hubachiisa:** Gochi tokko yeroodhaan raawwatama. Gochi kan kanaan dura raawwatame yookiin gara fuulduraa kan raawwatamu ta'uu danda'a. Gochi kan dabre kanaan dura kan raawwatame hoggaa ta'u, dabrennan; amma kan raawwatamaa jiru hoggaa ta'u ammeennaa; gara fuulduraa kan raawwatamu hoggaa ta'ummoo duranaa jedhama.

### **Yaadannoo**

#### **HennaMurannaa**

Murannaan, henna, gocha gara fuul-duraa raawwatamuun isaa hin'oolle, garuu yeroon itti raawwatamu kan adda bahee hinbeekkamiin ibsa.



Fkn. 1. Tolashiin heerumuuf jirti.

Fakkeenya armaan olii kitaaba barnootaa keessaa fudhatame irraa mala indaaktiiviin qabiyyeen dhiyaachuu agarsiisa. Gilgaalonni askeessatti dhiyaatan hirmaannaa barattootaa baay'inaan barbaadu. Fakkeenyi hennaalee gilgaala keessatti akka shaakalan dhiyeesse. itti aansee yaadannoo hennaa dhuma immoo irratti kaa'ee jira. Hennaan murannaa garuu mala didaaktiivii hordofuun dhiyaatee jira. Faallaa kanaatiin immoo, “ hennaa raawwimaafi amsiqaa, darbennaa” jechuun fuula (28) irratti dhiyaate gilgaala dhiyeessuu qofaan dhiyaate. Kun immoo, barattoonni kanuma kutaa sagalitti barataniin kan deebisan yoo ta'e malee, maleenyi qabiyyeen kun ittiin dhiyaate ibsuun rakkisaadha.

Walumaagalatti haala qabiyyee hennaa dhiyeessuu mala didaaktiiviifi indaaktiivii kutaalee lamaan keessattuu ilaalameera. Hennaaleen kutaa 9<sup>ffaa</sup> keessatti mala didaaktiivi hordofe. kunis seerota hennaa jalqaba kennuun barattoonni fakkeenya biroo akka dhiyeessan taasise. Kutaa 10<sup>ffaa</sup> keessatti immoo lamaaniin dhiyaate. Hennaan murnaalaafi muranna didaaktiivii hordofuun dhiyaatan. Murasni immoo mala indaaktiivii hordofuun dhiyaatan. Kanaafuu, kutaa kana keessatti maloota seerlugni tokko ittiin dhiyaachuu danda'uun dhiyaateera. Ta'us, kutaa kurnaffaa keessatti malli qabiyyee kana dhiyeessuuf itti dhimma ba'e bakka tokko tokkotti karaa gilgaala shaakalchiisuuf ajaja dhiyeessuu qofaan dhiyaate keessatti hanqinni maleenya fayyadamuu ni mul'ata.

## **BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, GOOLABAAFI YABOO**

Boqonnaa kana keessatti argannoon meeshee funaansa ragaalee kitaabota barattootaa kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> keessaa argame cuunfamuun dhiyaateera. Kana malees rakkoo dhiyaannaa hennaa keessatti mul'atan adeemsa qorannichaa geggeessuu keessatti, keessa darbaman ibsuun goolabamaniiru. Dabalataanis, yaanni hanqina kitaabota kanneenii furuuf nu gargaaru jedhamanii yaadaman akka yaada furmaataatti lafa kaa'amaniiru.

### **5.1. Cuunfaa**

Kutaa kana keessatti argannoo haala dhiyaannaa hennaa kitaabota barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> bara 2005 qophaa'an sakatta'insaafi afgaafiin argaman cuunfamuun ibsamee erga dhiyaateen booda yaadni waliigalaa kennameera. Tooftaan, Shaakalli gilgaalaa hennaalee shaakalsiisuuf dhimma itti ba'ame kitaabolee lamaan keessattuu bakka tokko tokkotti rakkoo qabaachuun bira ga'ameera. Rakkooleen kunneen haaluma hayyoonni eeraniin yoo ilaalamu, (a) ajajni gilgaalaa xumurtoota gochaatti dhimma ba'uun barattoonni akka dalagan taasisuun meeshaa isa guddaa gilgaalli ittiin hojiirraa oolu akka ta'e hoyyoonni ibsaniiru. Haaluma kanaan kitaaba kutaa kurnaffaa keessatti ajajoonni gilgaala shaaklsiisuuf kennaman bakka tokko tokkotti maaliin akka hojiirra oolchan kan adda baasu miti. (b) Ajajoonni gilgaalaa barattoonni waliin akka hojjetaniif haala kan mijeessu; barattootaa kan jajjabeessu ta'uu akka qabu hayyoonni ni eeru. Gilgaalonni kutaa lamaan keessatti kennaman baay'een isaanii ajaja ifaa waarri qaban barattoota gareen hirmaachisuuf ajajni qophaa'e muraasa. (c) Karaan barattoota shaakalsiisuuf gilgaala keessatti dhimma itti ba'ame akka barreessan taasisuudha. Ta'us, waliin dubbii keessatti irra deebiin dhiyeessuun kan danda'amu ta'us, barreessuun shaakalsiisuun hennaa ammennaa, darbennaa, tarsiqaa, amsiqaa fi raawwima darbennaa' jedhu keessatti bal'inaan itti dhimma ba'ame.

Dabalataanis, malli seerluga dhiyeessuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 10<sup>ffaa</sup> hubatamaa miti. Kutaa kana keessatti hennaaleen irra caalaa gilgaala shaaklsiisuu qofaan dhiyaatan. Hennaan murannaafi muranaalaa immoo mala didaaktiiviin ibsamaniiru. Kanaafuu maleenya fayyadamuun hennaa dhiyeessuu keessatti kan kutaa kurnaffaa iddoo hundatti kan mul'atu miti.

Qabiyyeen ibsa hennaaleefi fakkeenyi isaanii kutaa sagalii gara kutaa kurnaffaatti tarkaanfachuun itti fufinsi jirachuu isaa hubatameera. Haata'u malee itti fufinsa kutaa gara kutaa

keessatti, beekumsi dabalataa yookaan dagaaginni qabiyyee sirumaa akka hinjirre adda baafameera. Kitaabolee lamaan keessattuu gooroo hennaalee hennaa ammaa [present tense]fi hennaa fuulduraa (future tense) irratti yaadannoon kenname hinjiru. Kun ibsamuu dhabuun kitaabicha keessatti ‘hennaa ammeennaa, amsiqaa, raawwima ammennaa, murnaalaafi murannaa’ jechuun kanneen akka gosa hennaa of danda’ aatti yaadannoon kennameefi jiraachuun ni mul’ata. Kanaafuu ibsi hennaa ammaa (present tense) fi hennaa fuulduraa (future tense) ibsuuf kitaabolee keessa kaa’ame, tajaajila hennalee himoota agarsiisani malee yaadannoon gooroowwan kana ibsuuf dursee kenname kan hinjirre ta’uu hubatameera. Kanaafuu, qabiyyeen gosoota hennaalee lameeniin dhiyaate salphaa irraa gara walxaxatti dhiyaatee jira jechuun kan hindanda’amne ta’uu hubatameera.

Kitaabota barataa kutaa lamaanii keessattuu, hennaa ammennaa caasessuuf, fudhataman muraasni, tajaajila hennaa gara fuulduraa kan agarsiisu ta’uun isaanii hubatameera. Kunis hennaawwan lamaan keessatti fakkeenya himootaa caaseffaman karaa dhamjechoonni isaanii adda hinbaaneen fakkeenya walfakkaataa hennaalee lamaan keessatti fudhatamee gilgaala keessatti ibsamuun isaa bira ga’ameera. Rakkoon kun dogoggora caasaa himootaa hennaa karaa adda ba’aa hintaaneen bakka tokko tokkotti dhimma itti ba’ameef shaakala gilgaalaa keessatti adda baasuun rakkisaa ta’uun hubatameera.

Qabsiisni yookaan yaadannoon kutaa salgaaffaa gosa ‘hennaa ammennaa’ irratti kenname hiika kan bal’isu dha. Kunis, hennaan ammeennaa ‘gocha amma raawwatamaa jiru, gara fuulduraatti raawwatamuuf jedhu’ jechuun hiikni isaa hennaa amsiqaa fi gara fuulduraa waliin wal dhahaa ta’uun hubatameera. Himoonni hennaa ‘raawwima ammennaafi darbennaa’ akka adda baasaniif kitaaba kutaa kurnaffaa fuula digdamii saddeet, gilgaala kudha tokko irratti kennaman, deebii qajeelcha barsiisaa keessatti kennameen yoo ilaalamu kan gargar hinbaane ta’uun hubatameera. Kun immoo unki dhamjechoota himoonni ‘raawwima ammennaa agarsiisaniifi, darbennaa’ karaa adda baasuu hindanda’amneen caaseffamanii jiraachuun hubatameera.

‘Tarsiqa’ irratti yaadannoon barattoota hubachiisuuf dhiyaateefi fakkeenya caaseffama himaa garaagara ta’uun isaa hubatameera. Kitaaba kutaa salgaaffaa fuula sagaltamii tokko gilgaala kudha tokko (A) keessatti, gocha, walitti fufinsaan raawwatamaa ture, agarsiisa jechuun erga

addeessee booda, fakkeenya himaa xumura muumme+ hundee xumura gargaartuu+ dhamjecha hennaa darbee tiin caasessee agarsiisuun hubatameera. Hennaan, kun kitaaba kutaa kurnaffaa keessatti immoo ‘raawwima darbeenna’ jechuun hima caaseffame keessatti ilaalame. Ibsi hennaa kanaaf kenname kan hayyoonni ibsaniin kan kutaa salgaffaa keessatti kenname sirrii yoo ta’u, kan kutaa kurnaffaa keessatti qaama raawwima ammenna ta’ee ilaalame immoo dogoggora ta’uun hubatameera. Akkasumas, kutaa kurnaffaa keessatti maleenyi qabiyyee dhiyeessuu bakka tokko tokkotti rakkoo qabaachuun isaa argannoon bira ga’ameera. Fakkeenyaaf, maleenyi ‘hennaa raawwimaafi amsiqaa’ dhiyeessuuf itti dhimma ba’ame murtaa’aa miti. Kitaabicha keessatti ibsa tokko iyyuu osoo hinkenniin shaakala gilgaalaa qofatti gargaaramuun isaa bira ga’ameera.

## **5.2. Goolaba**

Qorannoon xiinxala dhiyaannaa hennaa: xiyyeeffannoo qabiyyee dhiyeessuu kitaabolee barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa bara 2005 qophaa’an gara xumuraatti deemeera. Qorannoo kanaaf ka’umsa kan ta’e, rakkoolee gilgaalonni karaa ga’umsa qabuun dhiyaachuu dhabuu, maleenyi hennaan ittiin dhiyaate hanqina qabaachuu; yaadannoofi fakkeenya hennaa irratti kennaman qabatamummaafi amanamummaa dhabuun jiraachuu isaati. Kunis kitaabonni kun baruufi barsiisuu keessatti waan dhimma baasaniif, rakkoolee kitaabota kana keessatti mul’atan yaaxxinaalee jiraniin walbira qabuun qaaccessuun adda baafamanii jiru. Sababii qoratichi mataduree kanaan, irratti fuulleffateef rakkoo hanqina dhiyeessii hennaa kanaan walqabatee adeemsa baruufi barsiisuu keessatti danqaa uumuu danda’aniifi rakkoo qaban adda baasuudhaan fala kaa’uudha.

Adeemsi qorannichaas, qorannoo akkamtaan kan dhiyaatedha. Sababni isaas, qabiyyee hennaa jechaan ibsuuf malli kun filatamaa waanta’eefi. Maddi ragaa tokkoffaa kitaaba barattootaati. Qorannoo kana keessatti qorataan sakatta’iinsa kitaabotaa gadfageenyaan geggeesseera. Maddii ragaa lammaffaa barsiisota kitaabichaan barsiisani. Yaada sakatta’insa kitaabilee irraa argate gabbifachuuf, barsiisota barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa barsiisan shaniif (5) afgaaffiin dhiyaateera. Haaluma kanaan, meeshaan funaansa ragaalee qorannicha keessatti dhimma itti ba’aman sakatta’insa kitaabotaafi afgaaffiidha. Ragaaleen meeshaalee funaansa ragaa kanaan argaman, adeemsa qorannoo akkamtaan qaaceffamanii ibsamaniiru. Ragaalee

argaman irratti hundaa’uun yaadoleen argannoo hanqina qabiyyee gama gilgaala shaakalsiisuu, maleenya hennaa ittiin dhiyaate, yaadannoo kennuufi fakkeenya kennuu irratti kitaabota barattootaa kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti mul’atan cuunfamarii dhiyaataniiru.

Akka argannoon argame mul’isutti hanqinni dhiyaannaa qabiyyee hennaa gama shaakala gilgaalaa dhiyeessuutiin ni mul’ata. Keessumaa ajajoonni gilgaalaa kitaabota lamaan keessatti darbee darbee ergaa ifaa barattoonni ittiin shaakalan dabarsuu dhabuun jiraachuu isaa ragaan ni ragaalee ibsaniiru. Ajajoonni gilgaalaa barattoota dhuunfaan hojjechiisuu irratti caalaa kanxiyeeffatedha. Ta’us, tooftaa afaan barsiisuu ammayyaa keessatti hirmaannan barattoonni waliin taasisan iddoo guddaa qaba. Xumurtoonni gochaa immoo barattoonni barreessuun akka shaakalan harka caalaa xiyyeeffachuun gochaalee akka waliindubbii dagatameera. Haaluma kanaan malli seerluga dhiyeessuu kitaaba kutaa 10ffaa hubatamaa miti. kutaa kana keessatti hennaaleen irra caalaa gilgaala shaakalsiisuu qofaan dhiyaatan. Hennaan murannaafi muranaalaa immoo mala didaaktiiviin ibsamaniiru. Kanaafuu maleenya fayyadamuun hennaa dhiyeessuu keessatti kan kutaa kurnaffaa iddoo hundatti kan argamu miti.

Qabiyyeewwan dhiyaatanis kutaa gara kutaatti yeroo tarkaanfachiifaman dagaagina qabiyyee hinagarsiifne. Akkasumas, kutaalee lamaan keessattuu yaadannoofi fakkeenya hennaalee kennaman walfakkaataa miti. Kana jechuun qabatamummaan qabiyyee dhiyeessuu hanqina qaba. Fakkeenyaaf, hennaa, tarsiqaa, raawwima ammeennaa, ammennaa irratti kutaalee lamaan keessattuu kan dhiyaate kanaaf ragaa ta’eera. Walumaagalatti dhiyaannaa qabiyyee hennaa dhiyeessuu kitaabota barattootaa Afaan Oromoo kutaalee 9ffaa fi 10ffaa keessatti rakkooleen garaagaraa akka mul’atan qaaccessa odeeffannoo argamerraa hubachuun danda’ameera. Haaluma kanaan adeemsa qorannichaa gara goolabaatti fiduuf, yaadolee cuunfaa qorannichaa irraa ka’uun yaboon akka itti aanutti kennameera.

### **5.3. Yaaboo**

Kutaa kana keessatti immoo yaadolee argannoo cuunfaa keessatti dhiyaateefi goolaba keessatti ibsamanirratti hundaa’uun yaadoleen furmaataa kennamani. Haala qabiyyee hennaa dhiyeessuu kitaabota iddattoo ta’anii kunneen rakkoon keessatti mul’atee, adeemsa baruufi barsiisuu keessatti dhiibbaa kan qaban ta’uun bira ga’ame. Kana irraa ka’uun, haalli qabiyyee hennaa

dhiyeessuu maal ta'uu akka qabu yaada furmaataa kan ta'utu dhiyaate. Haaluma kanaan yaanni furmaataa qorannichaa akka armaan gadiitti lafa kaa'amee jira.

- ❖ Tooftaan, Shaakalli gilgaalaa hennaalee shaakalsiisuuf dhimma itti ba'ame kitaabolee lamaan keessattuu bakka tokko tokkotti rakkoo waan qabuuf sirreeffamuu qaba. [a] ajajni gilgaalaa xumurtoota gochaatti dhimma ba'uun barattoonni akka dalagan taasisuu dhiyeessuuf qophii kitaabaa itti aanu keessatti yaada keessa galuu qaba. ibsoonni ajaja gooroon kaa'aman karaa barattoota shaakalsiisuu danda'uun yaada gooreen ajajni kennamee qophaa'uu qaba. [b] Gilgaalli barattoonni waliin akka hojjetaniif waliin hojjechuu barattootaa kan jajjabeessu ta'uu akka qabu hayyoonni ni eeru. Gilgaalonni kutaa lamaan keessatti kennaman baay'een isaanii ajaja ifaa waarri qaban barattoota gareen hirmaachisuuf ajajni qophaa'e muraasa waan ta'eef ajajoonni hirmaachisaa ta'an itti dabalamuun dhuyaachuu qabu. [c] karaan barattoota shaakalsiisuuf gilgaala keessatti dhimma itti ba'ame irra jireessa keessumaa kutaa kurnaffaa keessatti tooftaa dhuunfaan barreessanii akka dhiyeessan ta'uun dhiyaate. Kun immoo shaakala kallattii tokko qofa hordofu waan ta'eef, bifa biraan waliin dubbiidhaan akka shaakalan taasisuun hennaadhuma tokko karaa adda addaa akka shaakalan taasisuun dhiyeessuu qaba.
- ❖ Qabiyyeen ibsa hennaaleefi fakkeenya kennuun kutaa sagalii gara kutaa kurnaffaatti tarkaanfachuun itti fufinsi jirachuu isaa hubatameera. Haata'u malee itti fufinsa kutaa gara kutaa keessatti, beekumsi dabalataa yookaan dagaaginni qabiyyee waan hinjirreef beekumsi dabalataa mirkanaa'uu qaba. Sababni isaas, ibsiifi fakkeenyi kutaa olii keessatti kenname bakka tokko tokkotti kan walfakkatu miti. Kanaafuu, ulfaatinni qabiyyee dhiyeessuu isa kutaa gadiirra dhaabachuu beekumsa ijaaree dhiyeessuu qaba.
- ❖ Kitaabolee lamaan keessattuu gooroo hennaalee hennaa ammaa (peresent tense)fi hennaa fuulduraa [future tense] irratti yaadannoon kenname hinjiru. Kun ibsamuu dhabuun kitaabicha keessatti 'hennaa ammeennaa, amsiqaa, raawwima ammennaa, murnaalaafi murannaa' jechuun kanneen akka gosa hennaa of danda'aatti yaadannoon kennameefi jira. Kun immoo qabiyyeen dhiyaatu barattootaaf salphaa irraa gara walxaxaatti dhiyaachuurra. kallattiidhumaan gooree irraa waan ka'eef iftoomina irratti dhiibbaa qaba. Kanaafuu yaadannoon hennaalee 'ammaafi fuulduraa' jedhu irratti kennamuun kanneen jalatti ibsaman tajaajila kanaaf kan oolan jechuudhaan karaa adda ba'aa ta'een sirriitti ibsamee dhiyaachuu qaba. dabalataan immoo shaakalli gilgaalaa gooreewwan ibsaman jalatti kenname

barattootaaf akka hubatamuuf hennaleen kunneen kan kutaa lamaanii keessattuu jalqaba gilgaalaa irratti dhiyaachuu qabu.

- ❖ Kitaabolee barataa kutaa lamaanii keessattuu, hennaa ammenna caasessuuf, fudhataman muraasni, tajaajila hennaa gara fuulduraa kan agarsiisu ta'uun isaanii hubatameera. Kunis hennaawwan lamaan keessatti fakkeenya himootaa caaseffaman karaa dhamjechoonni isaanii adda hinbaaneen fakkeenya walfakkaataa hennaalee lamaan keessatti fudhatamee gilgaala keessatti ibsamuun isaa bira ga'ameera. Rakkoon kun dogoggora caasaa himootaa hennaa karaa adda ba'aa hintaaneen bakka tokko tokkotti dhimma itti ba'ameef shaakala gilgaalaa keessatti adda baasuun rakkisaa waan ta'eef agarsiistonni jechootaa kan yeroo amma agrsiisan waliin caaseffamuun dhiyaachuu qabu.
- ❖ Qabsiisni yookaan yaadannoon kutaa salgaffaa gosa 'hennaa ammenna' irratti kenname hiika kan bal'isudha. Kunis, hennaan ammeenna 'gocha amma raawwatamaa jiru, gara fuulduraatti raawwatamuuf jedhu' jechuun hiikni isaa hennaa gara fuulduraa waliin waldhahaa ta'uun hubatameera. Kanaafuu yaadannoon hennaa kanaaf kenname yeroo ammaa jechuun daangessee dhiyeessuu qaba.
- ❖ Himoonni hennaa 'raawwima ammennaafi darbenna' akka adda baasaniif kitaaba kutaa kurnaffaa fuula digdamii saddeet, gilgaala kudha tokko irratti kennaman, deebii qajeelcha barsiisaa keessatti kennameen yoo ilaalamu kan gargar hinbaane ta'uun hubatameera. Kun immoo unki dhamjechootaa himoonni 'raawwima ammenna agarsiisaniifi, darbenna' agarsiisan haala walfakkaatuun caaseffamuun isaanii hubatameera. Kanaafuu darbeennaafi raawwima ammeenna jalatti kan caaseffaman unka dhamjechaatiin gargar baafamanii ilaalamuun fakkeenya biraan ibsamuu qabu.
- ❖ 'Tarsiqa' irratti yaadannoon barattoota hubachiisuuf dhiyaateefi fakkeenya caaseffama himaa garaagara ta'uun isaa hubatameera. Kitaaba kutaa salgaffaa fuula sagaltamii tokko gilgaala kudha took [A] keessatti, gocha, walitti fufinsaan raawwatame, agarsiisa jechuun erga addeessee booda, fakkeenya himaa (xumura muummee+ hundee xumura gargaartuu+ dhamjecha hennaa darbee) tiin caasessee agarsiisuun hubatameera. Hennaan, kun kitaaba kurnaffaa ke essatti immoo 'raawwima darbeenna' jechuun hima caaseffame keessatti ilaalame. Hiiknii fakkeenya kenname kan kutaa salgaffaa kan hayyoonni kennaniin tokko waan ta'eef haluma sanaan dhiyaachuu qaba.

- ❖ Kutaa kurnaffaa keessatti maleenyi qabiyyee dhiyeessuu bakka tokko tokkotti rakkoo qabaachuun isaa argannoon bira ga'ameera. Fakkeenyaaf, maleenyi 'hennaa raawwimaafi amsiqaa' dhiyeessuuf itti dhimma ba'ame murtaa'aa miti. Kitaabicha keessatti ibsa tokko iyyuu osoo hinkenniin shaakala gilgaalaa qofatti gargaarame. Kanaafuu maleenya tokko fudhachuun dhiyaannaa qabiyyee karaa guutuu ta'een dhiyeessuun qophii kitaabaa itti aanu keessatti irratti xiyyeeffatamuu qaba.

Walumaagala, xiinxala Kitaabota Barattoota Afaan Oromoo kutaalee 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> Bara 2005 qophaa'an irratti yaanni furmaataa kennameera. Haala dhiyaannaa qabiyyee hennaarratti akaakuuwwan henna iftoominni himoota tajaajila hennaalee agarsiisuuf caaseffamanii, gosoota gilgaalaa, maleenya qabiyyee dhiyeessuu, dagaaginaafi walitti fufinsa qabiyyee, tooftaa gilgaala dhiyeessuu, qabiyyeen hennaalee dhiyaatan hanqina qabaachuu argannoo argameefi yaada furmaataa kanaa olitti kennameeraa hubachuun nidanda'ama. Kanaafuu, barsiisonni Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa Sulultaa kutaa 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> Afaan Oromoo barsiisan bu'aa qorannoo kanaarratti hundaa'anii qabiyyee hennaa barsiisuu qabu. Dogoggora jirus hubachiisuudhaan barattoota gargaaruu qabu. Kanaan alas, qopheessitoonni kitaaba barnootaa kitaabaa barnootaa fooyyessuu keessatti, qorannoo kanatti dhimma yoo ba'an bu'aan argamu ol aanaadha kan jedhu yaada waliigalaa qoratichaati.



## **Wabiilee**

- Abarraafi kaawwan.(1995).*Caasluga Afaan Oromoo*. (Max.1<sup>ffaa</sup>) Jildii 1. Addis Ababa: Branna.
- Abarraafi kaawwan.(1998). *Caasluga Afaan Oromoo*.(Max.3<sup>ffaa</sup>) Jildii 1. Addis Ababa: Branna.
- Addunyaa Barkeessaa. (2010). *NATOO:Yaadrimaa Caasluga Afaan Oromoo.Finfinnee: Maga Printing Press*.
- Abdulsamad Mohaammad. (1994). *Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Bole p.Enterprse.
- Addunyaa Barkeessaa.. (2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo*. Finfinnee: Far East Trading plc.
- Allwright.R.L.(1990). *What Do We Want Teaching Materials For Currents In Language Teachin.*,Oxford: Oxford University Press.
- Aronnof, M. (1976). *Word Formation in Generative Grammar*. Linguistic In quary Monogaphy Cambridge, Mass: MIT Press
- Asaayyee Baqqalaa. (2007). *Argamisaafi Itti Fayyadaminsa Sagantaa Barnoota Afaan Oromoo Raadiyyoorraa*:Kutaa 1-4 Irratti Kan Xiyyeeffate.Qorannoo Eebba Boodaa yuunivarsiitii Finfinnee. (Kan Hinmaxxaffamne).
- Atkins J. etal. (1995). *Skill Development Methodology (Part-I)*. Addis Ababa: Addis Ababa printing Press.
- Batstone,R.(1994).*Grammar*.Oxford:Oxford University Press.
- Beekamaa Likkaasaa.(1996). *Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Artistik.
- Beetel Malkaamuu. (2010). Xiinxala dhihaannaa caaslugaa ija walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyeetiin Kitaaba Barattootaa Afaan Oromoo Kutaa 9fi 10. Finfinnee:(Waraqaa qorannoo MA: Kan Hin Maxxanfamne).
- Berg,B.(2001). *Qualitative Reseach Methods for the Social Sciences*. Califirnia state University: Long Beach.
- Brown Douglas.(2000).*Teaching By Principles. An Interactive Approach To Language Pedagogy* Second Edition Longman.
- Brumfit C.J.fi R.A. Carter. (1996). *Literature in Language Teaching*. London: Oxford University Press.
- Cook, G (2003). *Applied Lingustics*.Oxford:Oxford University Press.
- Creswell, J. W. (2007). *Qualitative Inquiry and Research Design* .(2<sup>nd</sup>ed.).sag publication icon.

- Cunning Worth,A.(1984). *Evaluating and Selecting EFL Teaching Materials*. UK: Athenaeum Press Ltd.
- Dahl, Ö. 1985. *Tense and Aspect System*. Oxford: Basil Black Well.
- Dastaa Dassaaleny. (2013). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Far East Trading Plc.Enterprise.
- Dirribaa Dabalee. (2008). *Xiinxala Qabiyyee Caaslugaa Kitaaba Barataa Kutaa 11fi 12:Walitti Fufinsaafi Dagaagina Irratti Xiyyeeffachuun*. Finfinnee:(Waraqaa Qorannoo MA: Kan Hin Maxxanfamne).
- Dublin, F. and Olishtain, E.(1986).*Course Design: Developing ProgramsAnd Materials For Language Learning*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Ellis, R. (2003). *Task-based Language Learning and Teaching*. Oxford: Oxford University Press.
- Filee Jaalataa. (2015). *Seerluga Oromoo*. (Max.1<sup>ffaa</sup>). Finfinnee: Mana Maxxansaa Raajii.
- Geetaachoo Rabbirraa.(2009).*Furtuu*.(Max.7<sup>ffaa</sup>).Addis Ababa: Kuraz International Publishing Enterprise.
- Freeman, L. (2000). *Techniques and Principles in Language Teaching*. United Kingdam: Oxford University Press.
- FRDI-tti Ministeera Barnootaa.(2005). *Kitaaba Barataa Barattoota Afaan Oromoo Kutaa 9<sup>ffaafi</sup>*  
Kampaalaa: MK Publishers LTD.
- FRDI-tti Ministeera Barnootaa.(2005). *Kitaaba Barataa Barattoota Afaan Oromoo Kutaa 10<sup>ffaa</sup>* .  
Kampaalaa: MK Publishers LTD.
- Greenbaum,S.(1988). *Good English and the Grammarian*.Hong Kong:Longman Group Ltd.
- Haregewain Abate (2008). *The Effect of Communicative Grammar on the Grammatical m Accuracy of Students' Academic Writing: An Integrated Approach to TEFL* (Unpublished PhD dissertation).Addis Ababa: AAU.
- Halliday. M,A,K.(1994).*An Introduction to Functional Grammar (2<sup>nd</sup> Ed)*. New York:Edward Arnold
- Harmer, J. (1987). *Teaching and Learning Grammar*. UK: Longman York press.
- Harmer, J. (1991). *The Practice of English Language Teaching*.London: Longman Group Ltd Publishing.
- Harmer, J. (1995). *The practice of English Language Teaching*.London:Longman Group Ltd.
- Heinich, R. (1989). *Instructional Media*. New York: Macmillan Publishing Company.

- Heinich, R. (1993). *Instructional Design Models*. New York: Macmillan Publishing Company.
- Hiikaa Faqqedeefi Taatek kabbadaa.(1998). *Maleenya Afaan Lammaffaa Barsiisuu*. Moojulii Hinmaxxanfamme. Yuniarsiitii Jimmaa
- Hockett, C.F. (1970). *A course in Modern Linguistics*. USA: The Macmillan Press Ltd.
- Kumar, R. (1996). *Research Methodology: A Step-by-Step Guide for Beginner*. London: Addison Wesley Longman.
- Margaa Hinkoosaa. (2009). *Sakatta'a caasaa hennaa Caaslugaa Kitaaba Barataa Kutaa 11fi 12*. Finfinnee: (Waraqaa Qorannoo MA Kan Hin Maxxanfamme).
- Martinet, V. and Thomson, J. (1990). *A Practical English Grammar* (Fourth Edition). New York: Oxford University press.
- Martinet, V. and Thomson, J. (1986). *A Practical English Grammar* (Fourth Edition). New York: Oxford University press.
- Maslov, J.S. (1988). Resultative, Perfect, and Aspect. In: Nedjalkov, V. (ed.): *Typology of resultative constructions*. Amsterdam, Philadelphia: John Benjamins Publishing company.
- Mc Donough, J. et.al. (1993). *Materials and English Language Teaching*. Oxford: Blackwell published Ltd.
- Mitikkuu Dibbeessaafi Tashoomaa Egeree. (1992). *Seerluga Afaan Oromoo*. OrLa114, (H.2<sup>ffaa</sup>) Barnoota Fagoo. Dhaabata Mala Qunnamtii Giddu-galeessaa. Ministeera Barnootaa.
- Murphy, R. (1994): *Intermediate English Grammar: reference and practice*
- Nabiyyuu Dhibbisaa. (2017). *Xiinxala Ga'umsa Qabiyyee Gilgaalota Kitaaba Barnootaa Afaan Oromoo Kutaa 4ffaa*. Finfinnee: (Waraqaa Qorannoo MA Kan Hin Maxxanfamme).
- Negussie Abebe.(2002). *English Notes with Revision Exercises and Punctuation* (5<sup>th</sup> Edition). Addis Ababa: Commercial P.E.
- Nunan, D.(1989). *Designing Task for Communicative Classroom*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Palmer, F. (1971). *Grammar*. Great Britain: The English Language Book Society and Penguin books.
- Rabbirraa Tarraffaa. (2009). *Gadaa: Caas-luga Afaan Oromoo Kutaa 9 fi 10*. Finfinnee.
- Richards and Rogers.(2001). *Approaches and Methods in Language Teaching*. Cambridge University Press.
- Richard and Renandya.(2002). *Methodology in Language Teaching*. Cambridge: University press

- Slobin, B. (1978). *Cognitive Prerequisites for the Dev't of Grammar*. New York: Wiley.
- Stern, H. (1992). *Issues And Options In Language Teaching*. Oxford: Oxford Univesity Press.  
Publishing and Distribution Pvt.Ltd.Co.
- Sukkaaree Baqqalaa.(2005). Xiinxala dhiyaannaa dhamjechoota kitaabolee barataa kutaa 9<sup>ffaa</sup>  
fi 10<sup>ffaa</sup>. Finfinnee: (Waraqaa Qorannoo MA: Kan Hin Maxxanfamne).
- Swan,M.(1994).”*DesignCriteria For Pedagogic Language Rules.*” In Bygate,M.Tonkyon, A.and  
Wiliams,E.(eds): *Grammar and Language Teacher*.Cambridge: Cambridge University  
Press.
- Takele Legesse.(2008). *Extreme Series English Grade 5-8*. Addis Abeba: Mega Publishing and  
Distribution Pvt.Ltd.Co.
- Tashoomaa Balaay. (1998). “*Mala Afaan Barsiisuu.*” Yuunivarsiitii Jimmaa. Kan hinmaxxanne.
- Ur, P.(1996). *A Course in Language Teaching*.Cambridge: Cambridge University Press.
- Wilkins,D.A. (1980). *Linguistics in Language Teaching*. London: Edward Amold Ltd.
- Zoltan D. (2007). *Research Method in Applied Linguistics. Quantitative, Qualitative and Mixed  
Methodologies*. Oxford: Oxford University Press.

## **Dabaleewwan**

### **Dabalee A**

#### **AFGAAFFII BARSIIISOTAA**

##### **YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

###### **KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIISIMIIFI**

###### **QUNNAMTIIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII FOOKLOORII.**

Xiinxala dhiyaanna hennaa: xiyyeeffannoo qabiyyee dhiyeessuu Kitaabota Barattootaa Afaan Oromoo Kutaalee 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> Bara 2005 Qophaa'an Ilaalchisuun Qorataan Taasise Gabbisuuf Afgaaffii Barsiisotaaf dhiyaate.

**Gaaffilee armaan gaditti siif dhiyaatan hennaalee kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa irratti hundaa'uu afaaniin deebii kenni.**

1. Gahumsa gilgaalaa hennaa dhiyeessuu kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa salgaffaafi kurnaffaa akkamiin ibsitu?
2. Gahumsa dagaaginaafi itti fufinsa qabiyyee hennaa dhiyeessuu kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa salgaffaafi kurnaffaa maal fakkaata? yaada keessan naaf naaf ibsaa.
3. Unki dhamjechoota hennaa kitaabolee Afaan Oromoo kutaa sagaliifi kudhanii keessatti haala kamiin dhiyaate?
4. Yaadannoon hennaa iftoominni isaa maal fakkaata?
5. Qabiyyeewwan caasaalee himoota hennaa iftoominni isaanii maal fakkaata?
6. Hennaa ammeennaa kitaabichi keessatti haala kamiin ilaaltu?
7. Gosti hennaa darbee kitaabolee Afaan Oromoo kutaa sagaliifi kudhanii keessatti haala kamiin dhiyaate?
8. Gosti hennaa fuulduraa kitaabolee Afaan Oromoo kutaa sagaliifi kudhanii keessatti haala kamiin dhiyaate?

## **Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif hin dhiyaanne ta'uu isaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hundaa haala seera qabeessaan wabii keessa galchuu koo nan mirkaneessa.

Maqaa \_\_\_\_\_

Mallattoo \_\_\_\_\_

Guyyaa \_\_\_\_\_

Ani gorsaan barataa Guddinaa Asaffaa Cimditiin Waraqaan Qorannoo isaa ofittisuuf (denfence) dhiyaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneessera.

Maqaa gorsaa \_\_\_\_\_

Mallattoo \_\_\_\_\_

Guyyaa \_\_\_\_\_